مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني- إثيوبيا

# نحو التجديد والإجتهاد
## د. طه جابر العلواني

# Gama Taattaafannaa fi Haaromsaatti Tarkaanfachu


**Qopheessaan:**

*Dr. xaaha Jaabir Al- Alwaanii*



**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# نحو التجديد والإجتهاد

## د. طه جابر العلواني

# Gama Taattaafannaa fi Haaromsaatti Tarkaanfachu


## Qopheessaan:
## Dr. xaaha Jaabir Al- Alwaanii



**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/45**

## *Baafata*

**Matadureewwan** **fuula**

Baafata---------------------------------------------------------------2
Seensa----------------------------------------------------------------5
Dubbii hafuu hin qabne-------------------------------------------.-8
wantota shari'aai slaamaa adda godhan----------------------------16
Sababa akka hiikkaa afaaniitti -------------------------------------23
Sababa akka hiika shari'aatti akka seera damee
barnootaatti -------------------------------------------------------24
Waldhabbii sababa keessa jiru -------------------------------------26
Sababa ilaalchisee mazhaboota gurguddaa
akka walii galaatti ------------------------------------------------27
Mazhaba (karaa ilaalcha) al-Mu'tazilaa:----------------------- 27
Mazhaba al-Ashaa'iraa:------------------------------------------ 27
Mazhaba al-Maatridiyyaa: --------------------------------------31
Mazhaba al-Hanaabilaa:------------------------------------------ 32
Cuunfaa mazhaabotaa waa'ee sababaa ilaalchisee-------------- 38
Hubannoo kaayyoowwanii fi karaa (tooftaa isaa)----------------41
Kaayyolee fi hubannoo isaa kan duraa duubaa ,
Karaa isaa ----------------------------------------------------------42
Hubannoo Kaayyolee, walduraa duubaa fi sababoota
isaa ijaaruu keessatti booda aanuu ---------------------------------44
Ibsa karaa ---------------------------------------------------------45
Barnoota hubannoo kaayyolee fi wal-duraa duuba
dagachuun hir'ina inni fiduu ---------------------------------------48
Gara kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu
Kan walii galaa,gadi dhiifamtuu(kan hin daangefamne)fi
muramtuu ----------------------------------------------------------52

kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi hariiroo
jidduu Qur'aanaa fi sunnaa( hadiisaa) ---------------------------54
Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
ergaawwan nabiyyootaa ------------------------------------------56
Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
murteewwan gartokkee lakkaa'uu---------------------------------57
Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
sonoota seeraa ----------------------------------------------------58
Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu fi fiqhi(hubannii) keenya
Kan islaamummaatiif of haaromsuun mijataa ta'uu-------------58
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu haarumsaa fi tattaaffi ---------59
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi miira waa qabuu
(yaada nama harkatti qabuu)beektota biratti ijaaruu-------------59
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi waan
shari'aan ittiin adda taatu akka karaatti hojjachiisuu-------------60
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi hojii ilma nama -------------61
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi qabatama jiru ----------------63
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi ilaalcha beekumsaa ---------64
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
karaa beekumsaa ------------------------------------------------68
Karaa beekumsaa dirqama ta'uu fi Qur'aanni isa
dhugoomsuun dirqama ta'uu -------------------------------------72
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi yeroo
dhaabbannafi citiinsa isii -----------------------------------------74
Kaayyolee Qur'aanaa akka itti seerawwan
kophxeeffamtuu kan walii galaa keessaa baasan ----------------77
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
daangaa tooftaalee gaarii -----------------------------------------79

Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu Murteessituun
ummata deebisanii ijaaruudhaaf wabiidha -------------------------81
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
garee ummataa ----------------------------------------------------84
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi
dhaloonni adda bahuu ---------------------------------------------85
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu ,Murteessituu fi ergaa
islaama irra deebi'anii bocuu -------------------------------------89
Kaayyolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi adeemsa fatwaa
ammayyaa sirreessuu ----------------------------------------------90
Jiduu kaayyolee Qur'aanaa fi kaayyolee shari'aa warra
usulaa biratti -------------------------------------------------------93
Kaayyolee shari'aa,ilaalcha murtii shari'aa fi dirqamaa---------95
Maaliif ergaa n kaayyoo Qur'aanaa ergaa dirqamaa
irra caale ---------------------------------------------------------104
Ergaan kaayyolee fi qindoominni aadaa
wal-keessa seenuu ---------------------------------------------107
Ergaa kaayyolee fi dhugaa hojii ilma namaa -------------------108
Hojiin kun kan beektonni bakka saditti qoodaniidha ----------110
Hamilee fi bakka isiin hojii namaa keessatti qabduu-----------113
Ergaa kaayyolee fi kallatii ibaadaa -------------------------------114
Xumura -----------------------------------------------------------118

## Seensa

Faaruun kan Rabbiiti, isa faarsina, isaan of gargaarsifanna, dhiifama isa irra barbaanna, hamtuu lubbuu keenyaa fi badduu hojii keenyaa irraa isatti maganfanna. Nama Rabbiin qajeelche namni jal'isu hin jiru, nama Rabbiin jal'ise aanaa isa qajeelchu isaaf hin agartu. *Rahmataa* (gara laafina) fi nageenya caalaa keenya Muhammad, maatii isaanii, waahillan isaanii fi nama hanga guyyaa qiyaamaatti isaan hordofe, karaa isaanii deeme irra haa jiraatu.

**Eeganaa**: qorannoo gabaabaa "Xiinxala kaayyoowwanii sababa Qur'aanaa irraa gara kaayyoolee Qur'aanaa ol'aantuu fi murteessituutti" jedhee moggaase kana fuuldura dubbistoota kabajamoo kaa'uun na gammachiisa. Qorannichi kun ijoo kaayyolee irratti xiyyeeffata. Garuu akka duraan baratame "**Kaayyolee shari'aa"** isa jedhu irra hin deemne. Kunis moggaalee xiqqoo qorannoo kana keessatti ilaalamu godhuu waanan yaaleefi.

Dursa moggaalee Sanaa keessaa "Sababaa" qorattoonni baay'een qorannoo kaayyolee osoo hin ta'in qorannoo tilmaama (*Qiyaasaa)* keessatti xuquuf barreessan faatu argama. Akkasumas *al-Awlawiyyaat* (duraa duuba/kan dursi kennamuuf), kan qorattoonnii booda keessa waa'ee isaatti yaadda'uu eegalanii fi of-danda'ummaa kennuufii eegalan faatu jalqaba isii keessatti argama.Waan jarri kun lamaan "Xiinxala kaayyoolee"tti hidhata qabanuuf, waan lachuu "Kaayyoowwan, baniinsaa fi jalqaba kaayyolee" jala galanuuf qorannoo kana keessatti gabaabsinee ilaaluu yaalle.

Kana irraa ka’uudhaan gara karaa hojii qorannoo murteessuu deemne. Kunis dhuma irratti gara “Kaayyoolee Qur’aanaa ol’aantuu fi murteessituu”tti gahuufi. Kanatu kaayyoo qorannoo kanaa isa bu'uuraati.

“Kaayyoolee Qur’aanaa ol’aantuu fi murteessituu”n-akkuma sichi qorannoo kana keessatti fedhii Rabbiitiin bareedina isii bu’uuraa ibsuuf deemnu, isiin kaayyolee murteessituu irra guddaan kaayyolee *shari’aa* fi kaayyoleen *mukallaftootaa* (warra dirqama amantii fudhatee) jala isii seenudha. Kunis *daruuriyyaati al-Kamsi* (dirqamoota shanan), *haajiyyataa* (waan namni jiruu guyyaatiif itti dhimmu) fi *tahsiiniyyaata* (wantoota jiruu bareechan) of keessatti qabateeti.

Kaayyoleen murteessituun kun yoo Rabbiin guddatee ol-ta’e fedhe ibsa gadi fagoo ibsamuu qabu ibsuu, seera isiitii fi karaa ittiin hojii irra oolchan, hojjachuu isii bu’uuressuu, karaa yeroo taateen tokko taate hojjachiisan ibsuun nuuf fedhe karaa haaromsaa fi meeshaa qabsoo, *fiqhii* (beekumsa seera Islaamaa) Qur’aanaa kan nabiyyii isaa, kan taatee haaraa addunyaa kanaa furuuf dandeettii qabu, kana ijaaruu keessatti shoora guddaa sichi taphata. Addunyaan keenya kun dhimma haaraa fi gaafii irraa maddisiisuu irraa hin dhaabbatu. Sana keessaa gaaffileen *fiqhii* isa tokko. Akkuma Kaayyoolee Qur’aanaa ol’aantuu fi murteessituu taatehubachuu fi dameelee (dirree) *fatwa* (murtii)dhimmoota haaraa kan ummata dura keenyaa keessatti hin dabarre keessatti hojii irra oolchuun dhimma akkaan barbaachisaadha.

*Fatwaa* seera dhabeessa (laaqamaa) namoota hedduu akka dhama’iinsa jalatti kufan isaan taasise. Hojii tattaaffii warra

barnoota *naqlii* (kan nama irraa fudhatamuu), barnoota namummaa, hawaasummaa, amalaa, dameelee fi barnoota biraa jidduuttii qirca/qooddannaa taate.

Aguuggiin *(cover)* yabbuun kan akka aadaatti dhimma *fiqhii* fi seeraatti marsu ni fagaata. Hanga tokko kutannoon akka daangeffamtu taasisa. Keessattuu dhimma qabxiilee murtawaa/damee keessatti.

Yoo jidduun isii fi jidduun dhimmoota *fiqhii*, gaaffii fi *fatwaa* (murtii kennuu) murannoo (kophaa deemuu) isaa ni laaffisti, fedhii Rabbiitiin gara damee/dirree namummaatti isa dhiheessiti, maddeen *fatwaa* fi karaa ittiin babal'isiins taateewwan haaraa of-keessatti qabachuu isii dandeessisu kennitiif. Ennaa sana jecha "*Fiqhiin*/hubannoon Islaamaa toluu (haaromuu)" jedhu jabeessiti. Seera isii bu'uuraa, ka'umsa isaa fi bu'uura isaatiin, bakkaa fi yeroo hundaafi. Jecha haqa qunnamu, ilaalcha sirrii fi karaa irra qajeeltuutti nu qajeelchuu Rabbiin kadhanna. Haqa qunnamuun Rabbuma irraayyi. Rabbiin Qulqullaa'e, ol-ta'e.

**Abuu Ahmad**
**Xahaa Jaabir al-Alwaaniitu barreesse**.

## Yaadabira darbamuu hin qabne

Dhuma seensa kanaatti dhimma eenyutu jalqaba “Kaayyolee shari’aa” eegale jedhu, kan wal-mormiin isaa hanga ammaatti hin dhaabbanne irratti waa dubbachuun dirqama narratti ta’a. Deebiin barreessitootaa kaayyolee fi abbootiin seenaa mata duree kana irratti wal-dhabbii jabaa wal-dhaban.

As irratti wanti an jechuu barbaadu: ‘xiinxalli kaayyolee, xiinxala beekaa/hubataa tokka kan sababaa *shaari’ee* (abbaan seera karaa godhee) murtiiwwan garaa garaa kan inni karaa godhe, jiruu addunyaa fi aakiraa keessatti faa’idaa gabrootaatti hidhe nama ilaalee irraa fagaata jechuun yoo kan hin danda’amne ta’uu baatellee kan ulfaatudha. Kanaaf namni *fiqhii* warra kallattiidhaan ergaa Islaamaa fudhatani: sahaabota warra ergamaa Rabbii irraa Qur’aana kabajamaa fudhatanii ilaale dhimmi kun hubannoo isaan Qur’aanaa fi hadiisa hubatan keessatti faffaca’ee argamuu hubata.

Kunis kan ta’e osoo *ilmal-kalaam* (*falaasama dubbii*) hin mul’atinii fi mormiin “*Gaayyaa* (kaayyoo), *gaa’iyyaatii* (kaayyoleetii) fi *garada* (faaydaa)” irratti hin baay’atin fi osoo namni gariin “Gaayaa jechuun waan hin danda’mne” osoo hin jedhin dura. Kun immoo waan kaayyoon sammuu keessatti walitti hidhata qabuufi, isiin waan uumamni itti dhimmuu fi uumaan irraa qulqullaa’udha. Uumamni hir’uu waan ta’eef waan hamiluun/barbaaduun hir’ina isaa guuttata, uumaan (Rabbi) immoo ibsa kuutuu hundaan ibsama, ibsa hir’uu hunda irraa qulqulleeffama, kaayyoo fi faaydaatti hin dhimmu. Sana keessaa wanti tokkollee gara isaatti hin hirkifamu. Falmiin dubbii kun

qorannoo “Kaayyoo shaari’ee (abbaa amantii karaa godhee)” kan miidhaan isaa hin mormamnee uumee jira.

Qorattoonni hedduun jidduu “Xiinxala kaayyoo” fi jidduu maqaa beektota gurguddaa garii walitti hidhe. Dura warra kaayyoleen maqaa jaraatiin walitti hidhamteetti Imaam al-Shaaxibiitu jiru (790H). Akka kiyyatti ilaalchi “Xiinaxala Kaayyolee”hanga bara sanaatti booda aanuun ilaalcha qaba (naaf hin fudhatamu). Kunis waan akkana jechuun dhaloonni duraanii caccaaltuun sun, qabsaa’onni isii seerri Qur’aanaa kun beekumsa/ogummaa irratti dhaabbatte, tapha irraa qulqulloofte, badii irraa bilisa taate yookii dhimmi kun jidduu jaraatti waliif galamaa miti jechuu waan kennuufi.

Garuu nu biratti sadarkaa gara nama dhuunfaatti hirkisuuf bololuun seenaa beekumsaa irratti dhiibbaa fidee jira. Kanaaf gadi fageenya barbaachisaa ta’een dagaagina isii hordofuu qorattoota irraa argatte. Kanaaf dameewwan barnoota garaa garaa irratti eenyutu dura jalqabe jechuu irratti wal-falmii jabaa jidduu barreessitoota Muslimootaatti agarra.

Kanas *Usuula Fiqhii* keessatti agarta: *Shaafi’iyyaan* (warri mazhaba/karaa Imaam Ashaafi’ii hordofan) namni dura Usuula Fiqhii walitti qabe, mata dureewwan isaa qindeesse, qorattootaaf karaa mijjeesse Shaafi’iidha jedhu; gama biraatiin immoo *Hanafiyyaan* (warri mazhaba/karaa Imaam Abuu Haniifaa hordofan) immoo Abaa Yuusufitu dura waan kana hojjate yaada jedhuun jara harkatti qabu. Shii’aan immoo Imaam al-Baaqirtu hojjate jechuudhaan hunda harkatti qabu. Akkasumaan itti fufa.

Barnoonni ennaa uumamtu haala isiidhaaf mijjatuu fi manneen barumsaa isii bilcheessituu fi dagaagsitu keessatti uumamti.

Sonoowwanii fi heerri bu'uuraa damee barnoota tokkoo jaarraa tokko mul'atee eeganaa qorannoon ni laafa, yookii sababa wahiitiif ni dadhaba (ni dhaabbata), eeganaa jaarraa itti aanu keessa beektonni itti deebi'uudhaan qorannoo isaa bifa haarayaan itti fufa.

"Gosa/hundee xiinxalaa (Yaadaa)" qorachuun qorannoo hedduu keessatti "Gosoota namootaa fi balbalaa"tti hidhaa ta'ee jira. Xiinxalti sadarkaa ulfaatti (yeroo reef eegaltu) bal'ina hunda hin qabaattu. Sadarkaa uumamtee, damee baastee xiinxala of-dandeessee dhaabbattee arrabaa fi qalamni beektotaa isii argatu geessuu fi marii isaanii argattu keessa dabarti. Namni gariin sadarkaa/galata hundeessuu barnoota tokkoo ykn damee tokkoo ykn qabxii tokkoo nama dursee barreesseef kenna. Garuu kan isaaf malu kabajaa/galata walitti qabuu fi barreessuuti malee kan hundeessuu miti ture. Jarri kun lameen osoo tattaaffiin walitti dhaabbattuun warra duraanii jirachuu baattee hin argamanu ture.

Waan kana (xiinxala kaayyole) hundeeffama *Usuula Fiqhii* fi falmii isa ilaalchisee ka'e irratti dubbachuu ni dandeenya. Akkasumas barnoota ***kaayyolee shari'aa*** keessattis dubbachuu ni dandeenya. Namoonni hundeessuun barnoota kanaa jaratti hirkifame bifuma taheenuu dagaagina barnoota kanaa keessatti, sadarkaalee ijaaramaa fi dagaagina isaa keessatti qooda qabsoo keessaa qabu. Garuu akka damee barnoota tokkootti fudhachuun, sona isa adda godhuu fi karaa isa omishu irratti ijaaruun dhimma biraati. Kanaafuu sadarkaa facaasaa/sanyii ykn ulfaa fi sadarkaa barnoonni tokko akka damee barnootaatti mul'atee ilaalamuu adda baasuun dirqama.

Barnoonni Islaamaa, keessattuu barnoonni kaayyolee shanan: (*al-Kalaama (*falaasama dubbii), *Fiqhii, Usuula Fiqhii, Tafsiiraa fi Hadiisa*) shakkii tokko malee dhaloota ergaa kallattiidhaan ergamaa Rabbii irraa fudhatan keessa jiraachuun hin dhabu. Eeganaa dhaloota *fiqhii* keessa jirachuu hin dhabdu; eeganaa caasaa isii qabattee barnoota guutuu taate. Eeganaa jaarraa barreeffamaa keessa isii barreessuun eegalame. Gulantaalee sana keessatti *maqaasinni* (kaayyoleen) *gaa'iyyaa* hin taane. Garuu barnoonni ammallee addaan hin baane. *Usuulal-Fiqhiin* bakka guddina isii kan inni isaa keessatti guddatee fi gaaddisa inni isa jalatti dagaagedha.

Namoonni gariin jalqaba xiinxala/yaada kaayyolee (*al-Fikri al-Maqaasidii*) gara sahabaatti irkisan; keessattuu Umar bin al-Kaxxabii fi Aa'ishaa-Rabbiin isaan irraa haa jaal'atu- n adda durummaadhaan fudhatamu. Garuu gaaffiiwwan (qabxiiwwan) isaa fi sonoota isaa akka inni caasaa barnootaa qabaatutti hin guunne. Kanaaf xiinxala kaayyoowwanii fi kan dursamuu qabu hubachuun yeroo warra ergaa ergamaa Rabbii irraa fudhatee keessa kan babal'ate agarra. *Fiqhii* (hubannoo) Abuu Bakir, Umar, Aliyyii, Aa'ishaa haadha mu'mintootaa, ibni Abbaas, ibni Mas'uudii fi nama isaan irraa fudhate-beektota *Taabi'aa* (warraa isaan booda dhufee) keessas hanga alaabaa dabarsanii kennuun ga'utti bal'inaan argamaa ture.

Akkasuma dhaloota *riwaayaa* (gabaasaa) warra sahaabota irraa barnoota isaanii fuudhan, warra ilaalchaa fi warra murtii kennan: kan akka *hadiisaa* (jecha nabiyyii), *sunanaa* (gocha nabiyyii) fi *aasaaraa* (gabaasa nubira gahe) keessas faca'ee argamaa ture. Eeganaa dhaloota *fiqhii* warra kaayyolee sana ilaalcha sanaan

wal-simattuu fi beekumsa caalaa ilaalcha keessa galchaa hojjatanitti dabarsan. Yeroo baay’ee yaaddoo *kixaaba al-kalaamii (*ergaa falaasama dubbii*)* irraa hin dubbattu. *Kixaabni kalaamaa* sammuu Muslimaa kan murtii dubbii kanaa *Usuula fiqhii* fi *fiqhii* keessa galchuudhaaf bakka hin argannee irratti ol-aantummaa qabdi.

Imaamu Abuu Haniifaan kitaaba gara isaaniitti hirkifamu “Fiqhul-Akbar” keessatti dhimmoota *kalaamaa* facaatuu fi dhimmoota *Usuulaa* gulantaa sana keessatti deddeebitu walitti qabuudhaan walitti qaba isaanii maqaa addaa ‘Al-Fiqhal-Akbar’ jedhu moggaasan. Ilaalchi garii A’immaa (beektotaa) gara tilmaamaa (*qiyaasaatti)* deebite. Innis “Illaa/sababa”. Kunis akkuma “Hajjiin Arafaadha” jedhamu. *Maqaasida*/kaayyoo hubachuudhaaf waan *nassii* (raga mul’ataa) irraa isaan duroomsu argan.

Wanti kana jabeessu Imaamu Ashaafi’iin “*Ijtihaanni Qiyaasa*” jechuu irratti raga dhaaban. Ijtihaanni *Qiyaasa* caala bal’aa ta’uun nama damee *Usuula fiqhii* walitti qabate irraa dhokata jechuun mataa namaa keessa hin dhufu. Akkasumas fedhiin Shaafi’ii meeshaa qiyaasaatiin ala Ijtihaada dhowwuudha jechuunis mataa namaa keessa hin dhufu. Sahaabotaa fi tattaaffii isaanii irraa, taabi’ootaa fi hubannoo isaanii irraa wanti fakkii jecha kanaatiif hin malle argamee jira. Rabbumatu beekaa-garuu gosoonni sababaa, faayidaa, wal-simannaa fi hikmaa (ogummaa) dabalatee sababni inni walitti qabate garii jaraa biratti waan booda keessa “al-Maqaasid/kaayyoo” jedhamuun beekame of-keessatti qabata. Mamii tokko malee hirkiisni kun sirrii ta’uuf carraa qaba.

Gariin beektotaa namni *Maqaasida sharii'aa* (Kaayyoo shariaa) argate beektota taabi'ootaati jedhan. jara keessaa Ibraahiim Annaka'iin (478H du'an) dura irratti argamu. Eeganaa Imaam Ashaaxibii abbaa "*al-Muwaffaqaat'*, kan kaayyoodhaaf kutaa/mata duree addaa kaa'ee, jijjiirama *Minhajaa* (tooftaa) kaa'ee fi beekumsa mataa isaatiin of-danda'aa akka ta'u haala mijjeessetti hirkisan (790H du'e). [1]

---

[1] Sharii'aan faaydaa gabrootaatiif ka'amte jechi jedhu sirrii ta'us- akkuma *Muwaffaqaat* (1/139) –kan irra sirrii fi gadi fageenya qabu "Shari'aan ilma namaa gargaaruuf, sochii isaa kan dachii keessaa qajeelchuuf, seera isaan ilmi namaa waadaa Rabbii guutuu ittiin danda'u kaa'uuf, hojii bakka bu'ummaa gargaaruu fi amaanaadhaan dhaabbachuu namaaf mijjeessuudhaaf, galata qormaataa keessatti akka ofkoluuf buufamte" jechuudha. Wanti dubbanne hunduu faaydaa garootaati, kaayyoo Rabbiiti, garuu faaydaa fi bu'aa qindoominni aadaa warra dhihaa, kan hikkaa fuqahaa fi usuuliyyoonni keenya ilaalan irraa baay'ee fagaattu keessa baduu irraa of eegachuudhaaf irra gaariidha. Qindoomina keenyaa kan aadaa fi tawahiidaa keessatti faaydaa jechuun qanani'uu, badii fi laalaa jechuu miti.
Akkasuma sarara jidduu kaayyoo shari'aa fi kan 'Faaydaa' jedhamuudhaan beekame akka adda baasu gochuun dirqama. Akkasuma ennaa shari'aan raga sammuu ni fudhata jennee jabeessinu sammuu sirrii fi kan Muslimaa qajeeltuu ta'uu qaba. Yoo akkas hin ta'in qorannaa keenya kan xiinxala kaayyoolee fi sammuun gara wahitti ittiin gahanutti akeekuu gara ilaalcha walitti dhiheessuu seera faaydaa fi sammuu warra dhihaatti gara gala. Akkumayyuu amma xiinxala warra dhihaa injifatee jiru. Kun of-eeggannoo itti dammaqsuun barbaachisudha.
Qorannoon kaayyolee immoo, beekaa ykn dhaloota kamitti hirkifama kan jedhu,namni gariin sahaabotatti hirkise: beektota torban, gariin Ibraahiim annaka'ii (97Htti du'e), taabi'oota irraa mana barumsa isaa fi warra isa hordofutti hirkise, gariin immoo gara Tirmiziitti (365H) hirkise, gariima Imaama Haramaynii eeganaa barataa isaanii al-gazaalii(505H)tti hirkisan.

Erga kitaaba "*al-Muwaafaqaat*" booda yalii jabduu qorannoon kaayyootti geessite arguuf hin dhihaattu (hin argitu). Kitaabni Shaaxibiiyyuu waggoota dhibbaatama akkanaan ture, qorattoonni hedduun barbaachisummaa isaatiif hin dammaqne, kitaabichi bakka isaaf malu hin arganne. Erga sheek Muhammad Abdah (1905Dh.) barattoota isaanii kitabicha dubbisuu fi waan isa keessaatti yaadda'uutti kakaasee booda bakka argate. Sheek Abdallah Diraaz barataan Muhammad Abdah akkana jedhe: "Sheek Muhammad Abdah yeroo hedduu barattootaaf kan kitaabicha dhaamanu argine, yeroo sana warra dhaamsa bakkaan gahuuf bololu irraan ture." (2)

Eega Shaaxibiitii faanti/jijjiiramni qabsoo isaa lafaa kaasuu fi dagaagsu hanga jaarraa kanaatti hin dhufne. Sheek Muhammad Axxahir bin Aashuur (1396H du'e) ***"Maqaasudu al-Sharii'ati al-Islamiyyati Wa Makaarimihaa"*** barreesse. kurna lammaan boodaa jaarraa digdammaffaa keessa kitaabban gariin waa'ee *Maqaasidaa*/kaayyolee irratti maxxanfamte. Suuta suutaan qorannoon kaayyolee dhoohee bahe. Kunis eega barattoonni shari'aa sadarkaa digrii ol'aanaa (warri maasterii fi Sanaa olii (*postgraduate*)) fiffilatamoon waraqaa isaanii kan Yuuniversitii keessatti waa'ee kaayyolee tuquu waadaa galanii booda.

**Dhaabbanni Addunyaawaa Xiinxala Islaamaa** oggantummaa keenyaan qorannoo waa'ee kaayyolee dagaagsuu fi irratti jajjabeessuu irratti, kaayyolee akka roga bu'uuraa kan

---

Garuu irra hedduun kaayyolee dagaagsuu, walitti qabuu fi sadarkaa barreeffamuutiin gahuu Imaam Abii Is-haaq al-Shaaxibiitti hirkisan.

(2) Seensa isaa kan Sharhii al-Muwaffiqaat irraa ilaali.

beekumsaa godhee ilaaluu, qorattoonni akka seensa damee barnoota hundaa godhanii ilaalan waamuu fi kitaabotaa fi dursa dhaabbatichi waa'ee kaayyolee irratti katabuu hedduu keessatti sammuu kaayyolee ijaaruu jabeessuudhaan shoora gaarii taphate.
Shoora dabalataa kan ittiin qorannoo sana urgeessine dagachuun hin malu. Kunis seensa waraqaa Yuunivesitii kan dhaabbatichi mata duree kaayyolee keessatti dhiheessee fi barruu qorannoolee biroo hedduu keessatti dhiheesuudhaani. Kan boodaa "***Al-Maqaasiidul-Ulyaa al-Haakimah"*** kan jedhu gaaffii gaazexaan ***"Qadaayaa al-Islaamiyyah al-Mu'aasirah"*** jedhuuf deeebii dheeraa qabatee dhufe. Kutaan duraa galmee "***Maqaasidu Asharii'ah***" jedhamu lakkoofsa saglaffaa fi kurnaffaa keessatti raabsame. Kutaan lammaffaan immoo galmee ***"Falsafatul-Fiqhi"*** jedhu gaazexaa lakkoofsa kudha sadaffaa keessatti raabsame.
Moggaa biraa/faallaa beektota warra sunnaa, beektonni shii'aa immoo ***ilala/*****sababa shari'aa**tti xiyyeeffatan. Jecha ***Ilala*** jedhu kan ***maqaasid*****/Kaayyolee** jedhu irra caalchisan. Jaarraa sadaffaa irraa eegalanii beektonni shii'aa ilala Ahkaamaa/sababoota murteewwanii irraa odeessu. Kunis barrulee (kitaabban) haaraa hedduun mata duree ***Al-Ilal***, ***Ilalu Asharaa'i'i, Ilal al-faraa'idi wa al-Nawaafil, Ilal Assawm****i* fi murteewwan biroo keessatti baay'inaan mul'achuutti geesse.
Walakkaa jaarraa sadaffaa akka lakkoofsa hijraa irraa eegalee beektonni xiyyeeffannoo jabaa kallattii ilala/sababa sheri'aatiif mul'isuu eegalan. Garuu hambaa kana irraa waan xiqqoo malee nu bira hin geenye, jaarraa itti aanus dame kana irratti

qorannoon hin rafne/hin dhaabbanne, heera barnootaa walii gala ijaarsa bu’uuraa qabxii yaachistuu kana qoratuuf hin keenye. Sochiin tattaaffii osoo isiidhaa wajjin kallattiin qorannoo kaayyoolee sababaa hin guutin dagaagde. Garuu kallattiin kun barnoota shari’aa keessatti waggoota shantamman boodaa keessatti dhoohe, erga qabsoon (mormiin) Islaamaa Iiraan keessatti dhaabbatee babal’ate.

Qorannooleen baay’een afuura sharii’aa, kaayyolee isii, faaydaa shari’aa karaa gochuu, jijjiirama yeroo fi bakki tattaaffii irratti qabuu, falaasama fiqhii fi kan biraa kan wal’aantu qorannoon hedduun dhihaatte. Fuuldurattis fedhii Rabbiitiin mata duree kana irratti qorannoo guddisuu irratti ni hirmaanna.

***

**

*

**Amaloota sharii’aa (seera/amantii) Islaamaa adda godhan**

Sharii’aan Qur’aana guddaa shari’aa addummaa qabdu, kan Qur’aanni guddaan isii dhiheessee fi ibsedha. Gariin amala (mallattoo) isii kan armaan gadiiti:

1. Isiin amantii dandeettii fi ga’umsa ilma namaa eegdedha. Wanti tokkollee kan haga dandeettii ilma namaa kan uumaa fi baratamaa darbee nama dirqu isii keessa hin jiru. Rabbiin akkana jedhe:

لَا يُكَلِّفُ ٱللَّهُ نَفۡسًا إِلَّا وُسۡعَهَا ۝٢٨٦ البقرة: 286

*“Rabbi lubbuu tokkollee waan dandeettii isii malee isii hin dirqu”* (Baqaraa: 286)

﴿فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ مَا ٱسۡتَطَعۡتُمۡ ١٦﴾ التغابن: 16

*"Hanga dandeessaniin Rabbin sodaadhaa"* (Tagaabun:16)

2. Isiin amantii waan hin danda'amne mormuu bira dabartee **"Waan rakkoo fi dhiphuu guddaa nama irraan gahu"** kaasuu bira geessedha. Akkasuma kanas ni mormite. Waan ulfaataa yookii rakkootti geessutti wanti nama ajaju isii keessa hin jiru. Rabbiin akkana jedhe:

﴿وَمَا جَعَلَ عَلَيۡكُمۡ فِي ٱلدِّينِ مِنۡ حَرَجٖ ٧٨﴾ الحج: 78

*"Rabbiin amantii keessatti dhiphina/rakkoo hin taasisne."* (al-haj: 78)

﴿يُرِيدُ ٱللَّهُ بِكُمُ ٱلۡيُسۡرَ وَلَا يُرِيدُ بِكُمُ ٱلۡعُسۡرَ وَلِتُكۡمِلُواْ ٱلۡعِدَّةَ وَلِتُكَبِّرُواْ ٱللَّهَ عَلَىٰ مَا هَدَىٰكُمۡ وَلَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ١٨٥﴾ البقرة: 185

"*Rabbiin laafintii isiniif fedha, jabeenya (isinitti jabeessuu) isiniif hin fedhu…"* (Al-Baqaraa: 185)

3. Kana biras dabartee sadarkaa waa namaaf laaffisuu kaayyoo amantichaa godhuu bira geesse. Kunis dadhabina ilma namaa eeguudhaafi.

﴿يُرِيدُ ٱللَّهُ أَن يُخَفِّفَ عَنكُمۡۚ وَخُلِقَ ٱلۡإِنسَٰنُ ضَعِيفٗا ٢٨﴾ النساء: 28

"*Rabbiin isin irraa laaffisuu fedha. Ilmi namaa dadhabaa ta'ee uumame."* (al-Nisaa': 28)

4. Isiin amantii iftuu dukkanni (wallaalamni) ykn dimimmisni keessa hin jirredha. Rabbiin akkana jedhe:

يُرِيدُ ٱللَّهُ لِيُبَيِّنَ لَكُمْ وَيَهْدِيَكُمْ سُنَنَ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِكُمْ وَيَتُوبَ عَلَيْكُمْ ۗ وَٱللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ

﴿٢٦﴾ النساء: 26

*"Rabbiin isiniif ibsuu, karaa warra isin duraa isin qajeelchuu fi isinitti deebi'uu (tawbaa keessan fuudhuu) fedha. Rabbiin beekaa ogeessa."* (al-Nisaa': 26)

Wallaalamun (dukkanaa'uun) yookii dimimmisa qabaachuun warra dirqama amantii qaban dhamaasa, rakkoo keessa isaan galcha. Wanti waa'ee loon qaluu irratti Ilmaan Israa'iil muudate kana irratti fakkeenya gaariidha. Hariiroo sa'a qaluu fi rakkoo namticha ajjeechaa raawwate baasuuf deeman jidduu jiru waan wallaalaniif jara rifachiise. Ennaa rifannaan jaraa bu'uura dirqamaa keessaa baatu loon kun loon biroo irraa adda ta'uun isii hin oolu jechuutu qalbii isaanii seene. Kunis gaaffii wal-qabattuu fi fagoo kan galmaan gahuu isaan dadhabsiisuuf dhihaatte gaafachuutti jara geessite. Akkuma Rabbiin jedhe:

فَذَبَحُوهَا وَمَا كَادُواْ يَفْعَلُونَ ﴿٧١﴾ البقرة: 71

*"Isii qalan, hojjachuuf hin dhihaanne (akka salphaatti hin qalle)"* (al-Baqaraa:71)

5. Isiin amantii ilma namaa, qilleensa, hawaa fi jiruu qulqulleessitudha. Rabbiin akkana jedhe:

يُرِيدُ ٱللَّهُ لِيُبَيِّنَ لَكُمْ وَيَهْدِيَكُمْ سُنَنَ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِكُمْ وَيَتُوبَ عَلَيْكُمْ ۗ وَٱللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ ﴿٢٦﴾

وَٱللَّهُ يُرِيدُ أَن يَتُوبَ عَلَيْكُمْ وَيُرِيدُ ٱلَّذِينَ يَتَّبِعُونَ ٱلشَّهَوَٰتِ أَن تَمِيلُواْ مَيْلًا عَظِيمًا ﴿٢٧﴾

النساء: 26-27

"*Rabbiin isiniif ibsuu, karaa warra isin duraa isin qajeelchuu fi isinitti deebi'uu (tawbaa keessan fuudhuu) fedha. Rabbiin*

*beekaa ogeessa. Rabbiin isin irratti deebi'uu fedha, warri fedhii lubbuu hordofan akka isin dabiinsa guddaa dabdan fedhu.''* (al-Nisaa': 26-27)

6. Wantoonni amantii kana adda godhu irra barbaachisaan isaa jecha Rabbii kana keessatti dhufee jira:

وَٱخۡتَارَ مُوسَىٰ قَوۡمَهُۥ سَبۡعِينَ رَجُلٗا لِّمِيقَٰتِنَاۖ فَلَمَّآ أَخَذَتۡهُمُ ٱلرَّجۡفَةُ قَالَ رَبِّ لَوۡ شِئۡتَ أَهۡلَكۡتَهُم مِّن
قَبۡلُ وَإِيَّٰيَۖ أَتُهۡلِكُنَا بِمَا فَعَلَ ٱلسُّفَهَآءُ مِنَّآۖ إِنۡ هِيَ إِلَّا فِتۡنَتُكَ تُضِلُّ بِهَا مَن تَشَآءُ وَتَهۡدِي مَن تَشَآءُۖ أَنتَ وَلِيُّنَا
فَٱغۡفِرۡ لَنَا وَٱرۡحَمۡنَاۖ وَأَنتَ خَيۡرُ ٱلۡغَٰفِرِينَ ﴿١٥٥﴾ ۞ وَٱكۡتُبۡ لَنَا فِي هَٰذِهِ ٱلدُّنۡيَا حَسَنَةٗ وَفِي ٱلۡأٓخِرَةِ إِنَّا
هُدۡنَآ إِلَيۡكَۚ قَالَ عَذَابِيٓ أُصِيبُ بِهِۦ مَنۡ أَشَآءُۖ وَرَحۡمَتِي وَسِعَتۡ كُلَّ شَيۡءٖۚ فَسَأَكۡتُبُهَا لِلَّذِينَ
يَتَّقُونَ وَيُؤۡتُونَ ٱلزَّكَوٰةَ وَٱلَّذِينَ هُم بِـَٔايَٰتِنَا يُؤۡمِنُونَ ﴿١٥٦﴾ ٱلَّذِينَ يَتَّبِعُونَ ٱلرَّسُولَ ٱلنَّبِيَّ ٱلۡأُمِّيَّ
ٱلَّذِي يَجِدُونَهُۥ مَكۡتُوبًا عِندَهُمۡ فِي ٱلتَّوۡرَىٰةِ وَٱلۡإِنجِيلِ يَأۡمُرُهُم بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَىٰهُمۡ عَنِ
ٱلۡمُنكَرِ وَيُحِلُّ لَهُمُ ٱلطَّيِّبَٰتِ وَيُحَرِّمُ عَلَيۡهِمُ ٱلۡخَبَٰٓئِثَ وَيَضَعُ عَنۡهُمۡ إِصۡرَهُمۡ وَٱلۡأَغۡلَٰلَ
ٱلَّتِي كَانَتۡ عَلَيۡهِمۡۚ فَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِهِۦ وَعَزَّرُوهُ وَنَصَرُوهُ وَٱتَّبَعُواْ ٱلنُّورَ ٱلَّذِيٓ أُنزِلَ مَعَهُۥٓ أُوْلَٰٓئِكَ
هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ﴿١٥٧﴾ قُلۡ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنِّي رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيۡكُمۡ جَمِيعًا ٱلَّذِي لَهُۥ مُلۡكُ
ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۖ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ يُحۡيِۦ وَيُمِيتُۖ فَـَٔامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِ ٱلنَّبِيِّ ٱلۡأُمِّيِّ ٱلَّذِي يُؤۡمِنُ
بِٱللَّهِ وَكَلِمَٰتِهِۦ وَٱتَّبِعُوهُ لَعَلَّكُمۡ تَهۡتَدُونَ ﴿١٥٨﴾ الأعراف: 155-158

*''Baallama keenyaaf Muusaan ummata isaa keessa dhiira torbaatama file. Ennaa sosso'inni jara qabdu ''Rabbi osoo feetee duraan jara balleessita, anas; waan wallaaltonni nu irraa ta'an dalaganiin nu balleessitaa? Isiin qormaata kee malee waa hin taane. Isiidhaan abbaa feete balleessita, abbaa feete*

*qajeelchita, ati aanaa keenyaa nuuf dhiisi, nu mararfadhu, ati caalaa dhiistotaa/warra namaaf irra dabruutii" jedhe.*

*"Addunyaa tana keessatti gaarii nuuf katabi/raggaasisi, boris. Nuti gara kee deebine". Adabbii koo isiidhaan naman fedhen xuqa. Tolli koo immoo waan hundaaf bal'attee; sichin warra(Rabbiin)sodaatan, zakaa kennanii fi warra aayatoota keenyatti amananiif kataba/raggaasisa.*

*Warra nabiyyicha barreessuu fi dubbisuu hin beekne hordofan. Tawraatii fi injiil/wangeela keessatti jara biratti barreeffame kan argan, kan toltuutti jara ajaju, hamtuu irraa jara dhowwu, gaggaarii jaraaf eeeyyamu, fofokkataa jara irratti dhowwamaa godhu, ba'aa/baallama fi rakkoo jaraa kan jara irraa buusu. Warri isatti amananii, isa guddisanii, isaaf tumsanii, ifa isaa wajjin bu'e hordofan jarri sun isaanumatu milkaa'ota."* (A'raaf: 155-158)

7. Addummaan/caalmaan aayata kabajamtuu kana keessatti mul'attu addummaa birootti geessiti. Isii keessaa inni duraa "**Addunyaawummaa ergichaa (ergaa walii gala uumaa)**"ti. Isiin amantii addummaa/caalmaa kana hunda of-keessaa qabdu, akka addunyaa hundaaf gara laafina taatuu fi jaraaf toltuu taatuuf ergamte.
8. **"Addunyaawummaa ergaa"** wajjin kan waan hunda of keessaa qabdu, kan walii gala ta'uu, guutuu ta'uu fi maddeen isii kan Rabbummaa, namummaa fi qabatamummaa guutuu ta'uutti dammaqsite.
9. Akkasumas akka amantichi dhaabaa fi qindoomina guutuu addaan hin baanetti akka hirkattutti dammaqse. Amntiin gariin jabeenya, ba'aa (ulfina) fi jiilchaa qabdi,

kan qindoomina addaa keessatti dhalatetu jira. Kunis akka amantii Ilmaan Israa’iili. Isiin amala armaan olitti dubbanne of keessaa hin qabdu. Kunis qindoomina biraa, kenna addaa fi murtii Rabbiitiin waan walitti hidhata qabduufi. Isiin ummata dachii qulqulleeffamtuu seensifamte, eeganaa ummata yeroo sana jiranuuf akka fakkeenya taatuuf kan filamteef kennamte.

Qindoomina akkanaa keessatti amantiin/seerri amla ulfinaa fi jabeenya qalbii warra fincilee mataa jabaateetiin wal-simatu qabdu ta’uu ni mijjata. Kanaaf amantii jallina jaraa daangessituun hidhamuun isaaniin wal-simataa ta’e. Rabbiin akkana jedhe:

فَبِظُلْمٍ مِّنَ ٱلَّذِينَ هَادُوا۟ حَرَّمْنَا عَلَيْهِمْ طَيِّبَٰتٍ أُحِلَّتْ لَهُمْ وَبِصَدِّهِمْ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ كَثِيرًا ﴿١٦٠﴾ وَأَخْذِهِمُ ٱلرِّبَوٰا۟ وَقَدْ نُهُوا۟ عَنْهُ وَأَكْلِهِمْ أَمْوَٰلَ ٱلنَّاسِ بِٱلْبَٰطِلِ ۚ وَأَعْتَدْنَا لِلْكَٰفِرِينَ مِنْهُمْ عَذَابًا أَلِيمًا ﴿١٦١﴾ *النساء: 161-160*

*“Sababa cubbuu warra Yahuudota irraa ta’eef gagaarii jaraaf eeyyamamtuu taate jara irratti dhoowwamaa goone. (ammas) Sababa karaa Rabbii irraa baay’ee deebisuu jaraatiif.*

*Osoo dhugaan dhoowwamanii jiranuu dhala fudhachuu isaaniitii fi horiiwwan nama dharaan nyaachuu jaraatiif. Jara irraa warra didaniif (kaafirtootaaf) adabbii laalessaa qopheessineef.”* (Nisaa’ii: 160-161)

Muslimoonnii immoo dhaabnii fi qindoominni shari’aan isaanii keessatti ijaaramte murtee kitaaba irratti dhaabbatan. Rabbiin akkana jedhe:

أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ أُوتُوا نَصِيبًا مِّنَ الْكِتَابِ يُدْعَوْنَ إِلَىٰ كِتَابِ اللَّهِ لِيَحْكُمَ بَيْنَهُمْ ثُمَّ يَتَوَلَّىٰ فَرِيقٌ مِّنْهُمْ وَهُم
مُّعْرِضُونَ ﴿٢٣﴾ آل عمران: 23

*"Gara warra qooda kitaaba irraa kennamanii akka jidduu isaaniitti murteeffamuuf gara kitaaba Rabbii waamamanii eeganaa gareen jara irraa ta'e dugda galanii gara galanii hin ilaaltuu (hin raajjiiffattuu)?"* (Aala Imraan: 23)

Ergaa dhumaa fi addunyooftuu caaltuu ummanni namaaf mullifamtee baattudha. Dachii qulquleeffamtuu yookii kabajamtuudhaan hin daangeffamne. Amantii salphaa fi gara laafinaa ta'uun isii ogummaa Rabbii irraayyi. Kunis akka dandeetti dhala namaa hundaaf taatuufi.

10. Isiin amantii kaayyooti. Kunis amala gabbartii isii dhabuun maletti. Amantiin ulfaattuu fi ba'aan garuu akeekkachiisa addunyaa ykn adabbii addunyaa kan *aakiraa* dura isaan muudatu irratti dhaabbate. Rabbiin akkana jedhe:

وَإِذْ نَتَقْنَا الْجَبَلَ فَوْقَهُمْ كَأَنَّهُ ظُلَّةٌ وَظَنُّوا أَنَّهُ وَاقِعٌ بِهِمْ خُذُوا مَا آتَيْنَاكُم بِقُوَّةٍ وَاذْكُرُوا مَا فِيهِ لَعَلَّكُمْ
تَتَّقُونَ ﴿١٧١﴾ الأعراف: 171

*"Ennaa gaara buqqisnee akka waan isiin gaaddisa duumessaatti gubbaa jaraatti ol-fuunuu (dhubbadhu). Inni jaratti bu'aadha se'an. "Waan isiniif kennine jabeenyaan fuudhaa! Akka (Rabbiin) sodaattanuuf waan isa keessaa yaadadhaa!" jennu (yaadadha)."* (A'raaf:171)

فَلَمَّا عَتَوْاْ عَن مَّا نُهُواْ عَنْهُ قُلْنَا لَهُمْ كُونُواْ قِرَدَةً خَٰسِـِٔينَ ﴿١٦٦﴾ الأعراف: 166

*"Ennaa waan irraa dhowwaman (dhiisuu) irraa of-guddisan, "Xiqqaataa, Jaldeesssa ta'aa!" jenneen."* (A'raaf: 166)

11. Amantiin ijaarsa isaa keessatti kaayyoo irratti hundaa'e. Murteewwan isii sababeeffamtee, ogummaa, kaayyolee fi faaydaa dhala namaatiin walitti hidhamtee dhufte. Kunis akka lubbuun amantii, dhugaa fi itti quufinsaan isii qabachuuf caalaatti qophooftuuf, mu'minni osuma faaydaan isii keessa jiru hin mullanneefiillee isiidhaan hojjachuu fi hojiitti hiikuutti ka'uufi.
12. Kanaaf sababnii fi ogummaan faaydaa kanatti dhaqqabuu fi isii irraa saaquutti geessitu amantii kana keessatti mul'attuu taate. Yookii bakka dandeetti ilmi namaa irraa hubachuu/barnoota fudhachuu danda'utti taate. Kanaafuu yoo Rabbi fedhe qorannoo kana keessatti sichin moggaa **"Sheri'aa salphaa fi gara laafinaa"**jedhu irraa ibsa. "Ilala/sababa" kan qorannoon kaayyolee tilmaama/*qiyaasa* caala isaaf irra caalaa ta'e irraa eegaluudhaanan "**Kaayyolee ol'aanaa Qur'aantuu Murteessituu**" jedhu gaha. Haqa qunnamuun Rabbumaani.

*******

******

## Ta'liila (sababa) akka hiika afaaniitti:

*Ilala* (sababa) jechuun-taatee tokko kan karaa namni dura jiru irraa nama heewasu (*shaagaludha*). Akka waan sababni sun hojii lammataa kan isa duraa irraa kan nama dhowwu ta'eeti.

## ***Ta’liila (sababa) akka shari'aatti (akka seera dame barnootaatti):***

Wanti dirree jiru tokko sababa ibsuun keeyyatoota Qur’aana kabajamaa fi hadiisowwan hedduu keessatti mul’ataadha. Rabbiiin ennaa sababa ilma namaa uumeef ibsu akkana jedhe:

وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾ الذاريات: 56

*“Namaa fi jinniis wanti ani uumeef ana haa gabbaranuuf qofa.”* (Azzariyaat: 56)

Sababa ergamtoota ergeef akkana jechuudhaan ibse:

رُّسُلًا مُّبَشِّرِينَ وَمُنذِرِينَ لِئَلَّا يَكُونَ لِلنَّاسِ عَلَى ٱللَّهِ حُجَّةٌۢ بَعْدَ ٱلرُّسُلِ ۚ وَكَانَ ٱللَّهُ عَزِيزًا حَكِيمًا ﴿١٦٥﴾ النساء: 165

*“Akka namaaf Rabbiin irratti ragaan (sababa himachuun) eega ergamtootaatii hin taaneef. Ergamtoota gammachiistotaa fi sodaachistoota/dinniintota (ergine). Rabbiin jabaa ogeessa.”* (Nisaa’ii: 165)

Lubbuu eeguuf jecha kafalannaan (dhiiga deebifannaan) karaa godhamuu akkana jechuudhaan ibse:

مِنْ أَجْلِ ذَٰلِكَ كَتَبْنَا عَلَىٰ بَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ أَنَّهُۥ مَن قَتَلَ نَفْسًۢا بِغَيْرِ نَفْسٍ أَوْ فَسَادٍ فِى ٱلْأَرْضِ فَكَأَنَّمَا قَتَلَ ٱلنَّاسَ جَمِيعًا ﴿٣٢﴾ المائدة: 32

“*Sababa kanaaf “Namni lubbuu tokko osoo isiin lubbuu tokko hin ajjeesin yookaan dachii keessatti badii hin hojjatin ajjeese akka waan nama (hunda) bakkatti ajjeeseeti; namni isii jiraachise (Rabbin sodaaf ajjesuu dhiise ykn sababa ta’ee du’a jalaa baase) akka nama (hunda) bakkatti jiraachiseeti” jechuu murteessine. Ergamooleen jaraa ragaaleedhaan dhugaan isaanitti dhufte. Eeganaa hedduun*

*jara irraa ta'e booda sanaatii dachii keessatti (badiin) daangaa dabartoota."* (Al-Maa'idaa: 32)

Dhimmoota dhuunfaa garii karaa godhuu isaas ni ibsa. fakkeenyaaf ergamaan isaa (SAW) akka Zaynabaa fuudhan ajajuu isaa akkana jechuudhaan sababa isaa ibse:

لِكَيۡ لَا يَكُونَ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ حَرَجٞ فِيٓ أَزۡوَٰجِ أَدۡعِيَآئِهِمۡ ٣٧ الأحزاب: 37

"*Warreetii guddifachaa jaraa (fuudhuu) keessatti amantoota irratti akka rakkoon hin taaneefi."* (Al-Ahzaab: 37)

kana malees hedduutu jira.

Akkasuma ergamaan Rabbii (SAW) dhimmoota hedduu ifatti ykn itti akeekuudhaan sababa ibsan. Sanniin keessaa:

- **"**Sababa warra rakkataa baadiyyaadhaa dhufaniitiif jecha foon *uduhiyyaa* irraa isin dhowween turee nyaadhaa, ol-ka'adhaa.**"** (3)
- **"**Osoon ummata kiyya irratti jabeessuu sodaachuu baadhee salaata hunda irratti rigaattin ajajan ture.**"** (4)

Waahillan ergamaa Rabbii (SAW) sana dhaqqabanii irra deemaa turan, karaa isaa deeman, warri *ijtihaada* sahaabotaa fi hubannoo jaraa hordofus akkanuma. Irra hedduu waan jedhanii sababa faaydaa, rakkootti karaa cufuu fi badii deebisuu irratti

---

(3) Muwaxxa Maalik (1393), Muslim (1971) fi warri biroos gabaasan.

(4) Bukaarii (887), Muslimii (252) fi warri biroos gabaasan.

Oduu biraatiin "Silaa silaa Ishaa boodan aansan ture" jedhan-Bukaarii (571), Muslim (638) fi warri biroos gabaasan…

Oduu biraatiin "Silaa rigaatti jaran ajaja, Ishaas boodan aansan ture" jedhan-ibni Hibbaan (1531), Ibni Kuzaymaa (139) fi warri biroos gabaasan…

Oduu biraatiin "Silaa sariyyaa (duultuu) irraa hin hafun ture" jedhan-Bukaarii (536 fi 1972), Muslim (1876)fi warri biroos gabaasan…

kan bu'uuressan tahuun ifatti mul'ata. Sababni isaa deemuudhaan ittiin hojjachuun dhaabate. (5)

## Wal-dhabbii sababa keessa jiru

Wanti dubbannee dabarsine hundi ta'uu wajjin jechi "*Ta'liil*/sababa" jedhu hanga yeroo *Mazhabni* eegalamuutti bifa ifaadhaan akka seera/dame *usulaatti* hin mulanne. Qorannoowwan Immam Ashaafi'ii (204H du'an) kan *Usuulaa* seera inni isii ibsuutti aane, fayyadama *ra'yii* (ilaalchaa) keessatti babal'ifachuu mormuunii isaa akka beektonni waa'ee sababaa qo'atan, dhugaa isaa ilaalan, heera isaa irratti hundaa'anii akka hojjatanuu fi karaa isaa akka daangessan kakaasuu keessatti shoora guddaa taphate.

*Mazhabni* warra *usuulaa* waa'ee sababaa keessatti mazhaba *Kalaamiyyootaatiin* hedduu dhibbaan irra gaheera (jara irraa fudhatan). Kan mazhaba jaraa keessatti danda'ame/babal'ate hojiiwwanii fi murteewwan (*ahkaamawwan*) Rabbiitiif sababababarbaaduudha. Kana keessatti waan tawhiida faallessu ykn madeessu hin agarre. Akka hubannoo isaaniitti waan mazhaba isaanii kanaan wal-simatu sababa kennuufiifaadha.

---

(5 ) tattaaffiin (kan inni sirriidha jechuu yaadee hojjate) Umar (RdA) kan kumusa kumusii (1/5/15) firoottan ergamaa Rabbiitiif kennuu dhaabuu, swaada Iraaq warra booji'eef qooduu dhabuu, xalaaqa (gad-dhiisaa) sadi'ii taasisuu fi kkfn fakkeenya kanaa isa ifaadha. ***Ta'liilal-Ahkaam*** (35-71) kan maxxansa Azhar (1949) fi ***Usuulal-fiqhi*** kan Ya'quub al-Baahisiin (596) ilaali.

Warri sababa jechuu akka faaydaa isa tawhiida mormutti ilaalan sababaa fi dhugaa isaa irraa ejjannoo biraa qabatan. garee (Mazhaba) jaraa kanaan wal-gala. [6]

### *Ta'liila/sababa ilaalchisee mazhaabota gurguddaa akka walii galaatti*

#### A. Mazhaba (karaa ilaalcha) al-Mu'tazilaa:

Akka ilaalcha Mu'tazilaatti qaama/waan sababni irratti raawwatame hundaaf sababa mataa isiitiin jijjiirama fiddutu jira. Bakkuma argamtetti osoo waan biraa hin barbaadin waan fakkaataa dhalti. Jara biratti ibsa mataa, kan qaamni biraa godhuu irratti hin dhaabbannedha. Yeroo garii "*al-Mu'assir*/dhiibba-qabessa" jedhamuun beekama, yeroo garii immoo "*al-Muujib*/dirqamsiisaa" jedhama.
Kun mazhaba jaraa kan *kalaamaa* (falaasama dubbii), gaarii fi badaa kan sammuudhaan murtaa'u, kan irra fayyadaa/gaarii ta'e fudhachuun dirqama ta'uu irratti hundaa'eeti. [7]

#### B. Mazhaba al-Ashaa'iraa:

Akka mazhaba Ashaa'iraatti **"**Waajibal-wujuud lizaatih (kan jiraachuun isaa dirqama ta'e)" malee dhugaatti wanti tokko hin jiru, sababoonni aragama fudhachuudhaaf qopheeffamtuudha

---

(6 ) Kun bu'uurri barnoota "*Kalaamaa*" fi barreeffamuun isaa barnoota "*Usuula fiqhii*" fi barraa'uu isaa ni dursa yoo jennedha. Garuu qorattoonni hedduun barnoonni "Usuula fiqhii" hedduu barnoota "Kalaamaa" dursa jedhu. Manaahijal-Bahs kan Aliyyii Saamii al-Nashaar ilaali (53)

(7 ) Dhimma sammuudhaan waa ajaadha ykn gaariidha jechuu barreeffama "***al-Mahsul min Ilmil-Usuul"*** kan Imaam Arraazii irratti barreeffame ilaali (1/142) fi waan sana boodaa ilaali. Dhaabbata Risaalaa.

malee haaraa miti, hojiin argamni isaa gara dandeettii isii gara abbaa sababoota argamsiisee geessuutti (humna Rabbiitti) hirkifamti, Rabbiin qulqullaa'ee isatu sababaa fi faana isii (waan isii hordofee dhufu) uume, uumaa keessatti wanti isa malee jiru itti hin qindaa'u, waan fedhe hojjata, waan fedhe murteessa. Osoo uumaa (uumamatoota) hunda jannata seensisee jara hin miine, osoo hunda isaanii ibidda sensisee jara hin miine. Dirqamoonni hunduu wanta dhagahamtudha, sammuun waan tokko dirqama hin godhu, hin murteessus [8]. Kanaaf irra hedduun jaraa sababaan sammuu *sunnaa*/aadaa Rabbiitu booddee isiitii faana isii uumuudhaan argame jechuudha malee jijjiirama tokko hin fiddu.

Sababoonni shari'aa immoo Rabbiin murtii wahii dirqama godhuu irratti mallatooleedha. Jarri Rabbiin arjummaa fi tola isaa irraa faaydaa isiitti rarraase jechuu hin mormanu, garuu Rabbiin (SW) osoo fedhee faaydaa sana faallaa godha, yoo fedhe murtii sana ykn kan biraatti rarraasa, yoo akkas hin godhinis sun tapha hin ta'u jedhu. Wanti jarri kana jedhanuuf faallaa jecha jaraa isa 'haaraan turaa irratti jijjiirama hin fidu: sababni haaraadhaa murtiin immoo turaadha, haaraan turaadhaaf sababa hin ta'u, hojiiwwan Rabbii (SW) faaydaadhaan hin sababsamtu, murteewwan murtii fi faaydaa hin hordoftu. Murtii fi faaydaawwan kun firii isii taatullee kaayyoo isii miti' jechuu jalaa bahuufi.

---

(8) al-Milala wa Annahal kan Shahartaanii (1/162) fi waan sana boodaa ilaali. Azhar- gulaallii Fathullaa Badraan.

Aayatoota isii keessatti sababa ibsuun ifatti dubbatame hunda kanatti hiiku. Kan jechuun: wanti sababa godhameef faaydaa fi sababa kaayyoo miti, garuu murtii qofatu isa qabata (hammata).[9] yookiin immoo *Isti'aaraa Tabi'iyyaati* (dubbii tokko kan biraatiif ergifachu), faaydaa fi sababootatti fakkeeffamte jedhu. Kanaaf irra hedduun isaanii sababa kaa'uun akkuma walii galaattuu hin ta'u jedhan. [10]

akka mazhaba Ashaa'iraatti "Waajibal-wujuud lizaatih (kan jiraachuun isaa dirqama ta'e)" malee dhugaatti wanti tokko hin jiru, sababoonni aragama fudhachuudhaaf qopheeffamtuudha malee haaraa miti, hojiin argamni isaa gara dandeettii isii gara abbaa sababoota argamsiisee geessuutti (humna Rabbiitti) hirkifamti, Rabbiin qulqullaa'ee isatu sababaa fi faana isii (waan isii hordofee dhufu) uume, uumaa keessatti wanti isa malee jiru itti hin qindaa'u, waan fedhe hojjata, waan fedhe murteessa. Osoo uumaa (uumamatoota) hunda jannata seensisee jara hin miine, osoo hunda isaanii ibidda sensisee jara hin miine. Dirqamoonni hunduu wanta dhagahamtudha, sammuun waan tokko dirqama hin godhu, hin murteessus [11]. Kanaaf irra hedduun jaraa sababaan sammuu *sunnaa*/aadaa Rabbiitu booddee isiitii faana isii uumuudhaan argame jechuudha malee jijjiirama tokko hin fiddu.

Sababoonni shari'aa immoo Rabbiin murtii wahii dirqama godhuu irratti mallatooleedha. Jarri Rabbiin arjummaa fi tola

---

(9) Haashiyaa Axxaar kan Jam'al-Jawaami' irratti katabame ilaali (2/274)
(10) Ummul-Baraahiin fil-Aqaa'id kan Assanuusii fuula 5 ilaali.
(11) al-Milala wa Annahal kan Shahartaanii (1/162) fi waan sana boodaa ilaali. Azhar- gulaallii Fathullaa Badraan.

isaa irraa faaydaa isiitti rarraase jechuu hin mormanu, garuu Rabbiin (SW) osoo fedhee faaydaa sana faallaa godha, yoo fedhe murtii sana ykn kan biraatti rarraasa, yoo akkas hin godhinis sun tapha hin ta'u jedhu. Wanti jarri kana jedhanuuf faallaa jecha jaraa isa 'haaraan turaa irratti jijjiirama hin fidu: sababni haaraadhaa murtiin immoo turaadha, haaraan turaadhaaf sababa hin ta'u, hojiiwwan Rabbii (SW) faaydaadhaan hin sababsamtu, murteewwan murtii fi faaydaa hin hordoftu. Murtii fi faaydaawwan kun firii isii taatullee kaayyoo isii miti' jechuu jalaa bahuufi.

Aayatoota isii keessatti sababa ibsuun ifatti dubbatame hunda kanatti hiiku. Kan jechuun: wanti sababa godhameef faaydaa fi sababa kaayyoo miti, garuu murtii qofatu isa qabata (hammata). [12] yookiin immoo *Isti'aaraa Tabi'iyyaati* (dubbii tokko kan biraatiif ergifachu), faaydaa fi sababootatti fakkeeffamte jedhu. Kanaaf irra hedduun isaanii sababa kaa'uun akkuma walii galaattuu hin ta'u jedhan. [13]

---

[12] Haashiyaa Axxaar kan Jam'al-Jawaami' irratti katabame ilaali (2/274)
[13] Ummul-Baraahiin fil-Aqaa'id kan Assanuusii fuula 5 ilaali.

## C. Mazhaba al-Maatridiyyaa: (14)

Maatriidiyyoonni hojiiwwan Rabbii sababaa faaydaa gabrootaatiifi jedhu. Kan irraa gaarii/irra fayyadaa hojjachuun Rabbiin irratti dirqama miti, arjummaa fi tola isaatiin qofa jechuudhaan Mu’tazilaa faallessu. (15) nama akkana hin jenne irratti mormii jabeessu. Abbaan *Talwuuh* akkana jedhe: “Jecha nama hojiin Rabbii sababaadhaan miti jedhuu maaltu akkana dhugaa irraa fageesse! Nabiyyoonni ergamuun (AS) uumaa (ummata) qajeelchuufi, jara dhugoomsuuf mu’jizaa (raajii) mul’isuu fi, namni sababaa morme dhugaatti nabiyyummaa morme. Jechi Rabbii:

وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾ الذاريات:56

*“Jinnii fi nama wanti ani uumeef ana haa gabbaranuufi (haa tokkichoomsanuuf)”* (Azzaariyaat: 56) fi

وَمَآ أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعْبُدُواْ ٱللَّهَ ﴿٥﴾ *البينة: 5*

“*Akka Rabbiin gabbaranuuf (tokkichoomsanuuf) malee hin ajajamne.” (Al-Bayyinah: 5)*

---

(14)Maatridiyyaan gareeal-Kalaamiyyaa keessaa tokko taatee kan qabxiiwwan toko tokko keessatti Alassunnaa wal-Jamaa’aa faallessitudha. Mansuur bin Muhammad bin Muhammad al-Maatriidii, al-Samarqandiitti hirkifama (333H/944Dh. du’e). bakka Samarqanditti argamtu kan Maatriid jedhamtuun waamama. Mazhabni isaa Hanafiidha, fiqhii, Usuula fiqhii fi Tafsiira keessatti kitaabota hedduu qaba. Kitaabonni isaa kan Kalaamiyyaa hedduun Mu’tazilaa bara Sanaa, Baaxiniyyaa fi Rawaafidaa irratti deebisuu irratti xiyyeeffata.

(15) Attawdiih (2/374)

*fakkiin kanaa Qur'aana keessa hedduudha, waan nuti jenne irratti qajeelchituudha. Dabalataanis, osoo tasumayyuu faydaaf hin hojjatu ta'ee tapha jechuu namatti fida*."(16)

Raga warra Rabbiin faaydaa barbaaduu irraa qulqulleessuuf jecha sababa didanuu akkana jechuudhaan deebisa: faaydaan gabrootaafi- faaydaa isaaf fiduu ykn miidhaa isa irraa deebisuufi malee Rabbiif miti. Kanaafuu wanti jarri yoo hojiin Rabbii sababaadhaafi jenne keessa buuna jedhanii sodaatan nama hin muudatu. Faaydaan gabrichaa fi malee Rabbiifii miti (SW). (17)

Kunis wanti dirqama hin ta'in faana tokkoof madda hin ta'u jechuu irratti *Uqalaa'onni* (warri sammuu qaban) waan waliif galaniifi. (18) kunis ragaan jala muramaan kana irratti akeeku waan jiruufi. Kan jijjiiramni irratti argamu keessatti wanti jijjiiramni mul'chuu dhiiseef hir'ina qaama jijjiiramni irratti ta'u keessa jiruufi malee Rabbi (SW) dadhabuudhaafii miti. Murtiiwaan (ajaja Rabbii) sababsuun faaydaa gabrootaatti deebiti. (19)

## D. Mazhaba al-Hanaabilaa:

Dhimma sababaa ilaalchisee jecha Imaam Ahmad ifaa ta'e hin argine. Hordoftoonni isaanii immoo kana keessatti wal-dhaban, jechi jaraa heddummaatte.

---

(16) Attawdiih (2/374)

(17) Madda asii olitti darbe.

(18) kun dhugaa hojii ilma namaa isa walitti dhufeenya namaa, hawaa fi qilleensa/naannoo laaffifamtuu irraa argamu wajjin wal-dhaba. Karaan *mutakallimtoonni* ittiin dhimma hojii namaa, akka hojii namaa, dhugaa isaa fi faana/dhiibbaa isaa itti fidan miidhaa fidee jira

(19) Sullamal-Wusuul (3/55)

Qaadii Abuu Ya'laan akkana jedhan: "Rabbiin wanta tokko faaydaafis ta'ee sababa itti geesse tokkoof hojjachuun hin ta'u. kun immoo faallaa Qadariyyaa, Baraahimaa, Sanwiyyaa, warra Attanaasukii fi garee *bida'aa* warra biroos of keessaa qabaata."
Kana irratti ragaan, faaydaa fi sababni nama miidhaa fi faaydaan irratti geenyaan itti dhimmaa (*haajomaa*) ta'uuf male hin taatu. [20]

Al-Maswadaa keessa jecha akkana jechutu jira: "…warri mazhaba keenyaa hedduun kan akka al-Qaadii, Abul-Kaxxaab, Ibni Aqiil, al-Halwaanii fi warri biroos bakka baay'eetti sababboonni shari'aa mallatoowwan Rabbiin Ahkaamaaf (ajajoowwan Rabbiitiif) akeeka godhee kaa'edha, isiin akka maqaawwaniiti."
Eeganaa akkana jedhe: "Dubbiin kun akka jirutti sirrii miti; dubbiin dhugaa shari'aa dheerina qaba: ibni Aqiilii fi namni biraas sababni yoo mallatoo taates faaydaa fiddi, miidhaa deebisti, akka mallattoolee qullaa kan faaydaa hin qabnee miti jedhan." [21]
Sababa sammuu ilaalchisee immmoo akkana jedhan: "Tilmaamni (murtii waan tokkoof dhihaate irratti hunda'anii kan biraa murteessuu) summuu ittiin hojjachuun, ilaaluu fi erga shari'aan dhufee isaan raga godhachuun dirqama ta'a. *fuqahaa'onnii* fi *mutakallimtoonni* warri hubannoo qaban akkana jedhan. Tuutni warra hadiisaa fi warri *Zaahiraa*(warra

---

[20] al-Mu'tamad fii Usuul addaaiin (277) ilaali.
[21] al-Miswadaa (385) ilaali. Akkanan jedha: dubbiin Ibni Hazmii kan Ihkaamii fi kan biraa keessa jiru akeeka sammuu fudhachuun dirqama ta'uutti akeeka, akeeka sana mormuun of-tuuluudha, gara isaa hin mil'atamu.

irra keessa ragaalee qofa ilaalanu) akka Ibni Aqiil jedhanitti ragaan sammuu badaadha, isa keessa ilaaluun dhowwamaadha, faana deemuun dirqama jechuu irra deeman. Ahmad irraa immoo ragaa sammuutiin ragaa godhachuun dhufee jira."[22]

Ibni Taymiyaan immoo sababa mallatoo mallattoowwan tawhiidaa irraa jabduu godhu. Kunis dubbii isaanii kan isaan waa'ee sababaa irraa dubbatan keessatti ennaa sababoonni heddummaachuun dirqama ta'uu fi sababa tokko qofti jijjiirama fiduuf gahaa ta'uu dhabuutti akeekanudha. Hojiidhaan kophaa bahuun Rabbii aalamtootaa (uumama hundaa) qofaafi.

Rabbiin isaan haa mararfatuu akkana jedhan: "Addunyaa keessa wanti tokko sababa tokko irraa kan argame sababni biraa isatti qindoomu malee hin hafu. Sababa jedhamee waamamus sababa taate malee sababa guutuu miti; lachuun jaraa waliif ulaagaa ta'u. akkuma addunyaa kana keessatti sababni tokko argamnaan dhowwaan isa dhowwu jiraatu malee hin hafne wanti uumama (*makluuqa*) keessa jiru kan sababa, ykn danda'aa, ykn hojjataa ykn jijjiirama fidaa jedhamee waamamu hundi waan itti qindoomu, akka ulaagaa isaaf ta'uu fi faallaa isaa kan isa dhowwuu fi faallessu qaba. Rabbiin akkana jedhe:

'Waan hunda qindii lama uumne.' Qindii jechuudhaan hiriyaa isa fakkaatuu fi faallaa isa faallessutu itti fedhama. Kun hedduudha. Uumamaan kamillee qindii qaba, Rabbii (SW) qofatu qindii, fakkaataa fi hiriyaa hin qabu. Kanaaf namni isaan alaa Kaaliq (uumaa), Rabbiin jedhamee gadi dhiisaadhaan

(22) al-Muswadaa (365) ilaali.

waamamuun hin maluuf. Kun hojjatamaadhaan kophaa bahuu kenna; kun immoo Rabbii tokkichaaf malee hin ta'u." [23]

Akkana jechuudhan itti fufan: "…sababni wahii jiraannaan kan waan lamaa fi Sanaa ol-irraa ijaarame tahu malee hin hafu. Uumamani tokko sababani irraa hin dhufu jechuu bira darbee Uumama keessa kan sababni tokko qofti irraa dhufuyyu hin jiru. Uumamaa irraa wanti argamu lamaa fi lamaa ol-irraayyi"

"Tokkichi kophaa isaa hojjatu Rabbiin qofa. Akkuma tokkummaan haqa isaa fi kan isaan adda hin baane taate uumamtoonnis qindoominni/yakutummaan haqa jaraa fi kan jara irraa adda hin baanedha. Tokkichummaan guutuu ta'uutti akeekti, yakutoon hir'inatti akeekti." [24]

Akkuma agartu kana sheekni kun sababa akeeka tawhiidaa fi mallattoo isii irraa godhanii ilaalan. Akkasumas Imaam Ahmad sababaa ni qabata jedhu. Kunis jecha isaanii kan "Kun akka foon booyyee du'aati" jedhu, waan *haraamummaan* isaa jabeeffamu keessatti kan isaan fayyadamanu ragaa godhachuudhaani. [25]

Akka Ibnil-Qaasim Rabbiin isa haa mararfatu-isaan irraa odeessanitti:*Hadiidaa (ayranii)* fi *Rasaasa (liidii)* wal-caalchisanii walitti gurguruun hin ta'u jechuu irraa odeesse;

---

[23] al-Fataawii (20/182)

[24] al-Fataawii (25/175). Nuti kana ni fudhanna, wanti jarri jedhan nu hin qabatu. Nuti hojiin ilma namaa jidduu fagoo, ilma namaa fi haala/naannoo laaffifamtuutii argame jechuu ni fudhanna. Kun ilmi namaa walabummaa filannoo ilma namaa hin faallessu. Isiin bakka itti gaafatama isaati, galata isaati, kun jecha Rabbii ol-ta'ee hin faallessu: "Rabbiin isinii fi waan isin hojjattan uume" (Assaaffaat:97)

[25] al-Fataawi (25/175)

kunis warqii fi birrii irratti tilmaamuun gochuudhaani (murtii kanaa sanaaf kennuudhaani). Kun akka isaan sababaan dhalli dhowwamaa tahuu warqii fi birii keessatti sababa kaa'anii eeganaa *hadiidaa* fi *rasaasa* sana irratti qiyaasan tahuun mulataadha. [26]

Ibni Taymiyaan sababaa akka wanta jijjiirama fiduutti, kan waa kakaasuu fi wahitti geessuutti fudhachuu keessatti rakkoo hin arganu. "Wanni jijjiirama fidu tokko kan fedhiidhaan hojjatu ta'us, uumamaan ta'us, kan gara hojiitti nama geessuu fi isa irratti kakaasu ta'us ennaa hojii fi jijjiirama isaa kessatti kan itti qindaa'u jiraate isaaf gargaaraa ta'a." [27]

Ammas akkana jedhan: "Wanti tokko eeyyamamaa ta'uudhaanimoo dhowwamaa ta'uudhaani? Jechuun nama waa ilaalu ykn nama karaa seenu tokko irratti wal-fakkaate miidhaa isaa, bu'aa isaa fi kaayyoo isaa haa ilaalu. Yoo badii mul'ataa of-keessaa qabaate abbaan amantii itti ajajuun ykn isa eeyyamamaa gochuun waan hin fakkaanne, abbaan amantii dhowwee jira jedhamee murama, keessattuu ennaa gara waan Rabbiin dallansiisuutti geessa ta'e."

Ibnil-Qayyim akkana jedhan: "Sheri'aan ijaarsaa fi bu'uurri isii faaydaa gabrootaa kan addunyaa fi *aakiraa* irratti hundaa'e. Hundi isiituu haqa, hundi isiituu, *rahmata* (gara laafina), hundi isiituu faaydaadha. Wanti haqa irraa gara cubbuutti bahe hundi, gara laafina irraa gara garaa jabeenyaatti, faaydaa (gaarummaa)

---

(26) al-Muswad (367)

(27) al-Fataawi (25/175)

irraa gara badiitti, ogummaa fi kaayyoo irraa gara taphaatti bahe inni shari'aa irraa miti, yoo dabsamtee itti galfamtellee." [28]

Sababoota filatamtuu Ibni Taymiyaa keessaa tokko jecha isaanii kana: "Anii fi gariin waahillan kiyyaa bara Taataar ummata jaraa kan dhugaatii alkoolii dhugan irra dhufne. Nama anaa wajjin jiru keessaa tokko jara irratti morme; an immoo waahila kiyya irrattin morme. Akkanan jedhe: 'Kan Rabbiin alkoolii dhowwamaa godheef waan isiin salaataa fi zikrii Rabbii irraa nama deebistuufi, jarri kun immoo alkooliin lubbuu ajjeesuu, ilmaan booji'uu fi horii fudhachuu irraa jara deebisti. Kanaafuu jara dhiisi'" [29]

Ahmad, Is-haaq, Awzaa'ii fi warri biraa *haddiin* (gumaan) dachii diinaa keessatti akka hin raawwatamne dubbatan. Sababaan isaa mul'ataadha. Kan adabamu amantii irraa deebi'uu fi gara diinaatti baqachuu sodaadhaafi.

***

[28] I'laamul-Muwaqqi'ayn (3/3)
[29] Mada olitti darbe (3/5).

## Cuunfaa mazhaabotaa waa'ee sababaa ilaalchisee

Irra guddaan beektota sahaabaa, taabi'ootaa fi warri booda jaraa dhufanii 'Ahkaamni (murteewwan) shari'aa Islaamaa faaydaa addunyaa fi aakiraa fiduu fi gosoota miidhaa addunyaa fi aakiraa deebisuu sababa godhatti. Kun immoo kan hiikni isaa namaaf hubatamaa fi kan hin hubatamne tahuus danda'a. Zaahiriyyoota (warra ragaa irra keessa ilaalan) muraasa malee kana namni faallesse hin jiru.

Warra tilmaamni ni jira jedhu biratti waan qiyaasni keessa jiru hunda keessa sababaan jiraachuu keessatti wal-dhabbiin jidduu jaraa hin jiru. beektota irra hedduu biratti sababni roga *qiyaasaa* irraayyi. Inumaa gariin isaanii roga qiyaasaa isa tokkicha jedhee lakkaa'eeyyu, rogoonni isaan ala jiran ulaagaa isiiti jedhan.(30)

Akkasuma Imaamu Ahmadii fi waahillan isaanii murteewwan sababa qabaachuu, waan sammuun ilma namaa ilaaluu danda'u ilaaluu, murtee abbaa amantii keessaa gara karaa sababaa fi faaydaawwam gabrootaatti geessuu ilaaluun ni danda'ama jechuu irratti irra guddaa beektotaa wajjin jiru.

Imaamu Ahmad ennaa sababni ragaa mul'ataadhaan wal-faallesse sababa hin fudhatanu. Haala akkanaa keessatti sababaa bakki hin kennamneef jedhanii ilaalu. Namni ittiin ragaa godhate kan sababaa dogoggore ta'a, sababa dhugaa kan ragaa hin faallessine argachuuf qorannoo walitti fufuu fi qabsaa'uutu isa irra jira.

(30 ) Attalwiih (2/353). Sammuun yeroo hedduu faaydaa fi miidhaa itti dhaqqaba, isii irraa saaqa, sababa irraa fudhatamtu mul'isa, isiidhaan ragaa godhata.

Xiinxala kaayyoowwanii ijaaruuf Sababni jalqaba seenaa keenyaa irraa ka'umsa barbaachisaa ta'uu mala ture. Osoo beektonni keenya waa'ee sababaa gara kallattii kaayyoowwaniitti dheeressanii akka namaa mul'atutti qiyaasatti heewasamuun (*shaagalamuun*) yaada jaraa irratti jijjiirama fideera ture, irratti moo'ee ture, kallattiin isaan sababa godhuu itti hidhatte, maalummaa isaatti maxxantee roga/arkaana isaa irra barbaachisaa taatee turte. Xiinxalli kaayyolee booda irra bifa bu'uura sheri'aa kan bira darbuu fi dagachiisuun hin danda'amne godhee mul'atuuf dhokate. Keessattuu erga beektonni Islaamaa bara jalqabaa booda rakkoo jidduu barnoota Islaamummaa fi qabatama jiruu adda baasuu keessa jiru hubatanii booda. Qabsoon beektota bebbeekamoo Sanaa kaayyolee, duraa duuba fi faaydaa ifa baasuutti eegale. Kunis shari'aan Islaamaa geessuu fi guutuudha jechuu qalbii fi sammuu raggaasisuu fi ummata amansiisuufi.

وَمَا كَانَ رَبُّكَ نَسِيًّا ﴿٦٤﴾ مريم: 64

"Rabbiin kee dagataa hin taane." (Maryam: 64).

Rabbiin shari'attii kanaaf waan addaa kan isiin ittiin jijjiiramaa fi waan haaraadhaaf deebii kennuu dandeessu isiidhaaf kenne.

**Kana mirkaneessuudhaaf tooftaan akkaan barbaachisaan lama:**

1. Sababaa murteewwanii, kayyoo Islaamaa fi kaayyoo sharii'aa ibsuu:

Murtiin hunduu ga'ee hojii kan galmaan gahu qaba. Kaayyoo mirkaneessu qaba; sababa mul'attuu ykn dhokattuu isii argamsiisuuf hojjatuu fi kaayyoo itti xiyyeeffatu qaba. Kun

hunduu addunyaa fi *aakiraatti* faaydaa ilma namaatiif argamsiisuu fi miidhaa irraa deebisuufi. Akksumas kaayyoolee, murtiinii fi sababa Qur'aanni kabajamaa fi hadiisni ergamaa Rabbii (SAW) kan ibsa shaakala isii addeessu ni ibsa jechuu addeessan. Warri beekumsa qaban isii keessa gadi lallaaluu fi xiinxaluudhaan itti ni gahu. Sababaa murtii mirkaneessuu fi qulqulleessuun ni argama, faaydaan murtii hunda irraa mirkanooftuu fi miidhaan isiidhaan deebifamtu ni ifti, daangaan seensa/karaa kaayyolee sana irraa saaquu, faaydaa hubachuu fi sababaa addaan beekuutti geessitu ifa taati.

*Usuuliyyoonni* (warri waa'ee bu'uura shari'aa qo'atan) barnoota Usuula Fiqhii keessatti sana hunda fudhachuutti seenan. Keessattuu waa'ee *qiyaasaa* fi *Istis-haabaa* keessatti. Akkuma kitaabni warra duraa kan akka Shaafi'ii, imaam al-Haramaynii fi warra biraa itti dammaqse. Gariin isaanii icciti murtii tokko karaa godhuu ennaa dubbatanu cinaa tokko irraa xuqu, akkuma Abuu Haamid al-Gazaaliin "Ihyaa'u Uluumiddiin" keessatti hojjatan. Hakim attirmizii fi warri biroos.

Kallattiin sun jabaattee sadarkaa fedhii abbaa amantichaa fi kaayyoo isaa taatu geesse. Qabeenya warra duraanii fi beektota hubannoo qaban warra isaan hordofaniiti (waan jarri barbaadan ta'e). Faaydaa fi kaayyoo irraa wanti isii booda jiru ennaa mul'ate jechi kan jara hidhu/daangessu hin turre.

2. **Wal-duraa duuba (tarree), kan durri kennamuufii qabuu fi xiinxalli kaayyolee mul'achuu.**

Beektonni keenya warri amantii isaanii hubatan, haala qabatama keessa jiraatanuu warri beekan wal-duraa duuba

hojii keessatti ilaalcha ifaa irra deemu, waan hunda bakka isaaf malu kaa'u, sababaa *haajiyyaat*aatiif (kan namni guyyuu itti dhimma) *daruuriyyaat*a (kan namni jiraachuuf dirqamatti barbaadu) hin dhiisanu, sababaa *tahsiiniyyaataat*iif (kan jiruu miidhagsuuf ooltu) *haajiyyata* hin dhiisanu. Hariiroon jidduu karaa lameenii: "Kaayyolee fi wal-duraa duubaa" hariiroo falmiiti. Kaayyoo hubachuun wahyii hubachuu namaaf mijjeessa; wal-duraa duuba (kan dursi kennamuuf) beekuun qabatama yeroo beekuu namaaf mijjeessa (qabatama yeroo beekuu irraa argama), amantii qabachuu fi Qur'aana hubachuun isa irra dhaabbata, kanaa fi sana irraa ijaarame.

### ***Hubannoo kaayyoowwanii fi tooftaa isaa***

Hubannoon kaayyolee ka'umsa *kulliyyaa tashrii'aa* (seera walii galaa kan waa karaa godhuu), kaayyoo isii qorachuu fi hubannoo ragaallee gar-tokkee irratti hojii irra oolchuu fi isii karaa qabsiisuu irratti hundaa'a. kun gosa murtii dhimmoota gar-tokkee gara kan walii galaatti deebisuu fi kan damee gara kan bu'uuraatti deebisuu, kaayyolee isii irraa saaquuf hojjachuu irraayyi.

Hubannoon kaayyolee daangaa *atta'liilu allafzii* (sababa jechaa) biratti hin dhaabbatu. Kun *qiyaas al-juzi'ii* jedhamuudhaan kan beekamu miti. Karaa/tooftaa Qorannoo (hordoffii) walii gala irraa deema, jidduu murtiiwwan gartokkee fi seera walii gala keessatti isii bocuu walitti hidhuu yaala, shari'aan beekamtummaa kennuufii irratti ragaaleen hedduutu akeekte, ragaalee hedduutu irratti wal-gargaarte. Kanaan seerri walii

galaa kan waa irraa saaqu kaayyolee shari'aa keessaa tokko ta'a; gara gar-tokkee irratti murteessuutti jijjiiramuudhaan isii irratti murteessa. Kunis erga argama isaa isiiirraa (gar-tokkee irraa) argatee booda. Gama kanaan ennaa ilaallu seera barnoota shaakalaa, kan qo'ataan waan gar-tokkee garii hin qabne irratti hundaa'uudhaan cuunfaa baasee sana booda waan isa fakkaatu hunda irratti murteessuun wal-fakkaata. Kunis murticha hundaaf kennuun ni tola jechuu erga adda baafatanii booda.

Tooftaa/karaan kaayyolee falaasama ragaaleen shari'aa kan sammuu fi beekumsaa, hojii sirrii ta'uu isaa irratti heddummaattee wal-gargaaruu irraa ka'a. kan jechuunis: wanti shari'aan ittiin dhufte hunduu hiikkaan isaa fudhatamaadha, ogummaa/iccitii honga geessuu qabdi jechuudha. *Mujtahidoonni* (beektonni) hikmaa (iccitii) sana hundi isaanii beekanus, gariin beekanii gariin dagatanus. Murteen Qur'aana keessatti dhufnaan hadiisni ergamaa Rabbii (SAW) hiikte hundi murtii hiikni isaa fudhatamu/hubatamu, mul'attuu ykn dhokaattuu taatee eega ergaa/raga shari'aa sana dabalataan xiinxalanii ykn dachii keessa deemanii ykn qabatama jiru erga ilaalanii kan mul'atu qabdi.

***Kaayyolee, hubannoo duraa duubaa fi karaa isaa.***

Hubannoon wal-duraa duubaa (kan irra barbaachisuuf dursa kennuu) hojii waaqeffannaa (gabbartii) hubannoo gadi fagoo hubachuu irratti hunda'a. Waaqeffannaan qabatama ilma namaa wahyii (ergaa) Rabbiitiin walitti hidhuu yaaluudha. Yaaliin kunis yeroo baay'ee yaalii fuuldura isii rakkoon dhaabbattudha.

Kunis daadhabina ilma namaa irraa, haala guyyaa keessa namatti dhufu ykn gufuu dhara lafa qabatee ta'uu danda'a.
Amantiin guutamuun waaqeffannaan guutamuu jechuu miti. Waaqeffannaan gonkumaa hin guutu, amantiin *wahyii* (beeksisa) Rabbiiti, waaqeffannaan hojii ilma namaati; dhaabbii ykn citiinsa ykn guutinsa malee gara Rabbii deemuudha. Jaarraa nabiyyummaa iyyuu amantiin guutuu wajjin waaqeffannaan jidduu sahaabotaatti akka barbaadamutti hin guunne. Kanaaf nabiyyiin (SAW) osoo Ka'baa bu'uura Ibraahiim (AS) irratti guutuu hawwanuu du'an. Sababa qabatama ulfaataa jiruutiif osoo hin hojjatin du'an. Aa'ishaadhaan ennaa dubbatan akkana jedhan: "Osoo ummanni kee (Qurayshiin) wallaalummaa keessaa bahiinsi isaanii dhihoo ta'uu baatee, qalbiin jaraa jibbuu baatee silaa *Jidrii* (dada alaa) mana keessa galcheen ulaa isaa lafatti maxxansan ture." Oduu/gabaasa biraatiin immoo "Osoo ummanni kee barri isaan diddaa (*Kufrii*) keessaa bahan dhihoo ta'uu baatee", kan biraa keessatti immoo "Manni akka diigamu ajajnaan diigamee wanti isa keessaa baafame itti deebisan ture… bu'uura Ibraahiimiinan gahan ture." [31]
Hubannoon wal-duraa duubaa duudhaa shari'aa irra dhaabbatee dhimmoota garii dura buusuu fi kaan booda aansuutti murteessa. Akkumayyu nabiyyiin kaayyoo Qurayshota Iimaanaa fi Islaamummaa irratti eeguu ka'abaa bakka ijaarsa abbaa keenya Ibraahiimitti deebisuu dura buusan.

---

[31] Bukaarii (126), Muslim (1333)…

***Hubannoo kaayyolee, wal-duraa duubaa fi sababoota isaa ijaaruu keessatti booda aanuu***

Hubannoon kaayyolee fi walduraa duubaa murteewwan *fiqhii* fi xiinxalaa keessatti waan argachuu qabu hin arganne (bakka ga’uu qabu hin geenye). *Mujtahidoota* bebbeekamoo xiqqoo biratti bifa ti’ooriitiin ykn bifa achi ba’aa ta’een bakka argatullee. Dhimmoota armaan gadii sababoota garii kan yeroodhaan dagaaginaa fi guddina kaayyoowwanii qorachuu irraa nama dabsedha:

1. Ol-aantummaa ilaalcha *al-kalaamii* isa qullaa fi sababaa fi kaayyoon abbaa amantii karaa godhee irratti hin ta’amoo hin ta’uu irratti wal-dhabuu. Kunis akka ilaalcha namoota gariitti akka inni faaydaa guutuu isa jedhutti akka nama hin geessineefi. [32]
2. Ilaalchi fiqhii gar-tokkeen kan raga gartokkee dameedhaaf ykn waan argameef barbaadu injifachuu.
3. Kallattiin dubbisa tan wahyii qofti ol’aantummaa mirkaneeffachuu.
4. Ergaa sahri’aa keessatti jecha ykn galumsa lugaa irratti xiyyeeffachuu.
5. Xiinxala gadi dhiisaa (kan yeroo fi iddoon hin daangeffamne) kan haala yeroo fi bakkaa hin eegganne.

[32] kan dubbiin isaa darbe.

6. Walitti fakkeessuu fi ta'uu hin ooluu keessatti liqimsamuu, qabatama jiruu kan beekumsaa irraa fagaachuu fi ***fiqhiin osoo***[33] mul'achuu.
7. Gariin namaa kallattiiwwan amantiiwwan duraanii irraa dhufteen dhiibbaa isaan irra dhufuufi dirree waaqeffannaa isii keessatti bal'isuu. Keessattuu waan shari'aa Tawraat irraa fudhatamee fi waan Yahuudaan isatti dabalte.
8. Namoonni gariin Rabbiif gabroomuu kan ogummaa fi beekumsa irratti hundoftee fi uumamaaf gabroomuu adda baasuu dhabuu fi jidduun jaraa wal-fakkaachuu herreguudha.
9. Namni gariin waan amantiin Islaamaa ittiin adda taatu karaa adeemsaa daangeffamtuu godhachuu dhiisee akka seenaa ykn aadaa qofatti ilaaluudha. Lamaan jidduu garaa garummaa guddaatu jira.

Kana xiinxalli sababaa kan Muslimoonni ganamaan itti fayyadaman, kan Awrooppaanonni immoo jaarraalee hedduu booda hojii shaakalaa keessatti bu'uura godhachuudhaan itti fayyadaman sammuun Muslimaa geengoo lubbuu ofii itti galche fi gartokkee irraa gara gartokkeetti siquu keessaa bahuu hin gargaarre.

### *Ibsa karaa (ifa karaa irra jiru)*

Kanumaa wajjin ilaalchi kaayyolee beektota *salafaa* ummata kanaa gurguddaa sahaabota ergamaa Rabbii fi dureewwan

[33] Osoo dhimmi akkanaa akkas ta'ee murteen isaa maal ta'a? jedhanii dura bu'anii yaaduu ykn murtee kennuu (Hiikaa).

*aalibaytii* (firoottan ergmaa) biratti argamee jira. Garuu akka barnoota of-danda'eetti boca isii hin arganne. Silaa kan ta'uu ture barnoonni Usuulal-Fiqhii isa irratti hundeeffamuu ykn barnoota falmii, seerran bu'uuraa, wal-dhabbii fi kan biraa wajjin cinaacha isaa dhaabbachuu ture. Kunis sababoota dubbanne Sanaa fi kan biraatiifi, akkasuma waan beektonni qorannoo sababaa, hariiroo, faaydaa fi kkftti heewasamaniifi (itti ifaajaniifi). Kunis jumhuura biratti Qiyaasa qabachuufi, warra faaydaa jedhu biratti immoo faaydaa qabachuufi. Sun Imaam al-Haramayn (478H) biratti mul'ate, eeganaa Imaam Abii Haamid al-Gazaalii (505H) beektonni kana irratti barreessuu wal-hordofan.

Achii booda Imaam Abuu Is-haaq ashaaxibiin, kan kitaabni isaanii "al-muwaafaqaat" jedhamu kitaaba fiqhii maqaasidaa (hubannoo kaayyolee) keessatti akka madda/wabiitti akkaan barbaachisaa ta'aa dhufan (790H). sana keessatti karaa qorannaa deeme, jidduu sammuu fi *naqlii* (waan nama irraa odeeffamu) walitti qabe. Qorannaa kan walii gala irratti hundaa'e malee murtii gar-tokkee irratti hin gabaabbanne. Bu'uura isii kan *naqlii* qaccee murtee sammuu wajjin ibsaa." [34]

Gariin warra Shaaxibii wajjin yeroo tokko jiraatanii shaaxibii irraa jijjiiramni isaanitti dhufuun ni mul'ata. Isaan keessaa tokko barataa isaa Aasim, kan mata duree "Maqaasidu asharii'a/kaayyolee sharii'aa" jedhee walaloo isaa "Murtaqal-wusuul Ilaa ilmil-Usuul" jedhee adda baase faadha. Tarii wanti inni ittiin Maalik bin Nabiy bin Kalduun ibse isa irratti

[34] al-Muwaffaqaat (1/23)

mirkana’a. akkana jechuun ibse: “Yeroo isaa irraa booda aanee ykn isa dursee dhufe, yaanni isaa ilaalcha Muslimaa hin seenne” (35). Akkasuma ilaalchi Shaaxibiis sammuu Muslimoota yeroo sana jiraatanii hin seenne. Hanga haaromsitoonni ammayyaa isii argatutti yaanni isaawallaalamtuu taatee hafte.

Sheek Muhammad Abdah, sheek Rashiid Ridaa, Dr. Abdallah Diraaz warra bahaa irraa, beektota lamaan: Muhammad Axxaahir bin Aashuurii fi Ilaal al-Faasii warra Morookoo/ Magrib irra isiitti dammaqanii waa’ee isii barreessan. Keessattuu warri dhihaa. Kitaaba hiiktee, kan hundeessitee fi waan faayda qabeessa itti dabalte barreessan. Eeganaa beektonni fi qo’attoonni ammayyaa hambaa sana irratti hundaa’uudhaan qorannoowwan jajjabduu adeemsisan. San keessaa: “*al-Maqaasidul-aammah lisharii’atil-Islaamiyyah*” kan Dr. Yuusuf-Rabbiin isaan haa mararfatu, *“Nazariyyatul-Maqaasidi indal-Imam ashaaxibii*” kan Dr. Ahmad Arraysuunii, *Nazariyyatul-Maqaasidi indal-Imam Muhammad Axxaahir bin Aashuur”* kan Ustaaz Muhammad al-Husaynii. (36)

*Fiqh al-Awliyyaat* (kan dursi kennamuufii qabu) immoo bifa gar-tokkeetiin kitaabota gara garaa keessa faca’ee kitaabota Fiqhii ykn Usuula Fiqhii keessatti argamullee Fuqhaa (beektota) keenya warra durii biratti bifa barnoota of-danda’aatiin hin jiru ture. Akkuma Shaaxibiin barnoota/hubannoo kaayyolee ilaale. Seensa kitaaba keenya “Fiqhul-Awlawiyyaat” keessatti barnoota

---

(35 ) wijhatul-Aalami-Islaamii. Kutaa lammaffaa.

(36 ) kitaabni sadan maxxansa Ma’had al-aalamii lil-fikril -Islaamii keessatti dhiheeffamte. Farajina, Amerka.

hubannoo wal-duraa duubaa akka damee barnoota of-danda'aa tokkootti kan hundee fi seerota bu'uuraa qabu hundeessuun barbaachisaa akka ta'e akeeknee jirra. [37] Kunis waan ummanni jireenya isii ammaa kana keessatti itti dhimmituufi, akka "Fiqhul-Maqaasid" miidhametti akka hin miidhamneefi.

Garuu sun ganamaan eegaluu qaba. Hanga "Kaayyolee Qur'aanaa ol-aantuu barbaachistuu" gahutti qo'annoon itti fufuu qaba. Hojii irra oolchuu fi qabatama jiruu namaa isiidhaan tiksuun itti fufuu qaba.

## *Barnoota hubannoo kaayyolee fi wal-duraa duubaa dagachuun hir'ina inni fidu*

Barnoota hubannoo kaayyolee fi wal-duraa duubaa dagachuun hir'ina armaan gadii akka hubannoottis ta'ee akka xiinxalaatti sammuu Muslimaa irratti fida:

1. Xiinxalli Islaamaa geengoo fiqhii qaruuraa tan hanga feete bal'attus dhiphoo taatee haftuuf hidhamtee argamuu.
2. Hubannoo amantii akka waaqeffannaa qofaatti gabaabsuu, sonoowwan wahyii dirre jiruu bal'oo irraa fageessuu.

---

[37] Kitaaba Muhammad wakil: "Fiqhi al-Awlawiyyaat: Diraasatun fiddawaabix" kan jedhu, kan mata duree kana ilaalchisee qabsoo bu'uuraa gaariidha jedhamee ilaalamu ilaali. Dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamaa (1997), waraqaa Dr. Muhammad Hammaam Abdurrahiim Mulhim "Fiqhul-Awlawiyyaat, wataxbiiqaatihii fissiyaasaat asharii'iyyah" waraqaa (PhD).

3. Ilaalchi Muslimaa fedhii isaatiif, gatii hojii isaatiif, madda madaallii hojii sanaatiif sossoo'uu.
4. Ulaa dadhabbii fi ceem'aa/taati'oo sammuu nama muslimaa duratti banuu. Kunis kallattii waaqeffannaa - kan hin fudhatamne-jabeessuudhaani, gariin murtee, sababaa fi iccitii booda isii dhokatte qorachuun faaydaa hin qabu jechuun itti dhagahamuutiini.
5. Ilaalcha gar-tokkee kan heera hin baafanne, ilaalcha dogoggoraa garii bira jirtu mul'isuuf kan seera hin tolfanne qophxeessuu. Kun immoo akka shari'aan goggogduu taatee fi moggaa jiruu irratti akka aftetti isaan ilaalchise.
6. Daangaa fi barruu Aristootil hordofu keessatti daangaa darbuu. Qarooma bara boodaa keessa sammuun Muslimaa jechootaa fi seerota daangaa fi barruutti rarraatuuf booji'amaa ta'e.
7. Sharii'aa Islaamaa akka "Seera du'aa" kan seenaan bira darbeetti mul'isuu.
8. Gar-tokkee fi bal'ina keessa liqimsamuudhaan kan walii gala fi bu'uura irraa heewasamuu (*shaagalamuu*). Kun immoo akka diinni Islaamaa akka sammuun Muslimni gar-tokkee malee kan walii gala hin beeknetti shakku taasise.
9. Nama jala deemuu fi hordofu qabachuudhaan akka madda rakkoo irraa eeguu fi wallaalamaa baasuutti fudhachuu. Walaloon afaanarabaa takka akkana jetti.

*Lugni lugnummaan gaara se'a*
*kun ganiinsa sammuu dhukkubsattuuti.*

10. Walitti hidhatiinsi sababaa fi wanta argamu jidduu jiru *sunnaa* (aadaa) Rabbii dabarte ta'uu wallaaluun *tawakkula* jedhanii, shakkii fi ta'uu hin ooluu irratti hirkatanii sababa qabachuu irraa fagaachuu.
11. Fageenya nama dhuunfaa xiinxalaa fi kaayyoo irratti aguuguu, namootaan haqa beekuutti dabuu. silaa faallaan isaa sirrii ta'uu qaba ture.
12. Dubbii keessatti dhaabbata dahuu, toofataa qo'annaa keessatti dabuu, tooftaa marii, raga godhachuu fi hubannoo fudhachuu wallaaluu.
13. Wantoota shari'aadhaan dhaabbataa ta'anii fi jijjiiramaa ta'an wal-makuu. Kun immoo dhimma wantoota fudhatamaa fi deebifamaa, *sunnaa* fi *bid'aa*, nama dhuunfaa fi gamtaa, yeroo tokko tokko *halaalaa* fi *haraamaa* walitti makuuf sababa ta'e.
14. Irra keessummaatti dabuudhaan karoora walii galaa, hundeeffamaa fi qulqulleessuu gadi fagoo irraa fagaachuu.
15. Itti gaafatama qabatama ummata kanaa badaa irraa baqachuuf jecha lubbuu ofii qulqulleessuu, balaa fi dogoggora hundaaf nama biraatu sababa ta'e jedhanii shakkuu.
16. Keessa dhiisanii mul'ata irra keessaatiin heewasamuu (*shaagalamuu*), firiitti ariifachuu, jidduu garaa murannaa nama ajjeesuu fi kajeellaa daangaa darbaa ta'ee gara gaggaluu
17. . Jidduu beekumsaa fi hojii, yaad-diddaa (*tiyoorii*) fi shaakalaa adda baasuu. Kun yeroo tokko tokko jidduu

beektota Islaamaa warra hojjatanii bifa qabsoo/ifaajee hundaa faffacaasuun wal-dhabuutti geessa.

18. Se'aalee tokko tokko dhaadhessuu. Fkn: sammuu fi *naqliin* (madden ergaa Islaamaa), *iimaanaa* fi beekumsi wal-dhabu jechuufaadha. Kunis garee Muslimaa hedduudhaaf ilaalcha *Aqiida* fi xiinxalaa keessatti gaaga'ama uume.
19. Sadarkaaleen wal keessa seenuu, waan hunda keessatti dhimmoota tartiiba qabsiisanii hundaafuu sadarkaa fi gahee hojii isaa kennuu danda'uu dhabuu
20. . Qabsoon wal-dhabbii jidduu nama dhuunfaa fi gareetti injifachuu, ykn ifaajee jaraa haala gaariidhaan qindeessuu dhabuu.
21. Dhimma ammaa yaachisaa irraa gara kan darbeetti ykn gara waan ammallee hin beekamneetti baqachuu. Waan mijjataa fudhatanii argamsiisuu isaa irratti hojjachuu dhiisanii waan fuulduratti kajeelamu, kan qabatama hin qabneen qabatanii deemuu.
22. Garees ta'e nama dhuunfaa yookii dhaaba tokko fudhachuuf ykn diduuf ulaagaan gadi fagoon (ka ilaalcha bilchaataan qophaa'e) dhabamuun sababa sharii'aa tokkoon ala bal'isuu fi dhiphisuu (namatti murtii kennuu.)
23. Xiinxalli tokkoo (gar-tokkee)n ol'aantummaa argachuu, tokkoo sirriidha jedhanii, kaaniin immoo mul'isanii ykn keessaan kan biraa mormuu.
24. Adeemsa nama harkatti qabuu, sirreesuu fi keessa deebii irra darbuu. Kunis isiin adeemsa qajeeltuu gadi fageenyii

fi hafiinsi isiidhaan fedhamu keessaa irra barbaachistuudha jechuudhaani.

*Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu, Murteessituu "Tawhiida, Qulqulleessuu fi ijaarsa" daangaalee walii gala*

**Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu, Murteessituu kan walii galaa, gadi dhiifamtuu (kan hin daangeffamne) fi muramtuu:**

Maddi isii madda tokko keessatti qopxeeffamti: hundummaa isaa keessatti, daangeffamaa ta'uu dhabuu isaa keessatti, murtii argamsiisuu keessatti. Maddi kunis Qur'aana guddaadha. Kunis dubbisuu, hubachuu fi xiinxaluu Dubbisa lamaan walitti qabachuu irraa ka'uudhaani. Dubbisni lamaan kun dubbisa *wahyii* fi dubbisa hawaa (uumamaa)ti. Walitti qabachuun kun sonaa isaa, heera bu'uuraa, hundee isaa fi karaa isaa daangessuu irraa hafiinsi hin jiru.

Kunis kan ta'uuf karaan isaa wajjin hojjatan akka raggaatuu fi akka salphatuufi, akka Qur'aanaa fi karaatti ilaalamee akka hojjachiifamuuf. Barruu keenya kan mata duree kana qabdu keessatti yaallee jirra. Kunis Kaayrootti bara 1997 maxxanfame. Guutuu barbaaduu, gadi fageenyaan qorachuu, hojiitti hiikuuf qorannootti dhimmuun akkuma itti fufetti jira. Kunis akka inni sadarkaa karaa barbaadamaa gahuufi. (38)

---

(38) dubbisa lama jechuun dubbisa wahyii fi dubbisa hawaa wal-irratti jechuudha. Dubbisni kaayyoo fi hubannoon nama dubbisee. Hunduu waliini. Qur'aana kabajamaa hawaadhaaf/argamaaf jiddu galeessatti ilaaluudhaan. Tokkumaa isaa kan walii gala keessatti karaa guutuu baadhata, isii hubachuu

fi argachuun ni mijjata. Akkuma hawaan tokkichumaa isaa walii galaa keessatti seeraa isaa fi sunana (karaa) isaa baadhatu-ilmi namaa yoo hawaa keessaa tokko ta'es- garuu ilaalcha keessatti fakkeenya xiqqaa hawaa fi isa keessatti bakka buufamaatti ilalama. Ati qaama xiqqaadha jettaa garuu addunyaan guddaan si keessatti marame. Ilaalcha ykn karaa kana "dubbisa lama jidduu walitti qabuu" al-Haaris al-Muhaasibiin kan bara (243H)du'e kitaaba isaa "”Sammuu fi hubannoo Qur'aanaa" jedhu keessatti gabaabsee dubbate. Garuu akeekni kitaabaa beekumsa ennaa sana aalee jiruu fi haala xiinxala walii galaatiin walitti hidhata ture. Eeganaa Fakruddiin Arraaziin babal'ise, Tafsiira isaa guddaa "Mafaatihul-gaysi" jedhamu karaa kana irratti hundeesse- akka haala yeroo isaa argee irratti, akkuma "al-futuuhaat al-Makkiyyah" kan ibni Arabii keessatti bakka garaa garaatti itti akeekame. Irra hedduun warri Fkruddiin Arraaziidhaan jijjiiramaniidamee kana keessatti karaa isaa daban. Akkumayyuu akeekni *Mufassiroota* (warra Qur'aana hiiku)heddi itti akeektu. Warra karaa kana irra deebi'anii dhi'eessanii fi dagaagsan keessaa irra beekamaan warra ammaa keessaa obboleessa keenya Muhammad Abul-Qaasim Haaj Ahmad. Akka ilaalcha isaatti hiikee ibse, kitaaba isaa "al-Aalamiyyat al-Islaamiyyah Assaniyah" keessatti golantaalee sadiitti kaa'e: gulantaa qopheessuu nabi Ibraahim (AS)tti hikise, gulantaa walitti qabuu Nabi Muhammad (SAW)tti hirkise, gulattaa walitti makuu obboleessi keenya Abul-Qaasim jaarra keenya kana keessa akka nama jalqaba irra jiruutti ilaalama. Garuu nuti jidduu dubbisa lameenii walitti qabuun waan isaan alaa keessa seenuu irraa of-nama geessisa jennee yaanna. Sagantaa barnoota Ramadaanaa kan biyya Morookoo irratti bara 1993 barnoota gabaabduu karaa kana irratti kenna, ibsa dabalataan kenna jedhee yaaleen ture, isiin hanga ammaatti beektonni warri dame adda addaa qorannoo gadi fagoo fi babal'isuu akka adeemsisan jara irraa eeggataa jirti. Kunis akka isiin hubatamtee, babal'attee, nama hunda bira geessee Qur'aana hubachuu fi barnoota isaa ammayyaa ijaaruu keessatti akka nama gargaaruufi. "Beekumsa Islaamessuun" heera jabaa kana irratti dhaabbata. Akkasuma ijaarsi ilaalchi qarooma Islaamaa adeemsa isaa ammaa keessattis nama gargaara-kun akka nuti hubannutti Rabbumatu beeka. Katabbii isaatiin dhaabannee jirra, maxxansaa fi Raabsa immoo "Maktabatu ashuruuq Addawliyyah" kan Kaahiroo jiru ittiin dhaabbatee jira. Kunis Bermuda "Diraasaatunal-Qur'aaniyyah" jedhu lakkoofa (2) keessatti, bara 2006.

## *Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu, Murteessituu fi hariiroo jidduu Qur'aanaa fi* **sunnaa** *(hadisaa)*

Sunnaan nabiyyii Qur'aana ibsuun isa hojiitti hiikuu yeroo tokko tokko jecha ykn *taqriira* (kan hojjatame arganii jaal'atanii dhiisuu)tti qindaa'u, yeroo tokko tokko immoo jara lamaan irraa kophaa bahudha. Garuu haala lameen keessatti bakka ergamaa Rabbiitiif (SAW) sunnaan-karaan dhaabbattuun-jijjiirama haalaa wajjiin hin jijjiiramne jirudha.Kunis akka ummanni isaanitti hidhachuun mijaawuufi. Kanatu hariiroo sirrii fi amanamtuu jidduu isaanii jirtudha, hariiroon ibsa mul'ataa bifa ifaa ta'een mul'ata.

Namni waan kanaan alaa jedhu akka waan Qur'aanni golgola (waan namaaf hin ifne) qabuu kenna. Garuu Qur'aanni immoo waan hundaaf adda baasaadha jedhee ibsa. Shaaxibiin akkana jedhe: "Wantoota Qur'aanni ibse keessaa tokko sunnaa nabiyyiiti". Kun waan nuti sichi adda baasnuu fi kitaaba keenya kan waa'ee sunnaa raggaatuu fi qulqulluu akka Qur'aanni buu'etti kaayyolee ol'aantuu fi murteessituu kana beekumsaa fi hojiitti hiikuu ilaalchisee maxxanfamuuf qoophii irra jiru keessatti kan sichi ibsinudha.

Sunnaa fi seenaan beekumsa hojiitti hiikuu Qur'aana kabajamaa fi kaayyoo isaa ol'aantuu fi murteessituu keessatti isa hordofuudha. Kanaan sunnaan tokkummaa ijaarsa dubbisaa fi hubannaa keessatti isaan wal-jabeessiti. Kunis kara ittiin Qur'aana qabatama keessatti hojjachiisanitti ilaaluudhaani. Kanaan ummanni qiraatii/dubbisa gar-tokkee fi naannoo "Hadiisa wal-dhabaa", "Oduu wal-fakkaataa" fi kkf keessaa baati. Kun dhimma heerri *al-Jurhi watta'diil* (nama xuqaa qabu

xuqaa isaa ibsuu fi kana ququlluu qulqullina isaa ibsuu) hin dandeenyee fi madaalli *naqdii* (bakka rakkoo qabu ibsu) *sanadaa* fi *matnii* falmii kana keessatti ka'u dhaabuu hin dandeenyedha. Hanga har'aatti gariin isii garii irra naanna'uu hin dhisne. Akkuma *ta'wiilli* (hiikkaan) bara dhufaa darbaa hin dhabamne, akkasuma falmiin *sunnaawwan*/*hadiisawwan* lolaa fi duula ergamaan Rabbii (SAW) irra turan, kan yeroo isaanii, kan yeroo ittii aanuu fi akeeka isii keessatti hin dhaabbanne. Kunis yoo Rabbi fedhe sichi mul'ataa ta'ee kitaaba keenya sunnaa nabiyii ilaalchisee maxxanfamuuf qophii irra jiru keessatti ifa ta'a.

Kaayyolee ol'aantuu kana keessatti sunnaan nabiyyii ifa taatee akka maddaa fi karaa/tooftaatti, akka seeraa bulmaataatti dhimma adda addaa irratti hojjatti. Yoo kallattiin *tashrii'aa* (waan tokko karaa godhuu/seera godhuu) kallattii tokko ykn ilaalcha Qur'aana kabajamaa hedduu keessaa ilaalcha tokko qofa kan qabu ta'es. (39)

---

(39 ) Yeroo dheeraadhaaf hubannaa sirri kan sunnaa nabiyyii fi hariiroo inni Qur'aana kabajamaa wajjin qabuu fi akkamitti akka hariiroo kana irratti hundaa'uudhaan wajjin deemama isa jedhu ibsina jennee yaanna. Erga qabsoo fi marii dheeraatiin booda rakkoolee baay'ee murteessituu dhimma sunnaa keessatti guddate baasuu/eeguutti geenye. Osooo bakka isii nagaa ka'amtee akkana hin taatu turte. Kanaan dura mata duree kana keessatti qora'nnoo qopheessuuf itti seeneen jira. kunis gosa barnoota sunnaa kanan barattoota kiyya kan "Yuuniversitiibarnoota Islaamaa fi hawaasummaa" barsiisuuf qopheesse irratti hundaa'uudhaani. Qorannoon kun dhumuuf dhihaatee jira. yoo Rabbi jedhe dhihootti maxxansaaf kennama. Wanti qorannoon kun itti dabalu daangaa hariiroo Qur'aanaa fi sunnaa kan durii caala gadi fagoo ta'e "Ilaalcha murtii shari'aa kan dirqamaa" irraa ka'uudhaan, waan isa hordofee dhufu: gama tokkoon madda lameen isaanii

### ***Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu, Murteessituu fi ergaawwan nabiyyootaa***

Kaayyoon ol'aantuun ennaa ergaan nabiyyoota hundaa isiidhaan hin dhufin kayyoolee walii galaati hin jedhamtu. Kunis waan isiin amantii hunda keessatti tokkummaa amantii, tokkummaa aqiidaa fi kaayyoo irraa dubbattuufi. Gariin dameelee shari'aa yoo heddummaattes wanti faaydaan, ykn sababni mul'ate hundi kaayyolee shari'aa ol'aantuu murteessituu jedhamee hin ilaalamu. Sababni isaas, kaayyoleen murteessituun "Kaayyolee shari'aa" kan hubannoo warra *Usulaa* biratti beekameen walitti qabatti.

Kan qooda isaa sababa ykn *hikmaa*/faaydaa ykn ibsa wal-simataa, kan murtii sheri'aa keessa dhokate irratti gabaabbatu, kaayyoon isaa immoo wanti sharii'aan ittiin dhufe faaydaa sadarkaa isaa sadanitti (: kan dirqamaa, kan guyyaa guyyaan itti dhimmamuu fi kan jiruu miidhagsuuf barbaachisu) mirkaneessuuf akka ta'e warra itti gaafatama amantii fudhate biratti itti quufinsa (fudhatiinsa) guutuu mirkaneessuudha.[40]

---

wal-irraa adda ba'an, mata duree usuula fiqhii keessatti walitti qabaniin kan walitti qindaa'an, gama biraatiin immoo akka madda tokkootti kan ilaalaman ibsa. Kunis (yaanni sadaffaa) ennaa jarri lachuu wal-nassakuu (murtii walii jijjiiruu) ni danda'u jennudha. Kana hundaafuu Xiinxalli babal'achuun hariiroo jidduu jaraa jiru ibsuun hangam tokko akka barbaachisu ibsa.

[40] Dhimmi sababa murteewwanii ibsuu Qur'aana kabajamaa keessatti, sochii ergamaa Rabbii (SAW), jechoota isaanii, murtee isaanii keessatti mul'achuu fi sunnaa nabiyyii kan Qur'aanni raggaasise ta'uu wajjin sammuun warra *Usuulaa* fi f*iqhii* gara kaayyolee shari'aa mil'achuun booda aanee dhufe. Akka raga bu'uuraatti/usuulaatti isa dagaagsuun immoo kana daran booda aanee dhufe. Kunis *kixaabni*/dubbiin warra dirqama amantii fudhatee irratti injifatee waan argameefi. Heerii bu'uuraa kan Imaam al-haramayniin, namni

## *Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu, Murteessituu fi murteewwan gar-tokkee lakkaa'uu*

Amala Kaayyoo Qur'aanaa Ol-aantuu, Murteessituu keessaa inni tokko murteewwan gartokkee lakkaa'uu (addaan baasee beekuu) fi gosoota hojii ilma namaa kan qalbii, sammuu fi qaamaa maddisiisuu irratti danda'aa ta'uudha. Kunis gar-tokkee kan walii galaatti hidhuufi, keessi namaa qajeeltuma Rabbiitiin akka qajeeluufi. *Al-Qaraafiin* akkana jedhe: "Namni osoo heera walii galaa hin ilaalin gar-tokkee ilaaluudhaan damee baase dameewwanis harkaa wal-diigdi, yaanni isaa harkaa sossooti, lubbuun isaa sanaan dhiphatti, garaa murti, gar-tokkee kan hin dhumne *haffazuu* (tokko tokkoon beekuu) fi osoo inni kaayyoo isaatti hin gahin akka umuriin isaa baatu gooti. Namni heerota bu'uuraa qabate immoo gar-tokkee hedduu *haffazuu* irraa of-gaha. Kunis waan isiin heerota walii galaa jala galtuufi." [41]

Namni Rabiin heerota fiqhii walii galaa, bu'uuraa fi damee isii kaayyoo ol-aantuudhaan bakkatti hubachiise toltuu hunda walitti qabate, ummata sakaallaa isii keessaa baase.

---

booda isaa Gazaaliin fi warri biraa Izzi bin Abdussalaamii fi Shaaxibii dabalatee faffacaatuu kan gar-tokkeen hedduun itti marsu taatee dhufte. walakkaa tilmaama ykn faaydaa keessatti argamuu issii ykn caalmaa sharii'aafi seenaa isiitti dhaqqabsiisuu salphaa godhe. Akkuma qoodamiinsi beektota ummataa fi dureen jaraa gara warra yaadaa, warra hadiisaa, warra sammuu fi *naqlii* (madda raga sheri'aa irraa kan fudhatamu) tti qoodame qorannoon waa'ee kaayyolee irratti adeemsifamu akka inni caalmaa shari'aa fi murteewwan isii kan *nqqlii* bu'uura godhate fi jidduu jaaraa walitti tolchuu keessa akka naanna'uu taasise. Rabbumatu beeka.

[41] Kitaaba al-Furuuq kan Qarraafii (1/2-3) ilaali.

### *Kaayyoo Qur’aanaa Ol-aantuu, Murteessituu fi sonoota heeraa*

Kaayyoo Qur’aanaa Ol-aantuu, Murteessituun gama waan tokko karaa gochuutiin akka heera bulmaataatti fayyada. Kunis gama isiin maddota seera bulmaataa, heerota seeraa maddisiisuu danad’uu isaa fi hunda isii Kaayyoo Qur’aanaa Ol-aantuu, Murteessituutti hidhuun dirqama ta’uu isaatiini. Isiin Ragaa shari’aa kana abbaan amantii warroota dirqama amantii qaban hojii isaanii sirreeffachuutti qajeelchuu fi gara murteewwan isiitti ga’uuf kaaraa godhedha. *Mujatahidoonni* (tattaafattoonni) gara isaatti deebi’anis, deebi’uu dhabanis.

### *Kaayyoo Qur’aanaa Ol-aantuu fi* fiqhii *(hubannoo) keenya kan Islaamummaatiif of haaromsuun mijjataa ta’uu.*

Qindoomina Kaayyoo Qur’aanaa Ol-aantuu, Murteessituu hojjachiisuun usulaa fi fiqhii keenya keessatti of haaromsun danda’amuutti geessa. Wantoota gara ceem’aa fi bakkummaa/yerummaa kan shari’aa tuqxu irraas sichi eega. [42]

---

[42] amantiin si’aa’ina dadhabuu Imaam al-haramayn mata duree lama keessatti dubbatanii jiru (al-Barhaan 1522, daaral-wafaa). Mata duree duraa keessatti miidhaa “Sharii’aan si’aa’uu dhabuu”, sharii’aa duraanii keessatti fudhatamuun isii mul’attuudha. Si’aa’uu dhabuu shari’aa Islaamaa keessatti immoo wal-dhabanii jiran. Namni gariin waan nabiyyummaan amantii kanaan goolabameef kun waan maluu miti jedhan. imaamul-Haramayniin immoo si’aa’uu dhabuun shari’aa hunda keessatti danda’amuu filate. Raga warra si’aa’uu dhabuu sana hin danda’amu jedhanii ni falame. Sana keessaa jechi Rabbii ol-ta’ee tokko: “Nuti Qur’aana ni buusne, nuti isa tiksina.” (al-Hijr: 9) mula’taa akka ta’e ibse.

***Kaayyoolee Qur’aanaa Ol-aantuu fi haaromsaa fi* ijtihaadaa**

Kaayyoo Qur’aanaa Ol-aantuu fi Murteessituun “Qindoomina keenya kan Qur’aanaa kana” keessatti ragaa akkanumaan ta’uu fi hundee “Usuula fiqhii” keessatti wal-dhabame ykn irratti waliif galame miti. Sichi ka’umsa bu’uuraa kan deebisanii ijaaruu heerota *usuula fiqhii,* isii haaromsuu fi *fiqhii* irra guddaa irratti ijaaruu taati.

Hambaa fiqhii keenyaa wantoota jaarraalee dheeraadhaaf isa xureesse irraa qulqulleessuuf Qur’aanni isa irratti dhugoomsuuf gadi jechuu isaatiif, moggaalee garaa garaa irratti moo’uu isaatiif, ilaalcha naannummaa fi sabummaa irraa isa qulqulleessuun akka inni akka sadarkaa addunyaatti qarooma addunyawaa waliiniitti hirmaachuu irratti danda’aa akka ta’uufi. (43)

***Kaayyoolee Qur’aanaa Ol-aantuu fi miira waa qabuu (yadaa namaa harkatti qabuu) beektota biratti ijaaruu***

Kaayyolee biroo fi caalmaa isii nuti dubbanne irratti dabalataan “Qindoominni Kaayyoolee Qur’aanaa Ol-aantuu murteessituu” sichi warra beekumsa qaban biratti gulantaalee adda addaa

(43) Hariiroon jidduu heera bu’uuraa, murtiiwwan fiqhii, seeraa fi aadaa ummataa hariiroo akkaan jabduudha. Fatwaan (murteen), heerri bu’uuraa kan seeraa fi fiqhii shaakala dheeraa fi wal-barannaa booda gara aadaatti jijjiiramti. Ummanni bu’uura isii kan fiqhii fi seeraa ni dagatti. Akkuma yeroo heddu aadaan gaaffiiwwanii fi rakkoo seera ykn fiqhii irratti akka deebisuuf hin kaastu. Akkasitti hunduu karaa ittiin kaanitti seenu argata. Booda irra bifa furmaataatiin baati. Hariiroon hariiroo falmii, wal-jijjiiruu fi jidduu jaraatti waliin hojjachuuti. Taree ergamaan Rabbii (SAW) ennaa hadiisa barreessuu dhowwan sana jidduu Qur’aanaa, hadiisaa fi hojiitti hiikuu isiitti dammaqsan. Akka isiin aadaa fi amala namaaf taatuun.

keessatti miira harkatti qabiinsaa kan isiidhaan kaanee mallattoo gosoota Islaamummaa, namummaa fi hawaasummaatti ittiin deemnu sichi argamti. Garii barnoota yaad-diddaa (tiyoorii) gariidhaafis akkanauma. Lameenuu qulqulleessuun waan kaayyoo kana keessatti itti hin fayyadamne, yookii gutuuttis ta'ee akka gar-tokkeetti kan isiidhaan wal-faallessudha. [44]

***Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuu, murteessituu fi waan shari'aan ittiin adda taatu akka karaatti hojjachiisuu.***

Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuu hojjachiisuun sichi kaka'umsa guddaa "Waan shari'aan ittiin adda baatu" irratti uffisa (kaka'umsa kennaaf). kunis dhaalmaya keenya kan *fiqhii* fi *Usuulaa* qulqulleessuu fi fiqhii hidhaa, ulfinaa fi malaa irraa qulqulleessuuf, akkasuma fiqhii jala deemsaa kan fiqhii *imaamman* (dureewwan) warra jala deemanii akka ergaa Qur'aanaa fi hadiisaatti ilaaluun kan isa irratti baha/eebifaman, kan boodaa kan duraa kan haqu. Gariin immoo ragaalee dhukattuu kan imaamman sun hin dubbannetu jira malee jarri raga irra dhaabbatan jechuudhaan raga Qur'aanaa fi hadiisaa dura buusu! Yookii immoo fiqhiitu walitti qabachuu fi qulqulleessuudhaan ragaalee shari'aa caala jechuudhaani. Akkuma imaam al-Haramaynii irraa dubbannee dabarsine.

---

[44] qindoominni (dhaabbanni) kaayyoowwanii dhaabbata diriirtuu, ulaagaa, kan gosoonni beekumsaa biraa irratti safaramuuf toltu, beekumsi fayyadduun beekumsa miituu irraa adda baatudha. Isiin beekumsa duudhaaleen walitti hidhuu fi garaa garummaa jidduu isaanii tolchuuf meeshaa/tooftaa danddeettii qabdudha.

Akkasuma kaayyoleen Qur'aanaa kunii fi hubannoon keenya jidduu waan ulaagaa guunnaan akka fiqhiitti ittiin murteeffamuutii fi kan kaayyoleen isaa mirkanaa'uu dhabnaan akka amantiitti hin fudhatamnee fi faallaa isaa fi kkf adda baasa. Kunis waan jidduu fiqhii fi guddisaa da'oo yabbuu ta'ee beektota keenya kallattii suufiyyummaa fi beekumsaa qabachuutti geesse. Hir'ina sanaa fi kan biraa furuuf seerri/qindoominni kaayyolee Qur'aanaa isii irraa nu baraaruu ni danda'a. [45]

### *Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi hojii ilma namaa*

Ennaa jijjiirama hojii ilma namaa hubachuu yaallu akka tuujii ennaa dhagaa bishaan ciisu keessati qunnamtuutti ilaaluun ni danda'ama. Tuujiin osoo hin dhaabbatin dura bifa geengoo sochoo'aatiin kallattii hundatti kan babal'atu agarta. Garuu garaa garummaan jiru hojiin ilma namaa hin dhaabbatu/hin badu. Hanga guyyaa qorannootti itti fufa. Kanaaf itti gaafatamni nama waan badaa karaa godhee nama dhuunfaa biratti hin dhaabanne; dilii waan karaa godhee hanga guyyaa Qiyaamaatti ni baadhata. Kan lammaffaa ykn sadaffaa ykn kumaffaa irratti itti hidhatu danbalii inni duraa karaa godhe sana keessaa tokko. Kanaaf dubbiin hojiitti rarra'uun moggaa filannoo fi kaayaa kan warri *Usuulaa* ilaalcha isaanii irratti hundeessan ni darba. Isiinis "Ilaalcha murtii shari'aa" kan dubbii warra dirqama amantii fudhatee irratti dhaabbatedha.

---

[45] ibsa kana caaluuf kitaaba kana irraa kutaa tokkoffaa ilaaluun ni danda'ama.

Ilaalchi kun murteewwan dirqamaan walitti hiitee jirti. Dirqamni damee aqiidaa, beekumsaa of-keessatti qabata. Ilaalchi falaasamaa kan akka *hadii* (daangaa), waan muramaa fi se'aa sammuu kan warra *Usuulaa* suuta suutaan seenee jira. Keessattuu warra waa'ee *maahiyaa* (dhugaa wahii) fi waan bira qorachuu irraa dubbatan biratti. Dhugaa murtii shari'aa qorachuuutu dhugaa hojii namaa qorachuu irra salphaadha. Waan hojiin ilma naamaa itti kaasu, waan inni qabatama jiruu keessatti fidu, dhugaa qabatama jiruu kan jidduu addunyaa xiinxalaa fi addunyaa jannataa fi ibiddaa jidduu diriiru qorachuuutu irra ulfaata. Yeroo, bakkaa fi kkfn isuma irraayyi.

Hojii fi wanti dhugaa isaa fi jijjiirama isaa kan damee qabdutti rarra'u itti yadda'iinsaa fi ibsa isaaf malu hin arganne. Sammuun warra *Usuulaa* fi *Fiqhii* yeroo hedduu tarkaanfii bu'aa boodaatiif bitamu. Innis hojiin hojjatamuu ykn dhiisuu irratti hundaa'uudhaan hojii madaaluu fi irratti murteessuudha. Kunis hariiroo kallattii jidduu ergaa dirqamtootaa ykn kaayaa fi hojii argamsiisuufi.

Ilaalchi kaayyolee- akkuma harka beektota keenya duraanii irratti guddattee dagaagde ergaa shari'aa kan dirqamaa (sarara sirrii) daangaa godhuu irratti gargaaree jira. namni dirqama amantii baadhatu ergaa itti gaafatamaa keessatti xiyyeeffannoo isaa hunda dirqama isaa of- irraa buusuu fi itti gafatama dirqamaa irraa qulqullaa'uu irraa ka'a. Kunis bu'aa fi jijjiirama inni fidu osoo hin ilaalini. Akka nama dirqama fudhateetti qabatamni waan inni qalbiitti fudhate ykn waan beekaan qoma isaa keessa ka'ate (hubate)dha.

Ragaan shari'aa wanti kun dirqama shari'a ba'aachuuf karaadha jechuun se'aa isaa isa guddaa taanaan sanatu qabatama qomaati, isa biratti sanatu qabatama jiru, hojii sana raawwachuudhaan itti gaafatama isaa bahata. Osoo ilaalchi kaayyolee ol'aantuun ka'umsa irratti hirkaattee bakka qabatamni jiru akkuma jirutti ilaalamutti haalli jiru ni jijjiirama.

### *Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi qabatama jiru*

Qindoomina Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuu irratti hirkachuun qorannaa, jiraachisuu fi anniisaa haaromsaa fi qabsoo gadi maddisiisuu irratti sichi nama gargaara. Maddoota sharii'aa lameen keessatti: Qur'aanaa fi Sunnaa (hadiisa) kan ibsaan, barnootaa fi hojiitti hiikuudhaan qabatama namaa keessatti, maddeen Fiqhii fi meeshaalee isaa kan "Ragaalee keessatti wal-dhabamtuu" jedhamuun kan beekamtu keessatti hojii irra oolti.Dhimma haaromsaa fi qabsoo akkuma Qur'aanni fedhetti sichi gara seera bal'aa ummataatti dabarsa. Sichi sammuu fi lubbuu Islaamaa keessatti, akkasumas anniisaa fi hariiroo jarri Qur'aanaa fi sunnaa ergamaa Rabbii (SAW) wajjin qaban keessatti jijjiirama guddaa mirkaneessa [46]

---

[46] Wanti Qur'aanni kabajamaan shari'aa fi karaa adeemsaa of keessatti hammachuudhaan namaaf mijjeesse shari'aa fi karaan isaa Mu'mintoota hunda keessa hanga dandeettii fi mijjee hubannooo isaatiin faca'uudha. Kanaan Qur'aanni kabajamaan da'oo beekumsa amantii fi sharii'aa ol-ka'achuu kan amantii duraanii keessaa raagdota harkaa cabse. Ummata Islaamaa keessatti osoo gulantaa gosa akkanaa hin dhiisin da'oo ta'e. dhimmattiin kun warra gara Islaamaa hirkatu keessatti hubannoo ijaaruuf kan barbaachisummaa guddaa qabdudha. Kunis kan ta'u dirqamoota, mirgoowwan, kaayyolee fi heerota bu'uuraa kan hariiroo nama dhuunfaa,

***Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuu fi ilaalcha beekumsaa***

Kaayyoolee Qur'aanaa Ol-aantuun murteessituun ammas ilaalcha beekumsaa kan walii gala barnoota shari'aa hunda irratti nama gargaaruu danda'a. Barnoota hawaasummaa fi ijaarsaa keessattis akkanuma. Akkuma ilaalchi kun hojii "Ibsuu, qooduu fi hiikuu" hojjatuun sana keessatti mata duree ta'uu dandeessi. Bu'aa isii madaala dagaagaadhaan qorachuun ni danda'ama, akkasumas aadaa gandaa/naannoo fi sabaatis ni dagaagsiti, walitti qabuu dandeessi. Bifuma wal-fakkaatun qarooma tokkoomaa, kan ummata addunyaawaa aadaa addaa kan sabaa fi naannoo walitti qabachuu, hawaasa qajeelaa fi haqaa dhaabu qindeessuu dandeessa.

Shakkii tokko malee isiin akka dhaabbataatti ilaaluudhaan seera bu'uuraa kan xiinxala addunyaawaa fi hawaa argamsiisuu irratti danda'aadha. Karaa beekumsaa irratti hojjachuu fi isa irratti hunda'uu ni dandeessi. Inumaa isa walitti qabatti, isa hojii qabsiisti, isaan fayyadamti, karaa barnootaatiif faaydaa guddaa kenniti. San keessaa: rakkoo ammaa kana keessaa bahuu fi falaasama barnoota bu'uuraa rakkoo isaa keessaa baasuufaadha.[47]

---

maatii fi hawaasaa to'attu irratti. Ogganaadhaaf ykn gulantaa siyaasaatiif, ykn beekumsaa ykn ogummaa keessatti "Ani kanan argadhe beekumsa kiyyaani" jechuudhaan ykn "Ani waan Isin hin beeknen beeka jechuudhaan dhimma ummataa keessa abbaa irrummaatiif carraa hin kennu.

[47] Garii mallatoowwan Rakkoo tooftaa barnootaa ilaaluuf kitaaba "Nadwatul-Uluum al-Ijtimaa'iyyah" maxxansa Al-Aalamii lil fikril-Islaamaa 1997 fi qorannoowwan biroo kan akka "al-Mawduu'iyyatu fil-Uluumil-ijtimaa'iyyah" gulaalaa: Salaah Qansulah

Kaayyoleen ol-aanaa waan addaa shari'aan xumuraa qabdu irraa kaati, wantoonni addaa sun geengoo sadarkaa (caalmaa) qofaa irraa gara hojii amma itti akeekneetti baasti.

Kennaan addaa kan qindoominni kaayyolee hojjachiisuuf deemu kan arman gadiit:

A. Nabiyyummaa kan madda ol'aanaa Qur'aana guddaa kan sunnaa nabiyyii fi hambaa islaamaa hunda irratti murteessaa ta'e godhatu dubbisaa fi hubannoodhaan akka nabiyyiin booda xumura nabiyyootaatii hin jirretti xumuramuu. (48)
B. Kitaabni murteessaa ta'uudha. Kunis dubbisuu, xiinxaluu fi hubannoo namaatiini. Kun immoo faallaa Rabbummaan murteessaa ta'uun Ilmaan Israa'iili. (49)
C. Sharii'aan kaayyolee ol'aantuu murteessituu, duudhaaleen bu'uuraa, salphisuu fi gara laafinaa bakka sharii'aa ba'aa, ulfaatinaa, dhiphinaa fi waaqeffannaa

(48) Nabiyyummaan xumuramuun daangaa karaa/tooftaa akkaan barbaachistuu irraa lakka'amti, ragaalee/akeeka tooftaa kan barbaachisummaa guddoo qabu qabdi. Kana jalatti dhimmoonni biroo kan akkuma jirutti fudhachuun maddi deebii namaa ol'aanaan Qur'aana keessatti gabaabsamuu wajjin waan wal-dhabutu jira. ibsi isaa karaa sunnaa nabiyyii kan hojiinii keessa jira hanga guyyaa qiyaamaatti. Akka deebi'uu Nabi Iisaa (AS), Muklis bahuu, Mahii fi kan biro kan kiaabban duraanii ittiin dhufanii fi gariin immoo kan oduun isii nuwajjin jiru.

(49) Qorannoo keenya raabsamaa kan Kaahiroo, kan mata dureen isaa "Murteessuummaa Qur'aanaa" jedhuu fi kitaaba obboleessa kiyya Dr. Hishaam kan "al-Ab'aad al-siyasiyya limafhuum al-haakimiyyati" jedhuu, "Ab'aadun gaa'ibatun an al-Fikril-Harakaatil-Islaamiyy al-Mu'aasirah" fi kitaba Muhammad Abl-qaasim "al-aalamiyyatul Islaamiyyatu assaaniya" maxxansa sadaffaa bakka addaa keessa jiraa ilaali.

kan hin hubatamnee fi waaqeffannaadhaan aguugamteen bakka bu’uu.[50]

D. Ergaan Qur’aanaa addunyaawaa ta’e ergaa saba murtawaa kan shari’aa duraanii irraa bakka bu’uu.

Amalli tun Qur’aana guddaa keessatti ibsamte:

وَٱخۡتَارَ مُوسَىٰ قَوۡمَهُۥ سَبۡعِينَ رَجُلٗا لِّمِيقَٰتِنَاۖ فَلَمَّآ أَخَذَتۡهُمُ ٱلرَّجۡفَةُ قَالَ رَبِّ لَوۡ شِئۡتَ أَهۡلَكۡتَهُم مِّن
قَبۡلُ وَإِيَّٰيَۖ أَتُهۡلِكُنَا بِمَا فَعَلَ ٱلسُّفَهَآءُ مِنَّآۖ إِنۡ هِيَ إِلَّا فِتۡنَتُكَ تُضِلُّ بِهَا مَن تَشَآءُ وَتَهۡدِي مَن تَشَآءُۖ أَنتَ وَلِيُّنَا
فَٱغۡفِرۡ لَنَا وَٱرۡحَمۡنَاۖ وَأَنتَ خَيۡرُ ٱلۡغَٰفِرِينَ ١٥٥ ۞ وَٱكۡتُبۡ لَنَا فِي هَٰذِهِ ٱلدُّنۡيَا حَسَنَةٗ وَفِي ٱلۡأٓخِرَةِ إِنَّا
هُدۡنَآ إِلَيۡكَۚ قَالَ عَذَابِيٓ أُصِيبُ بِهِۦ مَنۡ أَشَآءُۖ وَرَحۡمَتِي وَسِعَتۡ كُلَّ شَيۡءٖۚ فَسَأَكۡتُبُهَا لِلَّذِينَ
يَتَّقُونَ وَيُؤۡتُونَ ٱلزَّكَوٰةَ وَٱلَّذِينَ هُم بِـَٔايَٰتِنَا يُؤۡمِنُونَ ١٥٦ ٱلَّذِينَ يَتَّبِعُونَ ٱلرَّسُولَ ٱلنَّبِيَّ ٱلۡأُمِّيَّ
ٱلَّذِي يَجِدُونَهُۥ مَكۡتُوبًا عِندَهُمۡ فِي ٱلتَّوۡرَىٰةِ وَٱلۡإِنجِيلِ يَأۡمُرُهُم بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَىٰهُمۡ عَنِ
ٱلۡمُنكَرِ وَيُحِلُّ لَهُمُ ٱلطَّيِّبَٰتِ وَيُحَرِّمُ عَلَيۡهِمُ ٱلۡخَبَٰٓئِثَ وَيَضَعُ عَنۡهُمۡ إِصۡرَهُمۡ وَٱلۡأَغۡلَٰلَ
ٱلَّتِي كَانَتۡ عَلَيۡهِمۡۚ فَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِهِۦ وَعَزَّرُوهُ وَنَصَرُوهُ وَٱتَّبَعُواْ ٱلنُّورَ ٱلَّذِيٓ أُنزِلَ مَعَهُۥٓ أُوْلَٰٓئِكَ
هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٥٧ قُلۡ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنِّي رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيۡكُمۡ جَمِيعًا ٱلَّذِي لَهُۥ مُلۡكُ
ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۖ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ يُحۡيِۦ وَيُمِيتُۖ فَـَٔامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِ ٱلنَّبِيِّ ٱلۡأُمِّيِّ ٱلَّذِي يُؤۡمِنُ
بِٱللَّهِ وَكَلِمَٰتِهِۦ وَٱتَّبِعُوهُ لَعَلَّكُمۡ تَهۡتَدُونَ ١٥٨ *الأعراف: 155-158*

---

[50] Dhimma waaqeffannaa, ka’umsa isii, dagaagina isii ilaaluuf kitaaba keenya “Maqaasid asharii’aa” kutaa lammaffaa ilaali. Kunis waan isiin waan sharii’aan Ilmaan Israa’iil ittii adda taatu waana taatee fi waan isiin sharii’aa Islaamaa tan murteewwan isii hundaaf sababa keessee fi waan ittiin dhufte hunda sababatti hiite irraa fagaachuu isiitiifi.

*“Baallama keenyaaf Muusaan ummata isaa keessa dhiira torbaatama file. Ennaa sosso’inni jara qabdu “Rabbi osoo feetee duraan jara balleessita, anas; waan wallaaltonni nu irraa ta’an dalaganiin nu balleessitaa? Isiin qormaata kee malee waa hin taane. Isiidhaan abbaa feete balleessita, abbaa feete qajeelchita, ati aanaa keenyaa nuuf dhiisi, nu mararfadhu, ati caalaa dhiistotaa/warra namaaf irra dabruutii” jedhe.*
*“Addunyatti kana keessatti gaarii nuuf raggaasisi, boris. Nuti gara kee deebine”. Adabbii koo isiidhaan naman fedhen xuqa. Tolli koo immoo waan hundaaf bal’attee; sichin warra (Rabbiin) sodaatan, zakaa kennanii fi warra aayatoota keenyatti amananiif kataba/raggaasisa.*
*Warra nabiyyicha barreessuu fi dubbisuu hin beekne hordofan. Tawraatii fi Injiil/wangeela keessatti jara biratti barreeffamaa kan argan, kan toltuutti jara ajaju, hamtuu irraa jara dhowwu, gaggaarii jaraaf eeeyyamu, fofokkataa jara irratti dhowwamaa godhu, ba’aa/baallama fi rakkoo jaraa kan jara irraa buusu. Warri isatti amanan, isa guddisan, isaaf tumsan, ifa isaa wajjin bu’e hordofan jarri sun isaanumatu milkaa’ota.*
*“Yaa ilmaan namaa an ergamaa Rabbiiti gara keessanitti hunda keessanitti kan ergame). (Rabbiin sun) kan mootumman samiilee fi dachii isaaf taate. Isa malee gabbaramaan hin jiru”. Rabbi fi ergamaa isaa nabiiyyii barreessuu fi dubbisuu hin beekne, kan Rabbii fi jechoota isaatti amanu. Akka milkooftanuuf isa hordofaa!”* (A’raaf:155-158) [51]

---

[51] Keeyyatattiin kabajamtuun kun swaan harii’aan Islaamaa ittiin adda baatu keessaa kan akkaan mul’ataa of-keessatti qabatte, jidduu isiitii fi jidduu

### ***Kaayyolee Qur'aanaa ol'aantuu, murteessituu fi karaa beekumsaa***

Namummaan eega qabsoo jabduu, rakkoo dheertuu, sadarkaawwan hamtuu darbuu fi qabsoo beekumsaa fi sammuu wal-hordoftuu booda waan "Tooftaa/karaa barnoota shaakalaa" jedhamee waamamu bira geesse. Tooftaa kanaan wareegama isii ammayaa hunda mirkaneeffatte, tooftaa kanaan amala, seenaa, amantii, eeganaa namuma mataa isaa ilma amalaa (*xabii'aa*)tti ilaaluudhaan addaan baasuun danda'ame. Tooftaa shaakalaa kanaan "Mallattoo namummaa fi hawaasummaa" gadi qabde (akka isiidhaaf owwaatu goote).

Garuu milkiin guutuun kan karaan barnoonni shaakaalaa saayinsii uumamaa keessaatti argame saayinsii/barnoota namummaa fi hawaasummaa keessatti hin argamne. Tooftaa sana ilaalchisee gaaffiin ennaa qaawwi argame "Qaawwi eessaan argame?" jedhu ka'uu eegale. Waan qaawwi kun warra dhihaa biratti hanga guddaadhaan hin mul'anneef xiinxala maliinsaatiin (ta'uu hin oolu jechuudhaan) sababa walii galaa ykn *jaamida* (waan dhaabbataa) sababaa fi dursa (waan dura mul'atuu)n wal-simatee argamuu dirqama godhu irraa of-gahan. Akkasumas yaada gadi dhiisaa (kan hin daangeffamne) dhiisanii yaada gar-tokkuummaa ykn wal biratti ilaaluu fudhatan. Kunis waan haalawwan karaan barnootaa isa keessatti bifa wal-fakkaatuun hin argamne ykn faallaa hin taane walitti qabachuufi.

---

Islaamummaan, seerri isii addunyaawaa ta'uu walitti qabatte. Sanatu akka Islaamummaan bakka hundaa fi yeroo hundaaf malaa akka ta'u taasiste. Mafaatihal-gayb kan Raazii, attahriir wattanwiir kan Ibni Aashur tafsiira jara hundaayyuu hiikkaa aayatoota kanaa irratti ilaali.

Kun immoo akka beektonni rakkoo qubateef furmaata kennuu danda’aniifi.
Qur’aanni guddaan karaa fi tooftaa akka nuuf godhe jabeesse.

لِكُلٍّ جَعَلْنَا مِنكُمْ شِرْعَةً وَمِنْهَاجًا ... ﴿٤٨﴾ المائدة: 48

“Tokko tokkoon keessaniif amantii fi karaa ifaa isiniif goone.” [Al-Maa’idaa: 48]

Karaa fi karaawwan yeroo darbe keessatti hubatame, akka beekumsa yeroo barreeffama kitaabaattis hubannoo addaati hubatame. Sunnaan nabiyyii fi murteewwan isii hubannoo gadi fagoo Qur’aana hubachuuf, duudhaa fi murteewwan isaa hubachuuf warra irra hedduu biratti karaa irra deemanu turte. Sana booda *Usuulal fiqhiin* murtee fiqhii beekuudhaaf warra *usuulaa* fi *fiqhii* biratti karaa taate, waarra afaanii fi Muhaddisoota (qorattoota dame hadiisaa) tiifis karaa/tooftaatu baneef. Akkasitti karaan heddummaattee hubannoon karaa/tooftaa babal’attee meeshaalee, ulaagaalee fi tooftaalee of-keessatti hammatte. Garuu akka “Seera lakka’aa/daangessaa fi muraa kan gara beekumsa adda addaa, isii faallessuu/harkatti qabuu fi waan itti lakka’amuu fi waan itti hin lakka’amne ibsuutti ittiin gahanii”, hojiiwwan karaa amma beekamte fi kkf tti ilaaluudhaan hin dagaagne. Kanaaf haaromsa beekumsaa kan “Beekumsa Islaamessuu” jenne keessatti dhimma tooftaa barnootaa goonee dhiheessine. Roga isii utubaa hedduu irratti goone.

Sana keessaa: seera beekumsa tokkichoomsuu, beekumsi Qur’aanaa karaa/tooftaa ta’uu, akka itti Quraana guddaa akka madda beekumsa tawhiidaa, beekumsa isii, seera isii kan beekumsaa fi karaa ta’uu isaatti wajjin hojjannu, karaa ittiin

sunnaa akka madda hiikamaa qur'aanaatti akka dirqamaatti wajjin hojjannu, karaa ittiin hambaa Islaamaa wajjin hojii tooftaa fi beekumsa irratti hundaa'e hojjannu-barnoonni Qur'aanaa, Sunnaa fi kana biroos isuma irraayyi-. Kunis hojii *naqdii* (waa mormuu) hambaa Sanaa gara ifa Qur'aanaa fi qajeeltuma isaatti kan geessu ta'uu qaba. Kanatu dhugoomsaa fi ol'aatummaa Quraanni hambaa keenya irratti qabudha. Eeganaa hambaa sana walitti qabachuu fi beekumsa ammmayyaa ijaaruu keessatti hojii qabsiisuuf hojii jabaa barbaachisa. Kunis waan addaan cite fufuu fi hambaa namummaa kan tooftaa/karaa sana walinii wajjin akka itti hojjatan walitti hidhuufi. Kanaaf ilaalchi "Kaayyoon ol-taatuun murteessituun" gaaffilee falaasamaa kan "*Anni'aahiyyah*/ Xumura"[52] jedhamuun beekamteef deebii kennuuf kan akka fakkeenyaatti ka'umsa taatetti ilaaluudhaan dhihaatte, akkasumas akka ulaagaa fi kaayyootti ilaaluudhaan kan dhihaattedha. Dhimmootattiin tun qindoomina kaayyolee ol'aantuu murteessituu keessatti malee walitti hin qabamtu. Isiin tun kan nuti "*Tawhiida* (tokkichoomsuu), qulqulleessuu fi ijaarsa" jechuu isiidhaaf hundeessinudha.

---

[52] Gaafiileen *Anihaa'iyyaa* kan Rabbiin –waa'een isaa guddate!-, nama, hawaa fi jiruun wal-simattu fi isiidhaa deebii kennitudha. Isiitu ilaalcha ilma namaa kan walii galaa fi waan gaaffileen Anni haa'iyyaa itti rarraate boca qabsiisti. Ennaa deebiin ta'e ilaalchis ni ta'a, yoo akkas hin ta'in isiin gaaga'amuudhaan adeemsi jiruu ilma namaas isii wajjin gaaga'ama. "Muusa'atal-Yahuudi wal-Yahudiyyati wa Assahuuniyyat" kan Abdal-Wahhaab al-Masiirii, Kaa'iroo: Daar al-Shuruuq 1998 ilaali. Akkasumas "Kasaa'is al-Tasawwurul-Islaamii" kan Sayyid Quxbi al-Masiirii, Kaa'iroo: Daar al-Shuruuq 1994 ilaali.

Hojiin ilma namaa walitti dhufiinsa murtee Rabbii, fedhii isaa fi addunyaa wantootaa kan fedhii isaa mirkaneessuu irraa argama jechuutti akeeknee dabarsine. Yookii akkana haa jedhamu: sochii fagoo, sochii ilma namaa fi addunyaa uumama laaffifamaa jidduu irraa argama. Hojiin kun ergaan/dubbiin sharii'aa isatti rarra'a. kunis ulaagaalee kaayyolee olaantuu sanaaf barbaachistuun bifa wal-simatuun isa sirreessuu, dhimma tawhidaa, qulqulleessuu fi ijaarsaa keessatti kan jijjiirama fidu taasisuufi.

Murteessuun yookii filachiisun yookii kaayuun kan warri Usuulaa murtii shari'aa beeksisuu keessatti fidanu garii wantootaa shari'aan itti rarra'uuti malee hunda miti. Rabbiin ol-ta'e hojii namaa keessatti dandeettii jiruu namaa jijjiiruu kaa'e, ilma namaa immoo hojii isaa kan namummaa kallattii qabsiisuu fi tartiiba jiruu isaa tolchuu irratti filannoo akka qabaatu taasise. Kunis ergaa Rabbii wajjin wal-simataa ta'uudhaan akka hojiin namaa hawaa (uumama) keessatti jijjiirama gaarii fidu ykn ergaa Rabbiitiin wal-dhabuudhaan jijjiirama hir'inaa fidu tasisa.

Hunda keessattuu madaalli "Kaayyolee Qur'aanaa ol'aantuu murteessituu"dha. Tawhinni waan Rabbiin ittin adda ba'udha, haqa isaati, qulquullinnii/qulqulleessuun waan namni ittiin adda ba'udha, isiin waan namni tawhiidaa fi ijaarsa mirkaneeffachuuf qabaachuu qabu keessaa irra guddoodha. Ijaarsi/jiraachisuun qooda hawaa kanaa, kan qindoomina kana keessaa, yoo garaa garummaan irraa mul'ates tokkooti.

Kaayyoleen ol'aantuun kun keeyyatoota Qur'aanaa fi hadiisa ergamaa Rabbii qulqulluu qorannoo guutuu irratti waan ijaaramteef, sammuun waan isii simatteef isiin kaayyoo oltaatuu

murteessituudha. Gadi dhiifamtuu kan hiika walfakkiif kenname kamillee keessatti wal-fakkiin hin argamnedha. Akkasumas jijjiirraan, bakka buusinsii fi *naskiin* (murteen isaa fuudhamuun) hiikaa *naskii* –akka warra *naskiin* jira jedhuutti yoo deemne-kamiinillee itti hin dhaqqabu. (53)

## Barbaachisummaa adeemsa beekumsaa fi Qur'aanni isa dhugoomsuu

Dubbisaan karaan beekumsaa madda bu'uuraa, ka'umsa Islaamummaa fi xiinxala Islaamaa –Qur'aana-wajjin hojjachuudhaaf dhuguma dirqama barbaachisaa? Akkasumas sunnaa nabiyyii qulqulleeffamtuu wajjin hojjachuudhaaf dirqamaa? Jedhee gaafachuutu mala. Keessattuu akkuma nuti beeknu maddi kun lamaan osoo karaan/malli barnoota shaakalaa osoo hin dhalatin dura waan jaarraa kudha afuritti dhihaatuun guutaman, akka ilaalcha ulamootaatti yeroo sana isiin geessuudhaa?

Xiinxalli falaasamaa, kalaamaa (dubbii), Usulaa, fiqhii fi shaakalaa hunduu hambaa (dhaala) keenya. Hunduu osoo *minhajaa* fi *minhajummaan* (karaa fi karummaan) hin dhalatin guutame. Barnoonni lama bifa ammaa kanaan naannoo jaarraa kudha lamaa dura jiruu hoo maaliif minhajummaan (karaa

---

(53 ) al-Muwaffaqaat kan Shaaxibii ilaali. Akkas jedhe: "… *naskiin* akka ilaalcha sammuutti argames akka argamiinsaatti *kulliyaat* (waan walii galaa) keessatti hin argamu. Kana irratti qorannoo guutuutu akeeka." al-Muwaffaqaat (3/63). Nuti naskiin Qur'aana keessa jira hin jennu: ni ta'as argamee jiras hin jennu jechuu baakaa. Kana ilaalchisee waraqaa qorannoo mata duree "Nahwu Mawqifin Islaamiyyin min al-Naski" jedhuun raabsametu jira. mana maxxansa al-shuruuq al-Dawliyyaatu raabse.

qabaachuun) amma dirqama taati? Sila isiin amma hundeessuuf dirqama taatimoo, fuulduraa fi dhimma isaa ibsuufi? Moo dubbisa seenaa keenya kan jaarraa kudha afran darbanii amma deebisuu fi gaarummaa fi hir'ina isii addaan baasuufi? Ennaa dhiibbaan isii itti fufaa ta'e fuuldurri keenya akkana haa taatuufii? Hanga yoomiitti?
Minhajni (karaan) kana hundaafuu dirqama jechuu dandeenya. Tarii jedhaan akkana jechuu danda'a: Ummanni hambaa isii kan beekumsaa kan walirraa fuudhuu, gabaasaa fi ergaa Rabbiin irraa dhufe waliif dabarsuudhaan argamsiistee jirti, qooda guddaa mirkaneessitee jirti, sun qarooma ennaa sana ture dhaabuu hin dhowwine, waan beektonni addunyaa warri dhugaa dubbatan hin mormine ta'uu irraa hin dabne, inumaa tooftaa barnoota ammayyaa hundeessudhaaf qooda guddaa qabdi. Maal qabannee shoora warra dura asana kan warra ammaatiin gadi buusana? Akkamitti, meeshaa kamiin hambaa warra duraanii kan osoo inni hin jiraannee kan ammaa jiraachuu hin dandeenye irratti tooftaa mormii/diddaa keenyaa fi hiika itti kennuu dandeenya? Maaliif lubbuu isii sammuu keenya irratti dirqama goote?

**Deebiin gaaffiiwwan kanaa yoo Rabbijedhe salphaadha:**

Karaan nuti qabanne kun karaa Qur'aanaati, Qur'aana kabajamaatu tarkaanfiiwwan isii hedduu fide, beektonni keenya ganamaan qabatan, Qur'aanatu egereen waan ammaa fi waan darbe irratti hudeeffama, dhiibbaa (faanni)waan darbee ammaa fi fuuldurattis waan wallaalamuun/of-wollaalchisuun danda'amu miti jechuu nu barsiise. Qur'aanni mataan isaatuu dhaala dhaala/hambaa nabiyyummaa hundaa: Nabi Aadam irraa ahanga

nabiyyii xumuraa (Nageenyi jara irra haa jiraatu) deebifate (keessa deebi'e). isa harkatti qabuu (diiguu), qulqulleessuu fi waan isa fakkaatu kan akka *kuraafaa* (waan soba malee hundee hin qabne) irraa qulqulleessuudhaan dhaabbate. Eeganaa erga dhumaa irratti ijaare. Kunis karaan yeroo duraanii warra *usuulaa (*ogeeyyi seera walii gala kan sheri'aa*)*, *muhaddisootaa* (beektota damee hadiisaa) fi warra biraa biratti beekame akka ergaa Qur'aanaatti karaa guutuu hin turre, akka karaa kan barnoota ammaattis. Akkuma seera karaa yookii daangaa karaa garii taatuun garaa garummaan jidduu lamaaniiti mul'ataadha.
*Maihajaa* fi *minhajiyyummaan* guutuun isatu *naqdii* (waa qabuu ykn faallessuu) beekumsaa sirrii hambaa ummata keenyaatiif deebisuu fi waan isa fakkaatu irraa qulqulleessuu irratti gargaara. Karaaleen dhaalamtuun sun jidduu isiitii fi jidduu hambaa keenya fudhachuu fi itti seenuu da'oo hin goone. Fakkeenyaaf dubbii kana baroota duraa keessatti "Maqaasida asharii'aa" keessatti dubbannee jirra.

**Kaayyolee Qur'aanaa ol'aantuu, murteessituu fi yeroo dhaabbannaa fi addaan citiinsaa**

Imaam al- Haramayniin addaa cituu amantiiwwanii (shari'aawwanii) fi shari'aa keenyaa irratti kitaaba isaanii Usuulaa "al-Baraahiin" keessatti mata duree/kutaa lama gaggaarii kaa'an. Keeyyata (1520-1526) akkana jedhan: "Kan nu yaachisu haaromsi yeroo hundaa fi karaa sharii'aa eeguun dirqama ta'uu irratti waliif galuudha. Yeroon dheeratuun sharii'aan baduu/haqamuutti geessa. Kun kan namni yeroo hunda yaadachuu qabudha. Kan biraa hoo akkami? Karaatu

deebifachuu, qulqulleessuu fi sababa addaan citiinsaa hambaa keenya irraa dhabamsiisuuf fayyada-akka ibsa al-Juwayniitti.” (54)

*Naqdii (*waa qabuu. gamaggamuu*) minhajaa*/karaa deebisuun hambaalee keenya beekuu, madaaluu, eeganaa walitti qabachuu fi dhiibbaa yeroo citiinsaa bira darbuu irratti nama gargaara. Seenaan keenya yeroo *ijtihaada* dhaabuutti waamuu, eeganaa qabatamaan dhaabbatee argamuu, eeganaa isa dhowwuutti waamuu, yeroo garii immoo akka yakka nama adabsiisuutti ilaaluu, eeganaa yeroo lola masqalaa, eeganaa kufiinsa Bagdaadii fi jijjiirama isaa bira darbe. Minhajatu keessaa deebii eegamtuu hambaa Sanaa irratti nama gargaara;akkasumas isa dhugoomsuu, cinaacha cimina isaa walitti qabachuu fi isa irratti ijaaruu irratti nama gargaara.

Asitti gaaffiin biraa ni ka’a, Sila tooftaa/karaa beekumsa shaakalaa kan Qur’aanni kabajamaan mallatoolee isaa fi gufuu isaa of- keessatti qabate, kan qaroomni ammayyaa bira geessee isa laaffiftee fi isa irratti hundaa’uudhaan lubbuu isii irratti ijaarte ni fudhannaa? Sila akkuma inni jirutti isaa Qur’aana irraa adda ba’ee jiruu, beekumsa fagootti isaa hin lakka’amnee, sana bira darbee barnoote beekumsaatiin“Beekamaa qabtamaan (qaama miiraatiin) irra ga’amuu fi shaakala fudhatu”isaa jedhuu sichi fudhannaa? (55) wahyii fi beekusi isaa qabatamaa fi shaakala hin fudhatuu? Yookii Qur’aana karaa godhachuudhaan

(54 )moggaa/miil jalee lak.2, fuula 138-139

(55 ) Kun hiika Yuuniskoon beekumsa saayinsii fudhatamaaf kenneedha.

isiidhaan walitti qabachuu fi bira darbuu isaatiin isa dhugoomsuu fi isa irratti murteessuutu nurra jiraa?!!
Deebiin: ibsi duraa kan karaan keenya karaa sana irra ittiin adda ta'u, karaan keenya akkuma dubbannee dabarsine madda Qur'aana kabajamaa irraayyi, kanaaf karaan keenya waa'ee *gaybii* (waan fagoo/ waan fuulduratti ta'u) hin dhiisu, waan fagoo waan qabatama faaydaa itti gahamuu fi shaakala fudhatuutti dabala. Akka sochii waan fagoo fi jijjiirama inni qabatama keessatti fidu, waan inni sochii hawaa keessatti fidu itti dhaqqabuuf jidduu isaanii walitti hidha. Akka hojii ilama namaatti ga'uu dandeenyutti akka itti geenyuufi. Wanti fagoon hubannoo isaa waalitti qabataadhaan dhabamuun isaa sababoota karaa ammayyaa kana uumteef qooda/damee bu'uuraa dhaabee jira. Waan fagaate kan dhiheeffachuudhaan hojiin jidduu "Dubbisa (ergaa) lamaanii" walitti qabachuu eegala.
Fageenya kana itti dabaluun akkuma dubbanne minhajicha gaaga'ama isaa ammaa kan faanti isii akeekkachiisa eegalte keessaa baastu aqiidaan rogni isii hundi ilaalchi walii gala, seerri beekumsa, fakkeenyi beekumsa walii gala sichi dhaabbata. Isii kanaa fi jidduu dubbisa lameenii walitti qabuu irratti karaan/tooftaan dhaabbata, mogaa fi bal'inni isaa isaan mirkana'a, karaan akka sirraa'uuf foyyessa isa ykn waan isaan wal-qabatuuf taasisuutti hin dhimmu. Sababaa fi wanti biraa kan karaadhaan wal-qabattu akkuma jirtutti hafti. Isiin sunnaa/karaa hawaa (uumamaa) kan hin jijjiiramnee fi hin dabsamnedha, kan Rabbiin malee namni tokkollee harka keessa galfachuu hin dandeenyedha. Dandeettii isaa ibsuuf, ykn yoo fedhe karaa biraa kan biraatiin bakka buusuuf.

**Kaayyolee Qur'aanaa akka itti seerowwan qopheeffamtuu fi walii galaa keessaa baasan.**

"Dubbisa lama walitti qabuu"n kan nuti dubbannu hubannoo "walitti qabuu" kan namoonni hedduun ennaa sadarkaa Qur'aanaa dubbatan kaasanu irraa adda. Walitti qabuun nuti jennu Qur'aana keessaa seera baasuudha. Baasinsa mata duree irratti xiyyeeffate qabu, kan isaan sunanni/karaanii fi beekumsi fagoo seera akeeka/xiyyeeffannoo qabdutti jijjiiramu, kan danda'amu, waliif dabarsuun qorataa tokko irraa gama qorataa biraatti dabarsuun kan danda'mu, fakkiin isii akkuma dhugaa mata duree qabdu kan biraa, kan addunyaa dhihoo irraa fudhatamteti.

Ennaa kaayoo uumaa raggaasisuu fi tapha guutuutti dhabamsiisuu/mormuu barbaanne Qur'aana guddaa irratti gaafii wahii darbuun ni danda'ama: uumamni kaayyoodhaaf uumame moo kaayyoo tokko malee uumame? Ennaa Qur'aana guddaa ilaallu akka uumamni taphaaf ykn akkasumaan, ykn dharaan hin uumamne ibsa, hundi isaatuu haqaan uumame, uumamamnii fi seerri isaa kaayyoodhaafi. Eeganaa kaayyottii kana gadi fageenya guutuudhaan daangessa. Kaayyoon kun seera falaasamaa kan gar-tokkee miliyoonota kan hawaa keessaa, uumama, jiruu fi nama keessaa jiru ni faallessa. Wantoota jiranii fi gargaartota keessatti sochii qorannoo sochoosa. Kunis fageenya yaachisaa kana ilaaludhaaf, taphaa fi carraadhaan ta'uu guutuutti morma, sochii qoranno beekumsaatiin kaayyolee fi murtiitti gahuutti kaasa, osoo isii irraa hin saaqin hin dhaabbatu, sammuun namaa qorannoo barnootaa kana jala deemuu fi daangaa isaa bal'isuuf barbaachisummaa isaa guddaa kanaafi.

Eeganaa Qur'aana irratti gaaffilee biroo darbuu ni dandeenya: sila hawaa (uumama), jiruu ilma namaa fi sochii keessa akka walii galaatti carraadhaan argamuun jiraa? Wama fedhe kan uumamaan jiu, hawaaa fi sochiidhaan carraadhaa ykn akka carraatti argame jechuun nuuf malaa? Yoo Qur'aanaa kana irratti fakkii wahii ni arginaa? Asittis Qur'aanni sichi deebiii kenna: argama/uumama keessa akki carraa hin jiru, wanti hunduu murtii dura darbeen, herregaan, baallamaani, carraadhaan ta'uudhaaf carraan hin jiru jechuudhaan deebisa. Akkasitti gaaffiiwwan keenya maddisiisnee deebiidhaaf gara Qur'aanaa deebina, seerota beekumsaa Qur'aanawaa kana walitti qabna.

Qur'aanni ennaa seerota kana nuuf kennu akka dhandhamaa, ykn xiinxalaatti hin dhiheessine, sadarkaa beekumsaatti dhiheesse, seera Qur'aanawaa mata duree irratti xiyyeeffattuu fi *sunnaawwan* (karaa baratamaa) qabannee gara qabatama jiruu deemna. Kunis ergaan xumuraa akka ergaa duraanii miti jechuu akka irra geenyuufi, isiin raajii fi waan sammuu namaa dirqu, kan isa rifachiisu, isa dhamaasu, waan fudhatamaaf harka kennuu kan isa irratti dirqama godhu irratti hin dhaabanne; karaa/tooftaa, ka'umsaa, sababa waan sababni itti argametti hidhuu fi bu'aa dursa isaatti hidhuu irratti dhaabbatte.

Sammuun ilma namaa ergaa kana keessatti mirga isaa guutuutti fayyadama, dandeettii isaa hunda fireessuu/misoomsuu qaba. Akka uleedhaan dhahanii burqa bishaanii basuu fi *mannii(*ingudaa'ee/coommee) fi *salwii/*foon allaattii/simbirroo (kan Ilmaan Israa'iliif kenname) kenna Rabbii keessa raajiin hin jiru, adabbii addunyaa kan booyyeetti jijjiiruu keessas raajiin hin

jiru, gabbartii/ibaadaa hojjachuu irrattis raajii biraatiin dirqisiisuun hin jiru: akka garaa ol-fuudhanii isa jalatti warra ergaan itti dhufe awwaaluudhaan sodaachisuufaa. Garuu ergaa karaa/seera irratti hundaa’e, kan kaayyolee isa malee namummaan namaa mirkanaa’uu hin dandeenye mirkaneessuutti waamudha.
Ergaa xumuraa kana keessatti ilmi namaa raajii fi waan fagoo wajjin hin hojjatu. Waan uumamaa/beekamaa fi qabatamaa wajjin hojjata. Hubannoo isaa jabaa kan isiidhaan dhageettii, argaa fi onneef kenneen addunyaa uumamaa (kan raajii hin ta’in), *sunana* (karaa baratame) fi seera Rabbii kan isa oggantu wajjin hojjata. Akkasumas waan gama tokkoon fagoo kan namaa fi addunyaa uumamaa qunnamu wajjinis ni hojjata. Garuu fagoo gadi dhiisaa (kan hin daangeffamne) kan ajaja Rabbii kootii miti. Hikmaa (iccitii) isaatti gahuun waan sammuun namaa itti gahu ta’us.
Seeronni itti akeekamee darbe cinaachi/moggaan waan fagoo qabatama jiru, kan tooftaa beekumsaa fi seerota Qur’aana keessaa baafame, ykn Qur’aanni dhugoomee fi of-keessatti qabatee, isaan (Qur’aanaan) irra deebi’anii omishuutiin akka itti dhaqqabamu taasisa.

## Kaayyoolee Qur’aanaa ol’aantuu murteessituu fi daangaa tooftaalee garii

Daangaan (caalmaan/amalli addaa) tooftaalee Qur’aanaa baay’ee hedduudha. San kessaa: ergaan xumaraa kunii fi namni isii fide dhala namaatiif marartoodha (Rahmata/gara laafina). Rabbiin akkana jedhe:

وَمَآ أَرۡسَلۡنَٰكَ إِلَّا رَحۡمَةٗ لِّلۡعَٰلَمِينَ ١٠٧ الأنبياء: 107

*"Addunyaadhaaf gara laafina goonee si ergine". (al-Anbiyaa:107),*

قَدۡ جَآءَكُم مِّنَ ٱللَّهِ نُورٞ وَكِتَٰبٞ مُّبِينٞ ١٥ يَهۡدِي بِهِ ٱللَّهُ مَنِ ٱتَّبَعَ رِضۡوَٰنَهُۥ سُبُلَ ٱلسَّلَٰمِ وَيُخۡرِجُهُم مِّنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِ بِإِذۡنِهِۦ وَيَهۡدِيهِمۡ إِلَىٰ صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ ١٦ *المائدة: 15-16*

*"Ifti(nabiyyii fi Qur'aanni) ifaa ta'e dhugaan isinitti dhufee jira. Nama jaalala isaa barbaade Rabbiin ittiin karaa nagaa qajeelcha. Fedha isaatiin dukkana keessaa gara ifaatti baasa, gara karaa diriiraatti jara qajeelcha." (Al-Maa'idaa: 15-16)*

Yeroo darbe keessatti keeyyatni kun ennaa dubbifamtu sadarkaa ergamaa Rabbii (SAW) fi ergaa Islaamaa keessatti dubbatamti turte, isiin sana irraa qooda tokko ta'uu fi sana irratti akeekuu keessa shakkiin hin jiru. garuu tooftaa/karaa irratti akkeekuu isiitu sana baay'ee caala. Gara laafina ta'uun isii heerota Usuulaa hedduu kan qoma/hubannoo nama hedduu irraa fagaachuun nama raaju lafa ka'a. waan hin dandeenye baadhachuun hin jiru, shari'aa ba'aa fi ulfaattuu dura keenyaa hordofuun hin jiru, amantii kanaa fi seera isii keessa gama kamiinillee dhiphinni hin jiru. bu'uurri lafa jiru wanti gaggaariin namaaf eeyyamamaa ta'uu fi wantoonni fokkataan dhowwamaa ta'uudha. Waan faayda qabeessa keessatti bu'uurri eeyyamamaa ta'uudha ykn barbaachisaa fi eeyyamamaa jidduutti walitti qindoomu. Wantoota miidhaa qaban keessatti bu'uurri dhowwamaa ta'uudha: dhawwamaa ykn jibbamaa jidduutti walitti qindoomu. Dirqama nama irra

jiru keessatti bu’uurri kabajaa fi qulqullina malee xiqqeessuu fi gadi qabuu miti.

Waa karaa godhuu (seera baasuu/*tashrii’*) keessatti bu’uurri kaayyolee sammuun fudhatu, sababa, kaayyoo ilaaluu fi faaydaa eeguudha. Waadaa/walii galtee keessatti bu’uurri fedhii ilma namaa bilisa-waan ragaan keessaa foo’e malee. Gabbartii keessati bu’uurri irraa dhaabbachuudha, waan ragaan dirqama ta’uu isaa ykn jaallatamaa ta’uu isaa irratti akeeke malee hin hojjatamu. Akkasitti kaayyoleen Qur’aanaa ol-aantuun murteessituun amantii kana keessatti dhimma bu’uuraa raggaatuu taatee mul’atti. Isii dhumatu bu’uura, murteewwan hiikaan isii hin beekamne, ykn kan “Ta’abbudiyyaat” jedhamtee waamamtu ergaa xumuraa kana keessatti seera bu’uuraa kana keessatti keessaa foo’amtuu taati. Isiinis foo’insa gadi dhiisaa miti. Gabbartiin/ibaadaan hundi isii sababaa qulqulleessuu qabdi (sababa nama qulqulleessuu qabdi). Isiin kaayyoodha, ergaan/hiikkaan isii sammuuf fudhatamtuudha. Wanti iccitiin (faaydaan) isii yeroo tokko dhokate yeroo biraa mul’ata ykn beektota garii irraa yoo dhokate kan biraatti mul’ata.

## ***Kaayyoolee Qur’aanaa ol’aantuu murteessituun ummata deebisanii ijaaruudhaaf wabiidha***

sirna jiruu Rabbii jiruu fi lubbu qabeeyyii uumetu cimdii godhee ijaare.

سُبۡحَٰنَ ٱلَّذِي خَلَقَ ٱلۡأَزۡوَٰجَ كُلَّهَا مِمَّا تُنۢبِتُ ٱلۡأَرۡضُ وَمِنۡ أَنفُسِهِمۡ وَمِمَّا لَا يَعۡلَمُونَ ٣٦

*يس: 36*

*“(Rabbiin) Inni qindiiwwan hunda waan dacheen biqilchitu irraa, lubbuu isaanii irraa fi waan jarri (ummanni) hin beekne irraa uume qulqullaa’e” (Yaasiin:36)*

Qindiin lachuu sochii jabduu keessa jiru. hojjataa fi irratti hojjatamaatu jira, ennaa jarri wal-ga’an immoo sadaffaatu irraa dhalata, ennaa jarri adda ba’an shoora biraatu jira. Seera/qindoomina qindii kana keessa waan kufiinsa jidduu “Tokkummaa faaydaa” isii gara iimaanaatti harkiftuu fi ilma namaa dahoo ta’utu jira. ilmi namaa uumama isaatiin gamtawaadha; akka kophaa jiraatuuf hin uumamne, tokkummaan isaa xiqqoon kophaa miti; maatiidha. Tokkummaan isaa guddaan namummaadha malee gosummaa ykn garee miti. Jidduu tokkummaa lameenii: xiqqoo fi guddootti akka wal-beekuun argamuuf sabummaan, gosummaan, hawaasummaa fi ummatummaan ijaarama. Wal-baruun fi wal-gargaaruun kaayyoo ijaarsaa mirkaneessuufi. Dura sanaatii qulqullina argamsiisuuf tawhiida irraa ka’uun ibaadaan mirkaneeffamuun dirqama.

Marsaa falmii fi buhaa bahii ummataa keessatti qoodamiinsii fi wal-falmiinis ni argama. Yeroo tokko tokko garaa garummaan jidduu ummataa fi sabaatti ni mul’ata. Qoodamiinsi sun sababa adda addaatiif ummatuma tokko jidduuttuu ni argama: jidduu gosotaa fi balbala isiitti ykn dhaloota isiitti. Kanaafuu ummata hundaaf malli ykn meeshaan ykn karaan raggaatuu fi itti fufiinsa qabdu haaromsaaf jiraachuun, qoodamiinsi daangaa ijaarsaa fi hojii keessatti ta’uu qaba malee diiggaa, onsuu fi addaan faffacaasuu keessatti ta’uu hin qabu. Tokkummaan kaayolee,

maqaalee biro sana irratti injifatti, kallattii isii gara gaarummaatti jijjiirti.

Tooftaa fi meeshaaleen qoqqoodamiinsa walitti qabanii daangaa isii keessa kaa’uun, diiggaa osoo hin ta’in ijaarsaaf akka ooltu gochuun amala isii, sababa isii, qabiyyee isii, waan isii irraa argamuun maluu fi sun akkamitti ta’a isa jedhu beekumsa guutuu beekuu barbaada. Qindoominni Kaayyolee ol-aantuu daangaa hiikkaa addaa kan kana hundaatti lakka’amaa?

Ummanni keenya Muslimaa ummata haaraa miti, erga tokkummaatii wal-dhabuu fi qoqqoodamuu irraa hin foo’amne; ykn eega walitti qabamuutii adda bahuu, eega waliif galuutii wal-dhabuu irraa hin foo’ame (kun ummata kanas ni muudata jechuudha). Rakkoon kun kanuma ummata biraa keessa jiruun tokkuma. Garuu hojiin waan fagoo fi jijjiiramni isaa wal-dhabuu fi wal-galuu keessatti mul’ataadha; bifa jabaa fi hojjataa ta’een walii galtee fi wal-dhabbii isii keessa gala. Walii galtee irratti jecha Rabbii ol-ta’eetu akeeka:

وَٱعۡتَصِمُواْ بِحَبۡلِ ٱللَّهِ جَمِيعٗا وَلَا تَفَرَّقُواْۚ وَٱذۡكُرُواْ نِعۡمَتَ ٱللَّهِ عَلَيۡكُمۡ إِذۡ كُنتُمۡ أَعۡدَآءٗ فَأَلَّفَ بَيۡنَ قُلُوبِكُمۡ
فَأَصۡبَحۡتُم بِنِعۡمَتِهِۦٓ إِخۡوَٰنٗا وَكُنتُمۡ عَلَىٰ شَفَا حُفۡرَةٖ مِّنَ ٱلنَّارِ فَأَنقَذَكُم مِّنۡهَاۗ كَذَٰلِكَ يُبَيِّنُ ٱللَّهُ لَكُمۡ ءَايَٰتِهِۦ
لَعَلَّكُمۡ تَهۡتَدُونَ ١٠٣ آل عمران: 103

*“Hundaan amantii Rabbii (Islaamummaa) qabadhaa! Addaan hin bahinaa! Tola isaa of irratti yaadadhaa! Eennaa waliif diina/nyaapha turtanii jidduu qalbii keessanii walitti qabnaan tola isaatiin obboleeyyan taatan, moggoo boolloo ibiddaa irraa ta’e irraa turtanii isii irraa isin ofkolche/deebise (yaadadhaa).*

*Akkanatti Rabbiin akka qalbeeffattaniif keeyyatoota isaa addaan isiniif baasa.” (Aala Imraan: 103)*
Kan wal-dhabbii irratti immoo jecha Rabbii ol-ta’eetu akeeka”

قُلْ هُوَ ٱلْقَادِرُ عَلَىٰٓ أَن يَبْعَثَ عَلَيْكُمْ عَذَابًا مِّن فَوْقِكُمْ أَوْ مِن تَحْتِ أَرْجُلِكُمْ أَوْ يَلْبِسَكُمْ شِيَعًا وَيُذِيقَ بَعْضَكُم بَأْسَ بَعْضٍ ۗ ٱنظُرْ كَيْفَ نُصَرِّفُ ٱلْءَايَٰتِ لَعَلَّهُمْ يَفْقَهُونَ ﴿٦٥﴾ الأنعام: 65

“Jedhi: "Inni azaaba gubbaa keessan irraa yookiin miila keessan jalaa isin irratti ergu, yookiin garee haala taataniin isin walitti make garii keessan Lola garii dhadhamsiisu irratti danda’aadha.” Akka isaan hubataniif jecha Akkamitti keeyyattoota akka ibsinu ilaali.(Al-an’am:65)

فَنَسُوا۟ حَظًّا مِّمَّا ذُكِّرُوا۟ بِهِۦ فَأَغْرَيْنَا بَيْنَهُمُ ٱلْعَدَاوَةَ وَٱلْبَغْضَآءَ إِلَىٰ يَوْمِ ٱلْقِيَٰمَةِ ۚ وَسَوْفَ يُنَبِّئُهُمُ ٱللَّهُ بِمَا كَانُوا۟ يَصْنَعُونَ ﴿١٤﴾ المائدة: 14

*“Waan itti ajajaman (ergaa wangeelaa) dagatan. Hanga guyyaa qiyaamaatti diinummaa fi jibbaa jidduu jaraatti buusne. Sichi waan isaan hojjataa turan Rabbiin isaanitti hima.” (Maa’idaa:14)*

Sochiin haaromsaa ennaa seerota kana dhiistee bira dabarte bu’aan hojii isii dhukkee faca’aa ta’uudhaan goolabamti.

## ***Kaayyolee Qur’aanaa ol-aantuu murteessituu fi garee ummataa***

Qoqqoodamiinsi ummata keenya keessatti haala jabaadhaan seenaa ummata keenyaa keessatti eegale. Bu’aan isaas yeroo darbe keessatti garee, tuutaa fi mazhaba garaa garaattii qoodamuu ta’e. Wal-dhabiinsi kunis hubannoo Qur’aanaa fi hojiitti hiikuu keessatti wal-dhabuu irraa dhufe; akkasumas

hubaannoo hariiroo jiddu Qur’aanaa fi sunnaa, wal-dhabbii hiikkaa Qur’aanaa fi hojiitti hiikuu isaa irraa dhufe. Wal-dhabbiin keenya kan seenaa, ulfaattuu fi kan amantii nurraa adda hin baane; seenaa keenya keessatti guutummaan guutuutti hawaasummaa Islaamaa keessaa bahuun hin beekamne; walii galuun keenya jechi keenya Qur’aana kabajamaa irratti walii galuudhaan wal-qabate; isa irratti jechi wal-dhabuudhaan ykn irraanfiidhaan ykn garii waan isa ilaalchisee dhufee dhiisanii bira darbuudhaan adda adda baane. Rabbiin akkana jedhe:

فَنَسُوا۟ حَظًّا مِّمَّا ذُكِّرُوا۟ بِهِۦ فَأَغْرَيْنَا بَيْنَهُمُ ٱلْعَدَاوَةَ وَٱلْبَغْضَآءَ إِلَىٰ يَوْمِ ٱلْقِيَـٰمَةِ ۚ وَسَوْفَ يُنَبِّئُهُمُ ٱللَّهُ بِمَا كَانُوا۟ يَصْنَعُونَ ﴿١٤﴾ المائدة: 14

*Waan itti ajajaman (ergaa wangeelaa) dagatan. Hanga guyyaa qiyaamaatti diinummaa fi jibbaa jidduu jaraatti buusne. Sichi waan isaan hojjataa turan Rabbiin isaanitti hima. (Al-Maa’idaa: 14)*

## ***Kaayyolee Qur’aanaa ol-aantuu murteessituu fi dhaloonni adda bahuu***

Jaarraa keenya kana keessatti gaheen gama amantii qoqqoodamiinsa argamsiisuu keessatti of-duuba deebi’e. Kunis erga amantii fi siyaasaa adda baasuun (secularism) waggaa dheeraadhaaf ol-aantummaa argateeyyi. Akkasumas eega jijjiiramni qabsoo barnootaa wal-hordoftuu taate qindoomina aadaa fi qaroominaa keessatti mul’attee booda. Haalli qoqqoodamiinsaa ni jijjiiramte; faanni/jijjiiramni isii wal-dhabde; rakkoon “Dhaloota jidduu addaan baasuu” ni mul’atte.

Yeroo darbe dhaloonni boodaa dhaloota duraatti hidhata ture; hambaa isaa qabata ture. Rabbiin akkana jedhe:

قَالُواْ بَلْ وَجَدْنَآ ءَابَآءَنَا كَذَٰلِكَ يَفْعَلُونَ ﴿٧٤﴾ الشعراء:74

*"Abbootni keenyaa akkana hojjatuu agarre jedhan" (Ashu'araa': 74)*

بَلْ قَالُوٓاْ إِنَّا وَجَدْنَآ ءَابَآءَنَا عَلَىٰٓ أُمَّةٍ وَإِنَّا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم مُّهْتَدُونَ ﴿٢٢﴾ *الزخرف: 22*

*"Nuti abbootii keenya amantii (millaa) tokko irratti arginee nuti faana jaraa hordoftoota." (Al-Zukhruf: 22)*

وَكَذَٰلِكَ مَآ أَرْسَلْنَا مِن قَبْلِكَ فِي قَرْيَةٍ مِّن نَّذِيرٍ إِلَّا قَالَ مُتْرَفُوهَآ إِنَّا وَجَدْنَآ ءَابَآءَنَا عَلَىٰٓ أُمَّةٍ وَإِنَّا عَلَىٰٓ ءَاثَٰرِهِم مُّقْتَدُونَ ﴿٢٣﴾ *الزخرف: 23*

"Akkuma kan ganda tokko keessatti dinniinaa wahii erginee qanansiifamoonni isii "Nuti abbootii keenya amantii tokko irratti agarree; nuti faana jaraa hordoftoota." jedhan malee hin hafne!" (Al-Zukhruf: 23)

Jaarraa keenya kana immoo adda bahiinsi dhalootaa akka ilmi abbaa fi dhaloota yeroo abbaa isaatiin "Barri kiyya akka bara keetii miti; wanti yeroo keetiif tolu yeroo kiyyaaf hin tolu; dhaloonni keenya dhaloota keessaniin adda adda" jechuudhaan karaa fi aadaa warra duraanii garii dhiisuu isaatiif sababa dhiheessuu yaala. Imaam Aliyyiiin-Rabbiin isa irraa haa jaallatuu- warra duraa irraa nama jalqaba rakkoo kana irratti dammaqe. Kanaaf akkana jechuun isa irraa odeeffame:

“Guddisa ilmaan keessanii tolachaa! Jarri bara bara keessan hin ta’iniif uumaman waan ta’eef.”[56]

Kana irraa dogoggorri warra ilmaan jaraa akka ofii godhuuf bololanuu namaaf mul’ata. Kana keessatti miidhaa jabaa jara miidhaa jiru! jara fayyadaa jiru se’anii jara miidhaa jiru. Wanti jara irra jiru ergaa ykn yaada Qur’aanaa fi Islaamaa kan walii gala hubachuudha; akkaataa ibsaa fi gar-tokkeewwan kaayyolee keessatti itti seensisan, dameewwanii fi tokkee kan walii galaatiin walitti ilaaluudhaan hanga guddina isii akka itti beekan irratti jara leenjisuu ture. Fkn abboonni ofii waa hojjaachuun dirqama ta’uu, barachuu fi waan dhaalan qofaan of-gahuu osoo hin ta’in baratanii akkamitta akka isa irratti ijaaranii fi irratti dabalan ilmaan jaraa irratti jabeessuufaadha.

Jecha ogganaa paartii “Hizbi al-wasaxil-Islaamii” kan Gibxiin keessatti “Ikhwaanal-Muslimiin” irraa fottoqqee irraa dhiibbaa dhaloonni qoodamuun wal-dhabbii ummataa keessatti qabu hubachuu ni dandeenya. Akkana jedhe: “Dargaggoonni Naasiriyyootaa sheekkan Ikhwaanaa fi angafoota caala nutti dhihaatu”. Inni jecha kana keessatti rakkoo kana bifa jabaadhaan irraa ibsaa jira.

Asitti guddistoonni, daa’iiwwanii fi warri dargaggoota wajjin hojjatan tokko tokkee (detail) fi gar-tokkeen, beekumsa ambaalee abbootaa, akaakayyuu fi dhaloota irraa dhaalme, kan waan “Uluum annaqliyya (beekumsa wal-irraa fudhatamtu)” jedhamuun beekamutti guddatte daragaggoo, muslimoota haaraa

---

[56]Nahjal-Balaagah, Sharhu ibni Abil-Hadiid ilaali, Bayruut: Daaral-Jabal 1987.

fi dhaloota sichi dhufu biratti kan dhaloota duraanii (abbootii fi akaakayyuu) wajjin tokko jechuun akka ulfaatu beekuu qabu.Dhimma falammii hin qabane, kan akkanumaan fudhatamtu jedhanii dargaggoonnii fi ilmaan hin fudhatanu. Yookiin immoo akkuma sanatti fudhatu; ennaa isii fudhatan ykn bifuma fedheenuu itti dirqisiifaman bara jaraa irraa adda bahuu fi fottoqiinsa bara sana fi warra bara Sanaa dhiisuutti jara kaasutu mudata. Kanaan rakkoon nama kafarsiisuu (amantii irraa baate namaan jechuu), karaa irraa nama baasuu fi warra bida'aati namaan jechuu ni babal'ata.
Akkasumas waan darbe qabachuu, gara isaatti deebi'uu yaaluu, isa keessa jiraachuu, isa irraa qullaa ta'uu fi keessaa bahuun jalqaba. Yeroo abbootii cinacha tokkoonillee ta'u hojiin fiqhii Islaamaa hojiitti hiikuu jidduu aadaa fi amantii waltti makuu dandeessee jirti. Jidduu waan safuu (*aybii*) fi waan dhowwamaa (*haraamaa*) garaa garummaan guddaan hin jiru. Kanaaf ilmaanii fi dhaloota haaraa amantii qabachiisuun salphaa ture. Qabsoon lubbuu wajjinii fi kan qabatama hawaasaa wajjinii hin argamu. Dhaloonni kun immoo aadinsi isii baay'ee guddoodha; bifa gadi fagoodhaan ergaan hadiisa "Namni amantii isaa qabatu akka nama giimii/dhamala ibiddaa qabatuuti" [57] jedhu irratti dhugooma. Kun hunduu garaa garummaa guddaa jidduu amantii fi aadaa jiru, bu'aa aadaan walitti seenuu fi seerrii barnoota warra dhihaa, kan amantii fi siyaasaa adda baasu irraa dhufe irraa argame.

[57]Ergaan isaa sirridha; qabatamaan argamaadha. Garuu sananni isaa da'iifa (qulqulluu miti).

### *Kaayyolee Qur'aanaa ol-aantuu murteessituu fi ergaa islaamaa irra deebi'anii bocuu*

Dubbii keenya kan dargaggootaa fi dhaloota haaraadhaaf taasisnu keessatti jijjiirama wal-gahaa taasisuun dirqama. Sababni isaas, dubbiin duranaa abbootii jaraa sochoose, karaa fi tooftaan ergaa jara fudhachiisuuf itti fayyadame dargaggootaa fi dhaloota haaraa keessatti jijjiirama hin fidu. Kanaafuu adeemsa haaraa, tooftaa ittiin ergaa fudhachiisan kan biroo, ragaalee jijjiirama fiddu kan biroo, kan qorannoo gadi fagoo sammuu fi lubbuu dargaggootaa irratti godhame irraa madditu, aadaa ol'aantummaa argatee jiruu fi waan inni irraa ijaarame, haala isaa, kaayyolee Qur'aanaa ol'aantuu murteessituu qabachuun dirqama ta'a.  isii kanatu ergaa Islaamaa deebisanii bocuuf (tolchuuf) kallattii sirriidha.

Yeroo abbootii keenyaa fi akaakayyuu keenyaa, akkasumas bara keenya keessaa walakkaa tokko qabsoon abbootii aangoo fi koloneeffattoota wajjin ture; dhimmi siyaasaa qabxii xiyyeeffannaa ture. Akkasumas tooftaa ittiin hawaasa bal'aa akka jarri maalummaa jaraa irratti eeggataniif sochoosan ture. yeroo dargaggoota kanaa immoo hojiin beekumsaa, aadaa fi ogummaa, hawaasummaa bifa gara garaatiin isiitu dargaggootaaf dirree wal-dorgommii tolchiti; dandeettii jaraa maddisiisti; of-jara beeksisti.

Bakka kanatti ga'een *fuqahaa* (beektota) ammayyaa dhufa. Hammeenyi isii honga geessuu fi ulfinni isii guddoon ni mul'atti. Haqxi dhaloota dhufuu nurratti akkaan guddoodha; waan dandeenyu hundaan amantii irratti jara gargaaruu fi karaa jaraaf laffisuutu nurraa eegama. Akkasumas aadaa

ol'aantummaa argatee jiru, dhimmootaa fi jijjiirama barri jaraa fide hubachuudhaan akka isa qabatan jara gargaaruun nurraa barbaadama. Bakka kanatti warra hedduu biyyota Muslimaatiif hubannoo haaraa ijaaruuf qabsoo gadhuu irraa hafiinsi hin jiru; akkasuma hawaasa xiqqaa addunyaa biraa keessa jiraatanuufis. Garuu jijjiirama wantoota dhaabbataa aqiidaa fi shari'aa Islaamaa hin xuqne ta'uu qaba. Inumaa *fiqhii* (hubannoo) gabbartii deebisanii ijaaruutti geessa. Kunis akka ilmi namaa *fiqhii* ammayyaawaa, naga bahaa, baraa fi qabatama isaa irraa osoo adda hin bahin Rabbiin gabbaruu danda'u, osoo wantoota dhaabbata sharii'aa hin jijjiirin, aqiidaa isaa irraa osoo adda hin bahin nama Rabbiin gabbaru ta'uu akka danda'utti ta'uu qaba.

## Kaayyolee Qur'aanaa ol-aantuu fi adeemsa *fatwa* ammayyaa sirressuu

Fuqahaan (beektonni) keenya jaarraa omisha *fiqhii* keessa rakkoo armaan gadii injifatan: rakkoo dhaloonni addaan bahuu, rakkoo waaqeffannaa/ibaadaa fi aadaan addaan bahuu-meeshaalee garaa garaa fayyadamuudhaan-, *muruunaa* (cimina laafina qabu) fi dandeettii jaraa keessatti raajii agarree jirra. Fuqahaan jaarraa keenyaa kun shoora kanaan dhaabbachuu irraa dadhabbiin mul'ataa jira. Namoota baay'ee beekaan lubbuu, kan dhimmoota gar-tokkee gara walii galaatti deebisu, kaayyoo beekuu fi kan faaydaa hawaasaa ilaalcha keessa galchu jiraachuu shakkii keessa seensisee jira. fiqhii fi fatwaan hedduu

jaraa rakkoo jaraa hiikuu osoo hin taanee amantii fi waaqeffannaa irratti namaaf qormaata ta'e. [58]

Shakkii tokko malee itti gaafatamni waan kanaa gurmuu barnootaa fi barsiisaa kan beekaa ammayya omishu irra bu'a. Hojiin kun kallattii hundaanuu deebisanii ilaaluu "Barsiisaa, barataa, barreessaa fi dhaabbataa" barbaada. Yoo bifa bilisaa ta'een deebisanii ijaaruuf kallattii hojii barsiisuu irra deebi'anii hin ilaalin biyyoota Islaamaa keessatti dammaqa mirkaneessuun hin danda'amu. Akkasumas karoora dagaaginaa milkeessuun ykn jijjiirama siyaasaa, hawaasummaa fi diinagdee fiduun hin danda'amu; warra lakkoofsaan xiqqaadhaafis bakka jiranutti isaaniif mijjeessuu fi jireenya isaanii lafa qabachiisuu hin dandeenyu. Muslimoota lakkoofsaan xiqqaa kan Awrooppaa, Amerikaa fuuldura dhihoo ykn fagoos waanuma muslima harka

---

[58] Fatwaa keessatti bu'uurri beekaa ga'umsa qabu, kan qabatama jiru gadi fageenyaan qoratee raga fi sababa irratti hirkatee gaaffiiwwan fiqhiitti deebisuun deebii sirrii itti kennuu danda'uuf eeyyamamaadha. Garuu fatwan hedduun gabroottan Rabbii heedduudhaaf qormaata (*fitnaa*) taatee jirti, ana bira qabatama hedduutu jira. Akka fakkeenyaatti: dubartii muslima hin ta'in tokkotu Islaamummaa fudhachu isii beeksisuuf gara warra fatwaaf as bahee tokko deemte. Ennuma isiin shaadataynii (tokkichummaa Rabbii fi nabi Muhammad ergamaa ta'uu) raga baatee Islaamummaa seentu achumaan abbaan manaa isii isidhaaf hin eeyyamamu, wajjin jiraachuun isiidhaaf hin eeyyamamu, wanti akkasii dirqama, kan akkasii dhowwamaadha jechuudhaan waan baay'ee tarreesseef! Ennuma sana abba manaa fi jireenya isii duraanii filachuudhaan of-duuba deebite! Yaada isii jijjiirte. Kan silaa mufticha irraa eegamu hanga Islaamummaan qalbii isiitti makatutti obsuu fi iimaana barsiisuu ture. Eeganaa wantoota damee ta'an barsiisa. Akkasumas waa'een nama jinniitti heerumsiisuu fi jinni namatti heerumsiisuu fi kan biraas fakkeenya hedduutu jira.

hedduu Andalus, Boosiniyaatti, Harsakii fi Jaappaan keessatti mudatetu mudata. Dhimmichi waan baay'ee hamaadha.
Haala akkanaa irratti itti gaafatamni guddaan gurmuu fatwatti kan daa'iiwwan gariin, imaamman masjiidaa fi barattoonni kennan irraa argamu irra bu'a. Bu'aa isii, booddee isii fi waan isii hordofee dhufuuf bakka hin kennanu; gariin jaraa waan booda isii dhufuuf hin beeku. Jaraa fi lubbuu keenyaafis dhoksaa fi mul'isaniis Rabbiin sodachuu dhaamna, namni fatwaadhaaf dandeettii ofitti hin beekne, kan booddee isaa hin hubanne "Hin beeku" jechuu keessa hin deebi'in. Namni "Hin beeku" jechuu dogoggore kan isaan lolu ni tuqama; akkuma Imaam Maalik irraa odeeffame.
Hedduun warra yeroo taateen wahii argamte*fatwaaf* as bahanii-keessattuu biyya dhihaatti-jijjiirama gosaa guddoo sababa seenaa darbeetiif argamte ni dhiisu; jijjiiramni yeroon fidu jijjirama hammaa qofa se'u. Kan ka'umsa kana irraa ka'ee deemu, yaaliin fiqhii kan yeroo tokkoof toltu yeroo hundaaf hin toltu; ergaan yeroo tokkoof tole yeroo biraa hin deddeebi'u jechuu yaada; garuu dubbiin akkana miti. Nuti qabatama yeroo kan duraaniitiin hanga tokko wal-faallessu keessa jirra. Qabatama amma jiru kana tolchuun qabsoo wal-hordoftuu jaarraallee darbaniitiin argamte. Seerri karaa kun guddattee sadarkaa moggaalee jiruu biraa irratti ol'aantummaa argattu geesse; bu'uura hubannoo ilma kan waliinii, kan dhimmoota garaa garaa keessatti amma ilma namaa dura dhaabbattu hundeessite; akka addunyaatti xiinxala namummaa hundeesse. Qabsoon ilma namaa rakkoo ilma namaa furuuf gara dagaagina

qabeenyaatti akka gara galu godhe. Ilmaan namaatiif gaaga’amaa fi rakkoo wal-hordoftuu fi wal-kortuu ta’e.
Qur’aana guddaa malee madii tokkollee dandeettii kana hin qabu. Kunuu hubannoo fi dubbisa lama walitti qabatuuni: dubbisa wahyii fi dubbisa hawaa/uumamaati. Qabatama keessatti fageenya qabatamaa irraa saaqxi, isa dagaagsuu fi jidduu xiinxalaa, fiqhii, aadaa fi qaroominaa deddeebisuuf haala mijjeesiti.[59]

**Jidduu kaayyolee Qur’aanaa fi kaayyolee shari’aa warra Usuulaa biratti.**

Hundeen *fiqhii* keenyaa beekumsa yeroo darbe ol’aantummaa argate keessatti kaayyoolee shari’aa beektee jirti. Warri Usuulaa akka kaayyoo murtii shari’aatti ilaaludhaan, ykn faaydaa isaan argamtu, ykn sababa isaan damee siyaasaa keessatti hojjattu, ykn ogummaa isiidhaan qalbiin raggaatu, toliinsa shari’aatiif tasgabbii dabalattutti ilaaluudhaan dubbatan.
Jecha “al-Kulliyyaat al-Qax’iyyah” jedhu, kan *ahkaamni* (murtiin) bifa hundaanuu isiidhaan ala hin baanen harka Imaama al-Haramaynii, al-Izzi bin Abdissalaamii fi shaaxibii irraan fudhe. Garuu sababa adda addaatiin akka *Ijmaa’aa (*walii galtee*)*, ykn *Qiyaasaa* (murtii waan tokkoo kan biraa kan sababa isa fakkaatu qabuuf kennuu), ykn *Istihsaanaa* (waan gaariitti fudhatamu) marii warra *fiqhii*, *usuulaa* keessatti bakka hin

[59]Akka seerota itti akeeknee dabarreefaadha. wanti fagoon yeroon irraa saaqu akka yeroo sanaatti ilaalameeeti malee fagoo gadi dhiisaa (kan daangaa hin qabne) miti.

arganne. Marii isii guddisuu, isii bilcheessuu, murtii shari’aatiif, hojii namaa madaaluuf gara madda bu’uuraatti jijjiiruu hin dandeenye. Fayyadamni kaayyolee geengoo wantoota sadarkaa ibsanii keessatti daangeffamtuu taatee hafte; ykn ragaalee kan ragaan Usuulaa omishtu kan deeggartu taatee hafte. Kanaaf kaayyolee Qur’aanaa ol-aantuu murteessituu irra gahuu fi gadi fageenyaan daangessuun, seera karaa fi hundee walii gala muramtuutti deebisuun akkaan barbaachisaa ta’e.
Seerrii fi hundeen kun fiqhii Islaamaa gara qulqulleessuutti kan geessitu, warra dandeettii qabanuuf gadi fageessanii ilaaluu, jidduu dhimmota walii gala fi gar-tokkee adda baasuu kan mijjeessitu, *fuqahaa* (beektota) ammayyaatiif dhimmoota haaraa ammayyaatiif furmaata Islaamawaa kennuudhaaf karaa isaan dandeessisu kan jaraaf mijjeessitu. Akasuma waan shari’aan kun ittin adda baatu, isiin shari’aa xumuraa, kan hundaa fi qixxistuu, kan rakkoo nama irraa fuute, ba’aa nama irraa keesse, kan gaarii namaaf eeyyamtu, hamtuu nama irratti dhowwaa gootu, jijjiirama yeroo, bakkaa fi namaatiif deebii kennuu kan dandeessu, kana mala, namaa fi jiruu bira darbe ta’uu.
Rabbiin (SW) kophaa isaa isatu madda deebii bu’uuraati; kan waan isa malee jiru irraa of-gahaa ta’edha. Wanti hunduu gara isaa deebifama, isatu gabbaramaa tokko; uumaa waan hundaati; uumama isaa tokkollee keessa hin qubatu; uumuu, argamsiisuu fi gara gaggalchuudhaan ittiin walitti dhufu; garuu isa irraa adda ba’aadha; bira darbaadha; isii irraa ol-ta’aadha, ibsa guutina isaatiif maltuun ibsamaadha; ibsa hir’inaa kan guutina isaa faallessitu irraa qulqulla’aadha; uumaan isaafi; ajajni isaafi; deebiin gara isaati; bakki isa hin daangessu; yeroon isa irra hin

dhufu; yeroo fi bakki hunduu uumaa isaa keessaa tokko; waan hunda bira darba; wanti tokko isa bira hin darbu. Waan jarri isatti qindeessan irraa qulqullaa'e, ol-ta'iinsa guddaa ol-ta'e; gabbaramaan isa malee hin jiru; murtiin isaafi; gara isaa deebifamtu.

**Kaayyolee shari'aa, ilaalcha murtii sharii'aa fi dirqamaa**

Ennaa nama karoorsaa-ilma namaa- ilaalcha dirqamaa irraa ka'uudhaan waa karoorsu ilaallu waan isa keessa ulfinnii fi dhipninni jiru fudhachuudhaaf uumame. Innis dachii keessatti bakka bu'uudha. Innis kaayyoo tokko qaba. Kaayyoon kunis ilmi namaa Rabbiin gabbaruudha. Ilmi namaa gabricha Rabbiin gabbaruu qofaaf uumamedha. Rabbiin (SW) akka beekamu, akka gabbaramu barbaade. Kana irratti hundaa'uudhaan ilmi namaa, hawaa fi wanti hundi umame. Ilmi namaa wanti inni dachii keessatti bakka buufameef akka isii jiraachisuuf/misoomsuuf, masjidaa fi qulqulluu akka isii godhuufi. Gabbartiiwwan kun warra hedduu biratti salaata, sooma, ajajamuu, zikrii, hubannus hubachu baannus ajaja hordofuu fi waan dhowwamne irraa fagaachuutti jijjiiramti.

Yeroo kana Rabbiin (SW) gabroota isaa ni jaal'ata, aakiraatti (guyyaa du'a boodaa) akka jannata seensifaman ajaja. Jannanni kun immoo kan wanti ijji hin agarre, gurri hin dhageenye, qalbii namaa irra hin yaane keessa jirtudha. Warri faallaa immoo gara abiddaa geeffamu.

Gabrichi ijaaramiinsi isaa gabbartii kana ta'e-akka hubannoo Yahuudaatti-akka du'aa fuuldura nama isa dhiquu jiruuti. Ykn akka baallee allaattii qilleensi ittiin bubbisuuti. Garuu Rabbiin

arjummaa isaa irraa kan ka’e akka hubannoo Yahuudaatti nu hin dhiisne. Ibsa gabroota Rabbii kan ijaarsa jaraa gabbartii sirriitiin ijaaruu fedhanii nuuf daangesse. Rabbiin akkana jedhe:

وَيَعۡبُدُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ مَا لَا يَمۡلِكُ لَهُمۡ رِزۡقٗا مِّنَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ شَيۡـٔٗا وَلَا يَسۡتَطِيعُونَ ﴿٧٣﴾ فَلَا
تَضۡرِبُواْ لِلَّهِ ٱلۡأَمۡثَالَۚ إِنَّ ٱللَّهَ يَعۡلَمُ وَأَنتُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ ﴿٧٤﴾ ۞ ضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلًا عَبۡدٗا مَّمۡلُوكٗا لَّا يَقۡدِرُ عَلَىٰ
شَيۡءٖ وَمَن رَّزَقۡنَٰهُ مِنَّا رِزۡقًا حَسَنٗا فَهُوَ يُنفِقُ مِنۡهُ سِرّٗا وَجَهۡرًاۖ هَلۡ يَسۡتَوُۥنَۚ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِۚ بَلۡ
أَكۡثَرُهُمۡ لَا يَعۡلَمُونَ ﴿٧٥﴾ وَضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا رَّجُلَيۡنِ أَحَدُهُمَآ أَبۡكَمُ لَا يَقۡدِرُ عَلَىٰ شَيۡءٖ وَهُوَ
كَلٌّ عَلَىٰ مَوۡلَىٰهُ أَيۡنَمَا يُوَجِّههُّ لَا يَأۡتِ بِخَيۡرٍ هَلۡ يَسۡتَوِي هُوَ وَمَن يَأۡمُرُ بِٱلۡعَدۡلِ وَهُوَ عَلَىٰ صِرَٰطٖ
مُّسۡتَقِيمٖ ﴿٧٦﴾ وَلِلَّهِ غَيۡبُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ وَمَآ أَمۡرُ ٱلسَّاعَةِ إِلَّا كَلَمۡحِ ٱلۡبَصَرِ أَوۡ هُوَ أَقۡرَبُۚ
إِنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٞ ﴿٧٧﴾ وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ
لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ﴿٧٨﴾ أَلَمۡ يَرَوۡاْ إِلَى ٱلطَّيۡرِ مُسَخَّرَٰتٖ فِي
جَوِّ ٱلسَّمَآءِ مَا يُمۡسِكُهُنَّ إِلَّا ٱللَّهُۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ لِّقَوۡمٖ يُؤۡمِنُونَ ﴿٧٩﴾ وَٱللَّهُ جَعَلَ لَكُم مِّنۢ
بُيُوتِكُمۡ سَكَنٗا وَجَعَلَ لَكُم مِّن جُلُودِ ٱلۡأَنۡعَٰمِ بُيُوتٗا تَسۡتَخِفُّونَهَا يَوۡمَ ظَعۡنِكُمۡ وَيَوۡمَ إِقَامَتِكُمۡ وَمِنۡ
أَصۡوَافِهَا وَأَوۡبَارِهَا وَأَشۡعَارِهَآ أَثَٰثٗا وَمَتَٰعًا إِلَىٰ حِينٖ ﴿٨٠﴾ وَٱللَّهُ جَعَلَ لَكُم مِّمَّا خَلَقَ ظِلَٰلٗا
وَجَعَلَ لَكُم مِّنَ ٱلۡجِبَالِ أَكۡنَٰنٗا وَجَعَلَ لَكُمۡ سَرَٰبِيلَ تَقِيكُمُ ٱلۡحَرَّ وَسَرَٰبِيلَ تَقِيكُم
بَأۡسَكُمۡۚ كَذَٰلِكَ يُتِمُّ نِعۡمَتَهُۥ عَلَيۡكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تُسۡلِمُونَ ﴿٨١﴾ فَإِن تَوَلَّوۡاْ فَإِنَّمَا عَلَيۡكَ ٱلۡبَلَٰغُ
ٱلۡمُبِينُ ﴿٨٢﴾ يَعۡرِفُونَ نِعۡمَتَ ٱللَّهِ ثُمَّ يُنكِرُونَهَا وَأَكۡثَرُهُمُ ٱلۡكَٰفِرُونَ ﴿٨٣﴾ *النحل:*
*83-73*

*Nama samiilee fi dachii irraa hiree waan tokkollee jaraaf hin handhurfanne/jaraaf hin qabne, kan hin dandeenye Rabbii asitti gabbaru. Rabbiif fakkii hin taasisinaa! Rabbin ni beekaa isin hin beektanu.*

*Gabricha handhuurfatamaa waan tokko irratti hin dandeenyee fi nama of-biraa hiree gaarii hirreef, inni immoo isa irraa dhoksaa fi ifatti kan kennattu Rabbiin fakkii taasise. Sila (jarri kun lamaan) wal-qixxaatuu? Faaruun kan Rabbiiti. Irra hedduun jaraa hin beekanu.*

*Rabbiin nama lama fakkii godhe. Tokkoon jaraa afaan hidhaadha. Waan tokko irratti hin danda'u. inni mawlaa isaa (nama tajaajilaa jiru) irratti ulfaataadha. Bakkuma kamittuu yoo inni isa erge waan gaariidhaan hin dhufu. Sila inninii fi namni osoo karaa diriiraa irra jiruu haqatti ajaju wal-qixxaataa?*

*(Beekumsi)Waan samii fi dachii keessa fagaatee Rabbumaafi. Dhimmi Qiyaamaa akka libsu ijaa yookii irra dhihoo malee hin taane. Rabbiin waan hunda irratti danda'aadha.*

*Kan isin waan tokko hin beekne Rabbiin garaa haadha keessanii keessaa isin baasee dhageettii, argaa fi onnee/qalbii isiniif taasise. Akka galatoomsattanuuf.*

*Gara allaattii hin ilaalanuu? Isiidhaa hawaa samii keessa laaffifamtu. Rabbiin male jara hin qabu (Rabbiin malee wanti isaan qabu hin jiru). Ummata amananiif kana keessa mallatooleetu jira.*

*Rabbiin manneen keessan irraa bakka teessumaa isiniif taasise. Kalloowwan (gogaawwan) beyladaa irraa manneen*

*isiniif taasise. Guyyaa emala keessanii fi guyyaa ganda jiraachuu keessanii kan salphifattanu (kan isiniif salphatu). Dabbasaa isii(dabbasaa busaa'ee) irraa, kalloo isii(kalloo hoolaa) irraa, rifeensa re'ee irraa meeshaa alaa fi manaa, fi meeshaa manaa hanga guyyaa beekamaatti (isiniif taasise).*

*Rabbiin waan uume irraa gaaddisa isiniif taasise, gaarreen irraa dahoo isiniiif taasise, kobbortaa keessan ho'a kan isin tiksu isiniif taasise, kobbortaa kan lola irraa isin tiksu isiniif taasise. Akka isin muslima (ajajamaa) tanuuf akkasitti qananii isaa isin irratti guute. Yoo gara galan kan sirra jiru geessisuu mul'ataa qofa. Tola Rabbi ni beekuu; eeganaa isii mormu. Irra hedduun jaraa didoota." (Nahl:73-83)*

Aayatattiin kun daangaa adda baasaa jidduu gabricha Rabbii fi gabricha gabirchaa adda baastudha. Gabroonni Rabbii warri ibaadaan jara ijaartu-akka hubannoo Yahuudaa osoo hin taanee akka hubannoo Islaamaatti- walaba. Walabumma biroo kan akka: carraaqqannaa, horii walitti qabachuu, hidhaan maletti dhoksanii fi mul'isanii kennachuu fi kkf. Dhimmoota qindoominaa kan walabummaa sana irratti jijjiirama tokkollee hin finne qofatu keessaa foo'ama.
Gabroonni Rabbii dachii keessa gara gaggaluu, isii keessatti mana bal'aa fi bareedaa ijaarrachuudhaaf walaba. Dachii kan Rabbiiti; gabroota isaa keessaa abbaa fedhe dhaalchisa. Jarri moggaa moggaa isii keessa daangaa malee adeemu; hiree isii eeyyamamtuu (halaala) irraa daangaa malee nyaatu. Gabroonni gabrichaa immoo Akkuma shirkii fi kufriidhaan qomaa fi amalli jaraa dhiphatte sochii jaraa hunda keessatti dachiin osoo bal'ina qabduu jaratti dhiphatti. Gabroonni Rabbii walabummaa

ibsannaa, kan hin hir'ifamne qabu. Beekumsaa fi ragaa irratti hunda'anii gara Rabbiitti nama waamu; toltuutti ajaju; hamtuu irraa dhowwu; haqaaf tumsu, dhara dura dhaabbatu.

Ibaadaan gabroota Rabbii ijaartu walaba akka allaattii samii keessa barartuu, kan Rabbiin malee waa isii hin qabneeti. Gabroonni Rabbii akka *risaa fi simbirroo buteessa* hidha (daangaa) hin beektu; hidhaan isii hin harkisu; daangaan isii hin dhowwu.

Warri gaaddisa gabbartii dabsamtuu, dirqama ulfaattuu fi hidhamtuu jala jiran immoo gabroota Rabbii miti. Jarri gabroota "Rabbii *junuud* (oomaa)ti", jarri "Gabroota Yaahuudaa"ti. Jabaan kan ilmaan Israa'eel akeekkachiisu, ajaja isaa gara jaraa dhiheessu, gaara mataa jaraa gubbaa ol-fuudhu, kan seefiin akeekkachiisaa jaratti makattu (jara sodaachistu), sodaachisnii fi akeekkachiisni kallattii hundaa jaratti marsituuti. Rabbiin *junuud* gabbaramaa Israaa'eel kan raajiidhaan, fedhii waajiba gochuudhaan, ajaja dhiheessuu fi hojiitti hiikuudhaan kan hojjatudha. Rabbi *junuud* kan hubannoon Yahuudaa akka akkanatti bifa wal-faallessaa kanatti kaa'e, kan nuti Tawraata (kakuu moofaa wangeelaa) fi Talmuud keessatti agarru ykn Jabalaawii –*riwaayaa* (barruu) Najiib Mahfuuz keessatti agarruudha.

## Kanaaf gabroonni Rabbii gabroota sanaan adda ta'an

Rabbiin akkana jedhe:

وَعِبَادُ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلَّذِينَ يَمۡشُونَ عَلَى ٱلۡأَرۡضِ هَوۡنٗا وَإِذَا خَاطَبَهُمُ ٱلۡجَٰهِلُونَ قَالُواْ سَلَٰمٗا ﴿٦٣﴾ وَٱلَّذِينَ
يَبِيتُونَ لِرَبِّهِمۡ سُجَّدٗا وَقِيَٰمٗا ﴿٦٤﴾ وَٱلَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَا ٱصۡرِفۡ عَنَّا عَذَابَ جَهَنَّمَۖ إِنَّ

عَذَابَهَا كَانَ غَرَامًا ﴿٦٥﴾ إِنَّهَا سَآءَتْ مُسْتَقَرًّا وَمُقَامًا ﴿٦٦﴾ وَٱلَّذِينَ إِذَآ أَنفَقُوا۟ لَمْ يُسْرِفُوا۟ وَلَمْ يَقْتُرُوا۟
وَكَانَ بَيْنَ ذَٰلِكَ قَوَامًا ﴿٦٧﴾ وَٱلَّذِينَ لَا يَدْعُونَ مَعَ ٱللَّهِ إِلَٰهًا ءَاخَرَ وَلَا يَقْتُلُونَ ٱلنَّفْسَ ٱلَّتِى حَرَّمَ
ٱللَّهُ إِلَّا بِٱلْحَقِّ وَلَا يَزْنُونَ ۚ وَمَن يَفْعَلْ ذَٰلِكَ يَلْقَ أَثَامًا ﴿٦٨﴾ يُضَٰعَفْ لَهُ ٱلْعَذَابُ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ وَيَخْلُدْ
فِيهِۦ مُهَانًا ﴿٦٩﴾ إِلَّا مَن تَابَ وَءَامَنَ وَعَمِلَ عَمَلًا صَٰلِحًا فَأُو۟لَٰٓئِكَ يُبَدِّلُ ٱللَّهُ سَيِّـَٔاتِهِمْ حَسَنَٰتٍ ۗ
وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا ﴿٧٠﴾ وَمَن تَابَ وَعَمِلَ صَٰلِحًا فَإِنَّهُۥ يَتُوبُ إِلَى ٱللَّهِ مَتَابًا ﴿٧١﴾ وَٱلَّذِينَ لَا
يَشْهَدُونَ ٱلزُّورَ وَإِذَا مَرُّوا۟ بِٱللَّغْوِ مَرُّوا۟ كِرَامًا ﴿٧٢﴾ وَٱلَّذِينَ إِذَا ذُكِّرُوا۟ بِـَٔايَٰتِ رَبِّهِمْ لَمْ يَخِرُّوا۟
عَلَيْهَا صُمًّا وَعُمْيَانًا ﴿٧٣﴾ وَٱلَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَا هَبْ لَنَا مِنْ أَزْوَٰجِنَا وَذُرِّيَّٰتِنَا قُرَّةَ أَعْيُنٍ
وَٱجْعَلْنَا لِلْمُتَّقِينَ إِمَامًا ﴿٧٤﴾ أُو۟لَٰٓئِكَ يُجْزَوْنَ ٱلْغُرْفَةَ بِمَا صَبَرُوا۟ وَيُلَقَّوْنَ فِيهَا تَحِيَّةً
وَسَلَٰمًا ﴿٧٥﴾ خَٰلِدِينَ فِيهَا ۚ حَسُنَتْ مُسْتَقَرًّا وَمُقَامًا ﴿٧٦﴾ قُلْ مَا يَعْبَؤُا۟ بِكُمْ رَبِّى لَوْلَا دُعَآؤُكُمْ ۖ
فَقَدْ كَذَّبْتُمْ فَسَوْفَ يَكُونُ لِزَامًۢا ﴿٧٧﴾ *الفرقان: 63-77*

*‘‘Gabroota Rahmaan warra dachii irra suuta deemanu, ennee wallaaltonni jaraan haasa’e nagaa kan jedhanu, Warra Rabbii jaratiif sujuudaa fi dhaabbataa bulanu, Warra ‘‘Rabbii keenya adabbii jahannamaa nurraa deebisi; Adabbiin isii nama qabataa ta’ee’’ jedhanu, Isiin qubannaa fi taa’ichaaf badde!*
*Warra ennaa kennatan hin qisaasne, hin dognoomne, (kenni jaraa) jiddu kanatti dhaabbataa ta’e. Warra Rabbii wajjin gabbaramaa biraa hin waammanne, lubbuu isii Rabbiin (ajjeesuu) dhowwaa godhe haqaan male hin ajjeesne, kan gumna/sagaggaalummaa hin goone. Namni sana hojjate adabbii qunnama!*

*Adabbiin isaaf dachaafama! Isii keessatti xiqqaataa yeroo daangaa hin qabneef jiraata!Nama deebi'e, amane fi gaarii hojjte male. Jara sana Rabbiin hamtuuwwan jaraa toltuutti jijjiira. Rabbiin akkaan dhiisaa mararfataa ta'e. Namni deebi'ee gaari hojjate inni deebii gara Rabbii deebi'a.*
*Warra soba/dhara irratti hin hirmaanne, ennaa dubbii/hojii faa'idaa hin qabne irra dhufan of-kabajaa dabranu.*
*Warra ennaa aayatoota Rabbiitiin gorfaman isii irratti duudaa, jaamaa hin kufne (warra isii irraa duudaa fi jaamaa hin taane).*
*Warra "Rabbii keenya warreetii keenyaa fi ilmaan keenya irraa gammachuu ijaa nuuf kenni, Rabbbiin sodaattotaaf duree nu taasisi" jedhan.Jarri sadarkaa ol-aantuu mindeeffamu. Isii keessatti kabajaa fi nagaya qunnamu. Isii keessa yeroo daangaa hin qabneef jiraataa. Bakka ragga'iinsaa fi teessumaatiin tolte.*
*Osoo kadhaan keessan jiraachuu baatee Rabbiin koo isin irraa maal godha? (Dhimma keessan hin qabu). Dhugaatti sobsiistanii! Sichi (adabbiin) isin qabataa/turaa ta'a." (AlFurqaan: 63-77)*
Gabroonni Rabbii walaba; qulqulluudha. Addunyaa fi aakiraatti milkii fi ofkoltii haqa godhatu.
Rabbiin akkana jedhe:

قَدۡ أَفۡلَحَ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ ١ ٱلَّذِينَ هُمۡ فِي صَلَاتِهِمۡ خَٰشِعُونَ ٢ وَٱلَّذِينَ هُمۡ عَنِ ٱللَّغۡوِ مُعۡرِضُونَ ٣
وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِلزَّكَوٰةِ فَٰعِلُونَ ٤ وَٱلَّذِينَ هُمۡ لِفُرُوجِهِمۡ حَٰفِظُونَ ٥ إِلَّا عَلَىٰٓ أَزۡوَٰجِهِمۡ أَوۡ مَا
مَلَكَتۡ أَيۡمَٰنُهُمۡ فَإِنَّهُمۡ غَيۡرُ مَلُومِينَ ٦ فَمَنِ ٱبۡتَغَىٰ وَرَآءَ ذَٰلِكَ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡعَادُونَ ٧ وَٱلَّذِينَ هُمۡ

لِأَمَٰنَٰتِهِمۡ وَعَهۡدِهِمۡ رَٰعُونَ ٨ وَٱلَّذِينَ هُمۡ عَلَىٰ صَلَوَٰتِهِمۡ يُحَافِظُونَ ٩ أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡوَٰرِثُونَ ١٠
ٱلَّذِينَ يَرِثُونَ ٱلۡفِرۡدَوۡسَ هُمۡ فِيهَا خَٰلِدُونَ ١١ *المؤمنون: 1-11*

1) *"Amantoonni dhugaan milka'an.*
2) *Warri salaata/dulata jaraa keessatti Rabbiin sodaattota ta'anu.*
3) *Warra waan faa'idaa hin qabne irraa gara galanu.*
4) *Warra zakaa* [60] *kennanu.*
5) *Warra qaama saalaa jaraa eeggatanu.*
6) *Warreetii jaraa yookii waan harki jaraa handhuurfatte irratti malee. Jarri zigaalamtoota/arrabsamtoota miti.*
7) *Namni Sanaa achi barbaade jarri sun jarumatu daangaa dabartoota.*
8) *Warra amaanaa jaraa fi baallama jaraa eeganu.*
9) *Warra salaata jaraa irratti eeggatanu.*
10) *Jarri sun jarumatu dhaaltota.*
11) *Warra Firdawsiin (caalaa jannataa) dhaalanu. Jarri isii keessaa daangaa male jiraattota." (al-mu'min: 1-11)*

Ergaan Qur'aana keessatti, gara gabroota Rabbiitti ergame irra guddaa waan amantoonni bifa oduutiin itti ajajamaniiti. Ajajni kallattiidhaan osoo hin ta'in keessaani. Akka waan ibsi (sifti) gabrummaa hiika isaa sirriitiin jara keessatti mirkanoofteti. Ajajaa fi dhowwaatti bifa jaallatamtuu fi mi'ooftuudhaan malee fuula hin bahamanu. Mallatoon jidduu Rabbii fi jidduu jaraatti,

---

[60] Zakaan waan abbootiin qabeenyaa qabeenya jaraa irraa yeroo murta'aa keesattii fi hanga murta'aa namoota sababa addaaddaatiin fudhachuu haqa godhataniif kennanudha.

jidduu isaa fi jidduu warra biraatti wal-dhabdi. Ajajni gariin nabiyyiitti dubbachuudhaaf dhufti. Fkn

*“Amantootaan ija keessan gadi qabadhaa; qaama saalaa keessaan eeggadhaa jedhiin…”*

Dahoo saalfii jidduu Rabbii fi jidduu gabroota isaatu jira. Gabroota Rabbii warra hariiroon isaanii “Rabbiin jara jaal’ata; jarris Rabbiin jaal’atu” jechuudhaan ibsamu. Iinni dahoo kana cabsuu, girdoo kana fuudhuu ykn jaalallee sana dagachuu (akka waan hin beeknee godhuu) hin jaal’atu. Ajajaa fi dhowwaan kallattiidhaan dhuftellee bifa baay’ee laafaa fi ifaadhaan dhufte. Rabbiin akkana jedhe:

قُلۡ تَعَالَوۡاْ أَتۡلُ مَا حَرَّمَ رَبُّكُمۡ عَلَيۡكُمۡۖ أَلَّا تُشۡرِكُواْ بِهِۦ شَيۡـٔٗاۖ وَبِٱلۡوَٰلِدَيۡنِ إِحۡسَٰنٗاۖ وَلَا تَقۡتُلُوٓاْ
أَوۡلَٰدَكُم مِّنۡ إِمۡلَٰقٖ نَّحۡنُ نَرۡزُقُكُمۡ وَإِيَّاهُمۡۖ وَلَا تَقۡرَبُواْ ٱلۡفَوَٰحِشَ مَا ظَهَرَ مِنۡهَا وَمَا
بَطَنَۖ وَلَا تَقۡتُلُواْ ٱلنَّفۡسَ ٱلَّتِي حَرَّمَ ٱللَّهُ إِلَّا بِٱلۡحَقِّۚ ذَٰلِكُمۡ وَصَّىٰكُم بِهِۦ لَعَلَّكُمۡ تَعۡقِلُونَ ﴿١٥١﴾ وَلَا تَقۡرَبُواْ
مَالَ ٱلۡيَتِيمِ إِلَّا بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُ حَتَّىٰ يَبۡلُغَ أَشُدَّهُۥۖ وَأَوۡفُواْ ٱلۡكَيۡلَ وَٱلۡمِيزَانَ بِٱلۡقِسۡطِۖ لَا نُكَلِّفُ نَفۡسًا
إِلَّا وُسۡعَهَاۖ وَإِذَا قُلۡتُمۡ فَٱعۡدِلُواْ وَلَوۡ كَانَ ذَا قُرۡبَىٰۖ وَبِعَهۡدِ ٱللَّهِ أَوۡفُواْۚ ذَٰلِكُمۡ وَصَّىٰكُم بِهِۦ لَعَلَّكُمۡ
تَذَكَّرُونَ ﴿١٥٢﴾ وَأَنَّ هَٰذَا صِرَٰطِي مُسۡتَقِيمٗا فَٱتَّبِعُوهُۖ وَلَا تَتَّبِعُواْ ٱلسُّبُلَ فَتَفَرَّقَ بِكُمۡ عَن سَبِيلِهِۦۚ
ذَٰلِكُمۡ وَصَّىٰكُم بِهِۦ لَعَلَّكُمۡ تَتَّقُونَ ﴿١٥٣﴾ *الأنعام: 151-153*

*“Waan Rabbiin keessan isin irratti dhowwaa godhen isin irratti dubbisaa kottaa jedhi. Rabbitti hin qindeessinaa, hadhaa fi abbaatti tola oolaa, ilmaan keessan iyummaaf jecha hin ajjeesinaa, nutu jaraa fi isinis nyaachisa. Waan fokkataa kan dhokataa fi mul’ataas itti hin dhihaatinaa! Lubbuu Rabbiin dhowwamaa godhe haqaan male hin ajjeesinaa! Akka*

*qalbeeffattanuuf kana isiniif dhaama. Karaa irra gaariidhaan malee horii yatiimaatti hin dhihaatinaa! Hanga jajjabina isaa gahutti. Safaraa fi madaala haqaan guutaa! Lubbuu tokko hanga dandeettii isii malee hin dirqinu. Ennaa waa jettan haqa jedhaa; baallama Rabbii guutaa! Akka gorfamtanuuf kana isiniif dhaama. Kun karaa kiyyaa isa hordofaa; karaa isaa irraa isiniin adda ba'aa karaa xurree hin hordofinaa! Akka isa sodaattanuuf kana isiniif dhaama." (Al-An'aam:151-153)*

Kanumaa wajjin waan ulfaataa dandeettii namaatii olii mormuu irratti jabeessa itti fufaatu jira. wantoota gadi fageenyaan eegamuun jabaatu kan akka safaraa fi madaala guutuu, horii yatiimaa gara jaraatti deebisuu fi kkf keessattis akkanuma.

### *Maaliif ergaan kaayyoo Qur'aanaa ergaa dirqamaa irra caale?*

Wanti kaayyolee Qur'aanaa murteessituu ergaa dirqamaa irra dabarsinee bakka ergaa bu'uuraa kan ergaan dirqamaa irraa damee baasuu ta'uu fi kan itti hidhatu goonuuf, kaayyoleen kun akka walii galaatti dhimmoota nama dhuunfaa, garee, ummataa fi sabaatiif owwaachuu dandeessi. Kunis ummanni garaa garummaa qabaachuu isii, bakkaa fi iddoodhaan wal-dhabuu wajjini. Wanti beekamaan jiru, ilmi namaa nama akka isaa irraa adda bahee kophaa jiraachuu hin danda'u. kanaan gufuu namummaa hunda dhaba. Ilmi namaa uumama isaatiinuu madaqaadha (namatti dhihaataadha). Jiruun isaa maatii fi hawaasa keessatti malee hin sirrooftu. Kanaaf ilmi namaa lubbuu isaa fi Rabbii isaa, gahee isaa, haqa isaa, dirqama isaa; waan namni isa irraa qabu, waan inni nama irraa qabu, akkamitti

akka namaan wal-baru, wal-fudhatu, eeganaa wal-gargaaru beekuun dirqama. Akkamitti seerota bu'uura kan jiruu hawaasaa qindeessitu, kan hariiroo jidduu ilmaan isiitii fi seerotattii Sanaa haala jabaadhaan walitti hidhata qabu bira gaha? Heerowwan shari'aa fi seeraa heerota ummanni hundi itti dhimmu keessaa muraasa.

Ennaa heerri shari'aa fi seeraa heerota biraa irraa adda baate namni dafee ulfaataatti isa ilaala. Kunis waan inni jabeenya dirqamsiisuu fi yeroo garii immoo adabbii nama faallesse eeggatu, kan abbootiin aangoo isii waliin gahuu fi daangaa hojii isii bal'isuuf hanga heerota biraa walitti qabachuu ykn dhabamsiisuu geessutti itti dhimma bahaa turan. Heerii bu'uuraa kan waa karaa godhuu ykn seerri jidduu miseensa hawaasaatti walitti hidhatiinsa mirkaneessiti. Dandeettii wal-dhabduu jara keessa jiru walitti qabachuu irratti gargaarti. Osoo amala hawaasaa keessatti jiruu tartiiba hin qabne hin argamin aadaa fi duudhaa miseensota isaa hedduu jidduutti ijaaruu irratti qopheessiti. Heeronni seeraa gara beekumsaa fi heera aangootti jijjiiramti. Kunis waan abbootiin aangoo isa qabattuuf, ykn waan isiin irraa argamtuuf, ykn meeshaalee isaan hariiroo qabdu irraa waan argamtuufi. Kanaaf ummanni erga yeroo dheeraa fi qalbiin goggogdee booda libsachuu eegalti.

Kanaafuu madda qalbii, iimaanii fi dhugoomsuu gadi seenaa amantoota irratti fudhachuu laaffisuu fi bakka murtii isiitti jaalalaa fi filannoo guutuudhaan qubachuu laaffisu qabaachuun dirqama. Moggaa guddina shari'aa Islaamaa irraa geengoon shari'aa Islaamaa akkaan daangeffamtuudha. Kun immoo shari'aan waan hunda qixxistuu, guutuu ta'uu wajjini, ergamaan

Rabbii (SAW) geengoo dirqamaa dhiphisuuf kan baay'ee bololan ture. gaafii irraa ni dhowwan, adda baasanii (detail) gaafachuu irraa ni dhowwan; waan hin argamne irratti *fatwaa*(seera dhabumma) kennuuf dirree hin bal'isne. Murtee wahii ennaa ibsanu bifa dalgaatiin ykn seera goggogaatiin hin ibsanu. Bifa gadi fagoo fi gama haalaa gaarii, guddisaa fi hawaasummaa bal'aadhaan kaa'u. kanaaf ajajni Rabbii akkana jechuudhaan itti dhufe:

وَعِظْهُمْ وَقُل لَّهُمْ فِىٓ أَنفُسِهِمْ قَوْلًۢا بَلِيغًا ﴿٦٣﴾ النساء: 63

*"Jara gorsi; jecha honga'aa lubbuu jaraa keessatti jaraan jedhi." (Nisaa'ii: 63)*

وَجَـٰهِدْهُم بِهِۦ جِهَادًا كَبِيرًا ﴿٥٢﴾ *الفرقان:52*

*"Isaan (Qur'aanaan) qabsoo jabaa qabsaa'i" (al-Furqaan: 52)*

*Akkasuma Rabbiin (SW) arjummaa fi gara laafina isaatiin aangoo murteewwan argamsiisuutiin ofiif kophaa ba'e.*

إِنِ ٱلْحُكْمُ إِلَّا لِلَّهِ....﴿٤٠﴾ *يوسف: 40*

*"Murteen Rabbuma qofaafi" (Yuusuf:40)*

Dhimma ummataan gahuu fi ibsuu, jidduu qajeelcha Qur'aanaa fi qabatama jiruu walitti hidhuu, akkaataa isaa ibsuu immoo nabiyyii isaatiif taasise. "Faraag al-Tashiir'ii" jedhamuudhaan kan beekamu daangaa baay'ee bal'aadha. "Osoo hin irraanfatin waan baay'ee irra cal'isee irraa hin qoqqotinaa!"[61]

---

[61]Ergaan hadiisichaa sirriidha,garuu sananni isaa hundee hin qabu.

Dhagahama keessa namaa walaboomsuun, gara iimaanaan of tiksuu fi haala qulqulleessuun heerota bu’uuraa kan seeraa daangeffamtuutti dhimma. Kun immoo haala jiru (qabatama) maatii fi hawaasummaa qulqulleessuudhaan, waan jibbamaa dura dhaabbachuu, waan gaarii irratti kakaasuu fi qindoominni Islaamaa hundi nama dhuunfaa fi hawaasa ijaaruu irratti guutuudhaan ta’a. Kanaaf Islaamummaan waan shari’aadhaan dhowwamee fi aadaa fi duudhaadhaan jibbamee walitti qabuudhaan ofkoltii fakkii hin qabne milkaa’e. Waan shari’aadhaan barbaadamaa fi aadaa fi duudhaadhaan beekamaas akkasuma. Kanaaf haalli jiruu Islaamaa heerota seeraa fi *fiqhii* gara duudhaa hawaasaa fi aadaa walii galaatti jijjiiruu irratti ariifataa ta’e. wanti Islaamummaa keessatti haraama ta’e waan hawaasa keessatti hir’ina ta’edha.

### *Ergaan kaayyolee fi maalummaan aadaa wal-keessa seenuu*

Jaarraa keenya kan qindoominni aadaa wal-keessa seentee fi duudhaaleen wal-dhoofte keessatti, addummaan aadaa ragga’iinsa dhabdee fi ragga’iinsi aadaa kaayyoo taate keessatti heerronni bu’uura seeraa fi fiqhii eenyummaa ummata kamiillee irratti kophaa isii eeguu dadhabde. Kanaan heerota amala gaarii, guddisaa, ruuhii (afuuraa), amantii fi qindoomina hawaasummaatti dhimmuun akkaan jabduu taate. Islaamummaa keessatti kaayyolee Qur’aanaa ol’aantuu murteessituu malee kan isiin mirkaneessuu hin danda’u. Isii qofatu qindoomina dubbatamte kana hunda-fiqhii fi seera dabalatee- hojjachiisuuf wabiidha. Akkasumas namummaa Islaamaa kan dhuunfaa fi hawaasummaa ijaaruu fi kan fakkeenya addunyaawummaa

Islaamummaa dhufuutiif haala mijjeessuu fi amantii hunda irratti akka ol'aanutti isii jijjiira.
Kaayyoleen ol'aantuun murteessituun guutuutti ykn gariin isii yoo xiqqaate waan namni waliin qabu bakka bu'uu dandeessi. Namni jidduu qulqullinaa fi badii, gad-antummaa jidduu filachiifamee badii fi gad-aantummaa filatu hin jiru. Ummanni kamillee jidduu ijaarsaa fi badiisaa, oniinsaa filachiifamee ijaarsa filatu malee hin hafu. Haalli kun immoo heerota seeraa fi *fiqhii* kan yeroo garii gara Islaamummaa fi nageenya keessa seenuu keessatti gufuu itti ta'uutti geessa. Fakkeenyi kanaa hedduudha.

### Ergaa kaayyolee fi dhugaa hojii ilma namaa [62]

Gochi kallattii jijjiirama fidduun jijjiiruudha. gochi waan walii gala kan gaarummaa fi gaarummaa hin qabne of keessatti qabatuu fi hin qabannedha, waan beekumsaan ta'ee fi waan beekumsa malee ta'e, waan itti yaadanii ta'ee fi waan osoo itti hin yaadin ta'e, waan nama irraa argamee fi waan kan nama hin ta'in irraa hin ta'in of-keessatti qabata.
Hojiinis akkasuma. Garuu hojiitu gocha caala dhiphadha. Kunis waan inni toliinsaa fi badiinsa ykn toliinsaa fi hammeenyaan ibsamuufi. Waan nama hin ta'initti hirkifamuun isaa xiqqaadha. "*San'ii*" kan hiikni isaa hojii tolchuu ta'es akkasuma. *San'iin*

[62]Jidduu al-Harakaa fi "an Yanfa'il" ilaaluuf, al-Mufradaat kan Arraagib al-Asfihaanii jecha "FI'L" jedhu jedhuu fi al-Mubaahisu al-Mushriqiyyah kan Raazii (1:456), maxxansa Maktabatul-Asad, Xahraan, 1966, (568) ilaali.

hundi *fi'lii*dha; faallaan immoo hin ta'u. gara Rabbiitti (SW) hirkifamuu ni danda'a. Akkuma Rabbiin jedhe:

صُنْعَ ٱللَّهِ ٱلَّذِىٓ أَتْقَنَ كُلَّ شَىْءٍ ۚ إِنَّهُۥ خَبِيرٌۢ بِمَا تَفْعَلُونَ ﴿٨٨﴾ *النمل: 88*

*"Hojii Rabbii kan waan hunda tolchee. Inni waan hunda beekaadha." (Annaml: 88)*

Hojiin waan hojiin irratti raawwatame barbaada; jijjiiramatu argama.

Warra falaasama dubbii, ogeeyyii fi warra dubbii garii biratti jidduu hojiiwwan Rabbii fi hojii ilma namaa garaa garummaa guddaatu jira. garuu dubbistoota ittiin rakkisuu fi itti dheeressuu hin feenu.

Hojiiwwan namaa gosa lama:

**Tokkoffaan**: kan haala isaa dirqamaa irraa lakka'amu, kan dirqamni itti hin lakka'amne, faarus ta'ee arrabni kan itti hin dhaqqabnedha. Kunis akka afuura baafachuu, irribaa, dafquu fi kkf. Wantoota haala namaa uumamaa kan dirqamaati.

**Lammaffaa**: waan isa irraa argamu keessaa waan inni danda'u, kan inni keessatti filannoo qabu, kan faaruun ykn arrabni itti dhaqqabudha. Yoo wanti sun daguudhaan, ykn dogoggoraan irraa argame, ykn dirqame kun dirqama ta'a malee filachiifamaa hin ta'u. wanti osoo inni hubannoo isaa jabaatti fayyadamuu, osoo danda'uu, osoo filannoo qabuu hojjate kanatu madaallii fi seerri irratti adeemsifama; faaruu fi arrabsi itti dhaqqaba; dirqamni itti dhaqqaba; "Tawhiida, *tazkiyaa* (Qulqulleessuu) fi ijaarsaa" keessatti jijjiiramni irratti dhufa.

### *Hojiin kun kan beektonni bakka sadiitti qoodanidha:*

**Tokkoffaan:** hojiiwwan qaamatti allanyooftudha. Isiinis kan akka dhaabbii, taa'ichaa, deemsaa, yaabbii, ilaalchaa fi hojiiwwan qaamatti fayyadamuutti rarraatu hunda.

**Lammaffaan**: waan lubbuu irra dhufutti kan allanyaa'u kan akka fedhii lubbuu, soda, qananii, gammachuu, dallansuu, hawwii, gara laafinaa, inaaffaafi kkfdha.

**Sadaffaan**: waan addummaa, beekumsaa fi hubannootti allanyaa'udha.

Gabbartiin sadeen kana keessatti qobxoofti/allanyoofti. Kana sadan irratti dhaabbachuudhaan tawhinni faallaa ta'a: ykn tawhiida qulqulluu ibsa, ykn shirkii mul'ataa ykn dhokataa ibsa, ykn sadarkuma fedhetti haa ta'uu gabbartii fi tawhiida irraa gara galuu taati. Qur'aanni kabajamaan kana ibsuu yeroo garii akka walii galaatti, yeroo biroo immoo bal'inaan ibsuu of- keessaa qabu. Sana keessatti wanti tokko jiraatee kitaaba Rabbii keessaa wanti waan sanatti akeeku jiraatu malee hin hafu. Rabbiin akkana jedhe:

مَّا فَرَّطْنَا فِي ٱلْكِتَٰبِ مِن شَيْءٍۚ ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّهِمْ يُحْشَرُونَ ﴿٣٨﴾ الأنعام: 38

*"Qur'aana keessatti waan tokkollee kan adda hin baasin hin jiru. Eeganaa gara Rabbii isaanii oofamu." (Al-An'aam: 38)*

San irraa waan kitaabni kabajamaan of-keessatti qabate [63] irratti kitaaba gadi ilaaluun, ykn sammuun, ykn uumamni namaa, ykn

---

[63] Shaafi'iin akkana jedhan: "Taateen tokko warra amantii Rabbii qabatee jiru irratti argamtee jennaan Qur'aana Rabbii keessa akeekni gara qajeeeltumaatti akeeku jiraatu malee hin hafu. Rabbiin akkana jedhe: "Kitaaba nuti akka ati fedhii Rabbiitiin dukkana keessaa gara ifaatti nama

sunnaan ergamaa Rabbii (SAW), ykn *qiyaasni* isii irratti ijaaramte ni akeekti. (64)

Rabbiin (SW) aayatoota hedduu keessatti haqa ibsee jira. sanniin keessaa:

إِنِّي جَاعِلٌ فِي ٱلْأَرْضِ خَلِيفَةً... ﴿٣٠﴾ البقرة: 30

*"Ani dachii keessatti bakka bu'aan si godha." (Al-Baqaraa: 30)*

وَيَسْتَخْلِفَكُمْ فِي ٱلْأَرْضِ فَيَنظُرَ كَيْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٢٩﴾ الأعراف: 129

*"Dachii keessatti bakka isin buusee waan isin hojjattan ilaala." (Al-A'raaf: 129)*

وَلِيَعْلَمَ ٱللَّهُ مَن يَنصُرُهُۥ وَرُسُلَهُۥ بِٱلْغَيْبِ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ قَوِيٌّ عَزِيزٌ ﴿٢٥﴾ الحديد: 25

*"Akka Rabbiin nama fagootti isa sodaatu beekuufi. Rabbiin jabaa injifataadha." (Al-Hadiid: 25)*

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ كُونُوٓا۟ أَنصَارَ ٱللَّهِ... ﴿١٤﴾ الصف: 14

*"Yaa warra amantan! Tumsitoota Rabbii ta'aa!" (Al-Saff: 14)*

---

baastuuf gara keetti buusne. Gara karaa diriiraatti jara qajeelcha.", "Akka ati waan gara jaraatti buufame jaraaf ibsituuf,akka jarri xiinxalanuuf Qur'aana gara keetti buusne.", "Qur'aana kan inni waan hundaaf ibsa qabu gara keetti buusne.", "Akkasitti Ruuhii ajaja keenya irraa ta'e gara keetti beeksisa goone. Ati waan kitaabnii fi iimaanni ta'e hin beektu turte. Garuu ifa isaan abbaa feene ittiin qajeelchinu goone, ati gara karaa sirriitti qajeelchita."

(64) Tafsiil annash'atayni wa tahsiil assa'aadatayn kan Raagib al-Asfhaanii ilaali. Keesssa deebii Dr. Najjaar, Bayruut, Daar al-garb al-Islaamii, 1987, f.106

هُوَ أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلۡأَرۡضِ وَٱسۡتَعۡمَرَكُمۡ فِيهَا فَٱسۡتَغۡفِرُوهُ ثُمَّ تُوبُوٓاْ إِلَيۡهِۚ إِنَّ رَبِّي قَرِيبٞ مُّجِيبٞ ٦١ هود: 61

*"Isatu dachee irraa isin uumee isii keessa isin jiraachise. Araarama isa kadhadhaa; eeganaa gara isaa deebi'aa! Rabbiin koo dhihoo owwaataadha," (Huud: 61)*

وَمَا خَلَقۡتُ ٱلۡجِنَّ وَٱلۡإِنسَ إِلَّا لِيَعۡبُدُونِ ٥٦ الذاريات: 56

*"Jinnii fi namas ana haa gabbaranuufi malee waan biraatiif hin uumne." (Al-Zaariyaat: 56)*

Keeyyatattiin Qur'aanaa kun hundi isiituu haga haqi *kalqii* (uumama) irraa jiru ibsuu irratti walitti qindooftus garuu xiyyeeffannoon bakka hanga (haqa) Rabbiin uumama irraa qabu irraa dubbachuutti. Ykn waan keeyyatoonni biroo walitti qabatte kan akka bakka bu'iinsaa, tumsaa, dachii misoomsuun hubannoo *ibaadaa* jalatti akk walii galaatti waan hammatamtuufi. Ykn immoo waan *ibaadaan* (gabbartiin) irra yaachistuu taateef; bakka bu'iinsi, tumsi fi dachii misoomsuun karuma ta'een ibaadaa irraa waan lakka'amuufi.

Dhimmichi wama fedhe haa ta'uu, kaayyoon Rabbiin uumama uumeef kan wantoota adda addaa irraa walitti qabame, irra guddoon isii immoo ibaadaa, bu'uurrii fi lubbuun ibaadaa immoo Tawhiida ta'uu wanti dhowwu hin jiru. Tawhiinni hojii qalbii kan filannoon ta'uu fi qabiyyee isaatti quufuu irratti hundaa'udha. Kunis akka keessi nama Sana wajjin deeme sana irraa tawhiida tiksuun, isaaf inaafuun, gara isaatti waamuun namaaf madduufi; akkasuma tawhiida kana irraa ka'uudhaan gara ofii ilaaluun, gara hawaa (uumamaa), jiruu, namaa fi uumaa jaraa ilaaluu caasessuufi.

Tawhiinni siiqqee beekumsi nama Rabbiin tokkichoomsee, haalli isaa, gabbartiin isaa fi sochiin isaa kan sammuu, kan lubbuu fi kan qaama itti naanna'udha. Akka sochiin kun hundi ibaadaadha jedhamee ibsamuuf tolutti. Ibaadaan hojii filannoo, kan walii galaati; tawhiida irra dhaabbata, fedhii lubbuu kan namni isiidhaaf awwaatu ni faallessa. Garuu fedhiin gariin ennaa akka Rabbiin lafa kaa'een awwaataniif ibaadaa jala seenti. Akka jiruu warraa fi abbbaa manaa, nyaata, dhugaatii fi dhimmoota uumamaa kan bakka *niyyaa* (hamilee) waan adda baastuu taatu.

**Hamilee fi bakka isiin hojii namaa keessatti qabdu.**

Hojiin ilma namaa hamilee/niyyaa Rabbitti dhihaachuu, tawhiida ibsuu fi isa gabbaruutiin tahuun dirqama. Hojiin laaffifachuu ykn dirquu isa keessa hin seenu. Dhiisuun hamilee fi filannootti qindoomuun isa keessa seena. Waan inni hojii ta'eef dhiisuun dhabamiinsa gadi dhiisaa kan filannootti hin qindoofne isa keessa hin seenu. Niyyaa fidachuu fi hamiluun hojiin gatii godhachuudhaaf roga bu'uuraati. Isaan hojiin namaa kan fedhii lubbuu irratti hundaa'ee hojjatamuu fi kan tawhiidaa fi iimaana irratti hundaa'ee hojjatamu adda ba'a.

Shaaxibiin akkana jedhe: "Kaayyoon shari'aa nama itti gaafatama amantii qabu waamichaa fedhii lubbuu isaa irra gara Akkuma dirqiidhaan Rabbiif gabricha ta'e fedhiidhaan Rabbiif gabricha ta'uutti waamuudha."

Kana immoo akkana jechuudhaan ibsa: "Fakkeenyaaf eeyyamamaa eeyyamama gochuun gadi dhiisaadhumatti filannoo nama dirqama amantii qabuu jala hin galu. Yoo murtii abbaa amantiitiin ta'e male. Ennas fedhiin isaa ka'aa shari'aa

kan hordofe ta'a. Faaydaan isaa eeyyama shari'aa irraa fuudhamaadha malee gadi dhiisaa uumamatiinii miti. Kanatu gabricha waamicha fedhii lubbuu irraa baasee gara Rabbiif gabroomuutti geessuu keessatti ijoodha."

Tawhiinni waan nama kakaasu sirreessa, keessa isaa bilisoomsa, waan Qur'aannii fi ergamaan Rabbii (SAW) ittiin dhufan akka hordofu godha, ilma namaatiif bifa mul'taadhaan filannoo isaa mirkaneessa, osoo wontoota moggaa moggaatiin. Ykn qabsoo lubbuutiin hin hubamin Rabbiif akka gabricha ta'u isa taasisa [65]

**Ergaa kaayyolee fi kallattii ibaadaa**

Ibaadaaan kan tawhinni irratti deebi'u hiika lama qaba: tokko hiika kaan caala dhiphaadha. Inni Rabbitti dhihaachuuf jecha, osoo waan tokko itti hin makin ajaja Rabbii bakkaan gahudhaan Rabbiif gadi jechuudha, ykn isaaf ajajamuuf jecha waan Rabbi Dhowwe dhiisuudha. Osoo hojii Sana keessa faaydaan dhuunfaa ykn hawaasaa jiraatteellee namni dirqama shari'aa qabu isii hin ilaalu (Rabbi dhowwinaan ni dhowwama).

---

[65]Hadiisa hundee hin qabne, kan gara ergamaa Rabbii hirkifamu kan akkana jedhutu afaan daa'iiwwanii irratti beekame: "Hanga fedhiin keessan waan ani ittiin dhufe hordofaa ta'utti hin amanne". kun gama *sanadaa fi matniitiinis* (ergaa isaa fi qulqullina karaa inni ittiin gabaafamee) hundee hin qabu. Wanti inni matniin (ergaan isaa) hundee dhabeef waan Qur'aanni fedhii lubbuu hundayyuu arrabseefi, ergamaan Rabbii (SAW) fedhii lubbuu hordofuu irraa waan qulqulleeffamaniifi. Osoo fedhiin lubbuu gariin faarfamaa, gariin arrabsamaa ta'ee Rabbiin adda baasa malee walii galatti hin arrabsu ture. kan *sanadaa* immoo Hishaam bin hassantu keessa jiraa inni *Mudallisa*…

Ibaadaan inni irra bal'aan immoo hojiiwwan biroo hunda of-keesatti qabata. Hojiiwwan *niyyaan* ibaadaa gubbaa kana irraa hin mul'anne, kan namni eeyyamamaatti fayyadamuu *niyyatee* hojjatu kan akka nyaataa fi dhugaatii, fedhii saalaa bahachuu, adeemsaa fi dhaabbii of-keessatti qabata. Hojiiwwan kana keessatti *niyyaan* akka inni tawhiida irratti deebi'u, qulqullinaa fi ijaarsa/misoomsuudhaan akka walitti rarra'u, ykn hundumayyuu godhuu danda'a. Hojiiwwan kun kan dhuunfaa ykn kan gamtaa ta'uu dandeessi. Kanaaf ergamaan Rabbii (SAW) sa'ad bin Abii Waqqaasiin akkana jedhan:
"Kennaan fedhellee haa ta'uu wanti ati kennatte isiin sadaqaadha (kenna tola ooltummaati). Afaan ka'annaa (*luqumaa*) haadha manaa keetii afaan keessullee ta'us" [66]
Asitti dirqamni gariin hojjannaan kaan irra bu'uu fi wantoonni qulqullinaa fi misoomsaaf barbaachisan "Ibaadaa walitti qabamtuu" jala galti. Imaam Ashaaxibiin akkana jechuudhaan karaa isaatiin hiikee jira: "Hojiin dirqamaa fi sochiin kan himatamu tokkollee adda addattis ta'ee ijaarsaan shari'aan isa irratti murteessituu taatu malee hin jiru." [67]
Kanaan wanti hundi ergaa itti gaafatamummaa jala seene. Gariin warra addummaa sharii'aa keessatti barreessanuus akkasuma "addummaa Qixxisummaa" hubatanii "Qixxisummaan" jechuun hojiin namaa hunduu murtee Rabbiitiin walitti hidhata qaba jechuudha jedhan. Nuti kana keessatti hin faallessinu, garuu fooyyessa wahii irra seensisna. Amantiin akka kaa'aa Rabbiitti

---

[66] Bukaarii (1290), Muslim (1/1638) fi warri biroos gabaasan.
[67]al-MUwaffaqaat kan Shaaxibii (1/41) ilaali.

ilaaluudhaan dhimma baallama guutuu, amaanaa galmaan gahuu, dhimma bakka bu'iinsaa galmaan gahuu irratti ilma namaa gargaaruudhaaf dhufe. Kanaaf gulantaalee adda addaa irratti walitti hidhata qaba. Gulantaan itti gaafatamummaa gulantaalee sana keessaa isa tokko male hunda isii miti. Gulantaa amalaa, naamusaa, hidhaa hawaasummaa qindeessuu fi kkf kan geengoo itti gaafatamaa keessa hin seennetu jira. garuu daangaa kaayyolee ol-aantuu murteessituu sadanii keessaa hin ba'u.

Kanaaf hadiisni ergamaa Rabbii kan akkana jedhu dhufe: "Iimaanni damee torbaatamii wahi qaba. Gararraan (irra guddaan) isii *Laa ilaaha illaa Allaah* jechuudha; gad aanaatuun isii waan nama rakkisu karaa irraa dabsuudha."[68] waan nama rakkisu karaa irraa dabsuu fi qulqulleessuun tajaajila walii gala keessa seena. Hubannoo iimaanaa jala galchuun itti yaadda'insa dabalataa ibsuufi. Isiidhaan dhaabbachuudhaaf kaka'umsa argamsiisuufi.

Waan kana addeessuudhaaf kan asitti fiduun barbaachisu keessaa tokko waan Raagib al-Asfihaaniin kitaaba "*Tafsiil annash'atayni wa Tahsiil assa'adatayn*" keessatti itti dammaqsedha. Kaayyoo isaaf jecha ilmi namaa uumameef ennaa dubbatu akkana jedhe: kaayyoon isaa Rabbiin gabbaruu, bakka bu'uu, isaaf tumsuu fi dachee isaa misoomsuudha. Rabbiin kitaaba isaa kabajamaa keessatti bakka adda addaatti itti dammaqsee jira. Sanneen keessaa:

---

(68) Bukaarii (9) fi Muslim (1/35)…

وَمَا خَلَقۡتُ ٱلۡجِنَّ وَٱلۡإِنسَ إِلَّا لِيَعۡبُدُونِ ﴿٥٦﴾ الذاريات: 56

*“Jinnii fi namas ana haa gabbaranuufi malee waan biraatiif hin uumne.” (Al-Zaariyaat: 56)*

وَإِذۡ قَالَ رَبُّكَ لِلۡمَلَٰٓئِكَةِ إِنِّي جَاعِلٞ فِي ٱلۡأَرۡضِ خَلِيفَةٗ... ﴿٣٠﴾ البقرة:30

*“Ani dachii keessatti bakka bu’aan si godha.”(Al-Baqaraa: 30)*

وَيَسۡتَخۡلِفَكُمۡ فِي ٱلۡأَرۡضِ فَيَنظُرَ كَيۡفَ تَعۡمَلُونَ ﴿١٢٩﴾ الأعراف: 129

*“Dachii keessatti bakka isin buusee waan isin hojjattan ilaala.” (Al-A’raaf: 129)*

وَلِيَعۡلَمَ ٱللَّهُ مَن يَنصُرُهُۥ وَرُسُلَهُۥ بِٱلۡغَيۡبِۚ إِنَّ ٱللَّهَ قَوِيٌّ عَزِيزٞ ﴿٢٥﴾ الحديد: 25

*“Akka Rabbiin nama fagootti isa sodaatu beekuufi. Rabbiin jabaa injifataadha.” (Al-Hadiid: 25)*

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُونُوٓاْ أَنصَارَ ٱللَّهِ... ﴿١٤﴾ الصف: 14

*“Yaa warra amantan tumsitoota Rabbii ta’aa!” (Al-Saff:14)*

هُوَ أَنشَأَكُم مِّنَ ٱلۡأَرۡضِ وَٱسۡتَعۡمَرَكُمۡ فِيهَا فَٱسۡتَغۡفِرُوهُ ثُمَّ تُوبُوٓاْ إِلَيۡهِۚ إِنَّ رَبِّي قَرِيبٞ مُّجِيبٞ ﴿٦١﴾ هود: 61

*“Isatu dachee irraa isin uumee isii keessa isin jiraachise. Araarama isa kadhadhaa; eeganaa gara isaa deebi’aa! Rabbiin koo dhihoo awwaataadha,” (Huud: 61)*
*Ibaadattiin tan Rabbiin kaayyoo uumama argamsiisuu godhe dhimmaibaadaa garaa irraa ijaaramedha. Kunis bakka bu’iinsa, tumsaa fi ijaarsa of keessatti qabata. Isiin waan baaqqee ykn lakkaa’amtuu osoo hin taanee waan ijaaramaadha. Rabbumatu beeka.*

## Xumura

Qo'annaa gabaabaa kana keessatti ilaalcha gabaabduu guutuu taate waa'ee qindoomina Qur'aanaa yaachistuu taate: "Qindoomina kaayyolee Qur'aanaa ol-aantuu murteessituu" dhiheesinee jirra. Qo'annaa guutuu immoo kutaa duraa kan "Hubannoo tawhiidaa" jedhu akka bu'uura qindoomina kanaatti ilaaluudhaan raawwannee jirra. Maxxansi duraa maxxanfamee jira.

Kaayyoo "Qulqulleessuu fi misoomsuu" bakkaan gahuuf ni hojjanna. Kana galmaan ga'uuf Rabbiin akka nu gargaaru, haqa nu qunnamsiisu isa kadhataa yeroo dhihootti hojjanna. Kunis akka qindoominni kun fuuldura beektotaa fi barattootaatti karaa hojiitti hiikuu wajjin argamtuufi. Kun dhimmicha irratti maryachuutti geessuutu kajeelama. Akkasumas waa'ee karaa ittiin hojiitti hiikanuu fi karaa ittiin hojii qindoomina kana irratti nama gargaaru raawwachuu irratti maryachuutti nama geessuutu kajeelama. Waan nu darbe dhaqqabachuu fi dogoggora keenya sirreessuu, waan barbaachisummaa, hammeenyaa fi booddee isii beeknu kana sirreessuu kajeella. Rabbiin danda'aan ummata keenyaaf qajeeltuma mijjeessuu, jecha haqaa fi yaada qajeelaa nu qunnamuu isa kadhanna. Inni dhagahaadha, dhihoodha.

Barreessaan:
Dr. xahaa Jaabir al-Alwaanii
Kaayroo, Safar 11, 142H/11/3/2006 Dh.